Waggaa 27 ffaa..... Lak. 5/2010
፳፯ኛ ዓመት........ ቁጥር........፭/፪ሺ፲
27th year .... No. 5/2018

Finfinnee,....... Guraandhala 24 bara 2009
ፊንፊኔ፣.................የካቲት ፳፬ ቀን ፪ሺ፱
Finfine,......................... March 3 , 2017

MAGALATA OROMIYAA
L µ E p ‰ Z Mê ¦
MEGELETA OROMIA

Gatiin Tokkoo .... Qarshii 24.60 የአ¿«è ”¶ .... ብር 24.60 Unit Price .... Birr 24.60	To'annoo Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin Kan Bahe l‰ZMê¦ ብሔራዊ ŒGF”¦ L¿·Rr በጨፌ ኦሮሚያ °mf}r £'»	Lak. S. Poostaa .... 21383-1000 £Þ.Q.e¼Y ....21383-1000 P.O.Box 21383-1000

Labsii Lakk. 202/2009
Labsii Gibira Galii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiin Fooyyessuuf Qophaa'e

Sadarkaa guddina dingdee biyyi keenya irra gahee fi guddina dinagdee Naannichaa wajjin walsimuu fi guddina dinagdee deeggaru sirna gibiraa hammayyaa'aa fi si'ataa ta'e diriirsuun waan barbaachiseef;

Sirni kaffaltii gibiraa haqa qabeessa akka ta'uu fi galiiwwan gibirri itti hin kaffalamne saaphana gibiraa keessa akka galan gochuun barbaachisaa waan ta'eef;

Akkaataa Heera Mootummaa Naannichaa Fooyya'ee Bahe Labsii Lak. 46/1994 Keewwata 49(3) (a)tiin kan kanatti aanu labsameera.

የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት የገቢ ግብር አዋጅ እንደገና ለማሻሻል የወጣ አዋጅ ቁጥር ፪፻፪/፪ሺ፱

የአገራችን የኢኮኖሚ ዕድገት ከደረሰበት ደረጃ ጋር የተጣጣመ እና የኢኮኖሚውን ዕድገት የሚያግዝ ዘመናዊና ቀልጣፋ የግብር ሥርዓት መዘርጋት በማስፈለጉ፤

የግብር አከፋፈሉ ሥርዓት ፍትሃዊነት ያለው እንዲሆን እና ግብር የማይከፈልባቸው ገቢዎች በግብር መረብ ውስጥ እንዲገቡ ማድረግ አስፈላጊ በመሆኑ፤

ተሻሽሎ በወጣው የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት ሕገ-መንግሥት ቁጥር ፵፮/፲፱፻፺፬ አንቀጽ ፵፱ ንዑስ አንቀጽ (፫) (ሀ) መሠረት እንደሚከተለው ታውጇል፡፡

Aproclamation to Amend Oromia Regional State Income Tax Proclamation No. 202/2017

WHERAS, it has become necessary to introduce modern and efficient tax system that supports the economic development and which is in accord with the level of economic development achieved so far;

WHERAS, it is found essential to make the tax system fair and bring income that are so far not subject to tax into the tax net;

NOW, THEREFORE, in accordance with Article 49(3) (a) Of the Revised Regional Constitution No. 46/2001, it is hereby proclaimed as follows:

Kutaa Tokko
Tumaalee Waliigalaa

1. Mata Duree Gabaabaa

Labsiin kun "Labsii Gibira Galii Naannoo Oromiyaa Lak. 202/2009" jedhamee waamamuu ni danda'a.

2. Hiika

Akaataan jechichaa hiika biroo kan kennisiisuuf yoo ta'e malee Labsi Kana keessatti:

1) **"Mootummaa"** jechuun Mootummaa Naannoo Oromiyaati.
2) **"Hanga maallaqaa"** kan jedhu hanga akaakuudhaan ibsames ni dabalata.
3) **"Hojii daldalaa"** jechuun:
   a) Walitti fufiinsaan yookiin yeroo gabaabaaf hojii industirii, daldala, ogummaa yookiin vokeeshinaalaa bu'aaf hojjetamu kamiyyuu yammuu ta'u tajaajila qaxaramaan qaxaraaf kennu yookiin mana kireessuu hin dabalatu;
   b) Akkaataa seera daldalaatiin hojii daldalaati jedhamee beekamtiin kan kennameef hojii biroo kamiyyuu; yookiin
   c) Gamoo kireessuu otuu hin dabalatiin kaayyoon kubbaaniyichaa maalis yoo ta'e, hojii kamiyyuu waldaan aksiyoonaa yookiin waldaan dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e kamiyyuu hojjetu.
4) **"Qabeenyaa Hojii Daldalaa"** jechuun adeemsa hojii daldalaa gaggeessuu keessatti guutummaatti yookiin gar-tokkeen galii hojii daldalaa argachuuf qabeenya qabame yookiin faayidaarra oole jechuudha.
5) **"Galii Hojii daldalaa"** kan jedhu hiika Labsii kana keewwata 22 irratti kennameef ni qabaata.
6) **"Argachuu"** jechuun:
   (a) Gibira galii hojii daldalaa fi kiraatiif:
   (i) Kaffalaa gibiraa akkaataa qabiinsa herregaa herrega walitti qabamuu fi kaffalamu irratti hundaa'ee herrega isaa qabatuuf mirga fudhachuuf dandeessisu argachuu;

ክፍል አንድ
ጠቅላላ ድንጋጌዎች

፩. አጭር ርዕስ

ይህ አዋጅ "የኦሮሚያ ክልል የገቢ ግብር አዋጅ ቁጥር ፪፻፪/፪ሺ፱" ተብሎ ሊጠቀስ ይችላል።

፪. ትርጉም

የቃሉ አገባብ ሌላ ትርጉም የሚያሰጠው ካልሆነ በስተቀር በዚህ አዋጅ ውስጥ፡-

፩) ***"መንግሥት"*** ማለት የኦሮሚያ ክልላዊ መንግስት ማለት ነው፡
፪) **"የገንዘብ መጠን"** በዓይነት የተገለፀ መጠንንም ይጨምራል፤
፫) **"የንግድ ሥራ"** ማለት፡-
   (ሀ) በተከታታይ ወይም ለአጭር ጊዜ ለትርፍ የሚከናወን ማንኛውም የኢንዱስትሪ፣ የንግድ፣የሙያ ወይም ቮኬሽናል ሥራ ሲሆን ተቀጣሪ ለቀጣሪው የሚሰጠውን አገልግሎት ወይም ቤት ማከራየትን አይጨምርም፣
   (ለ) በንግድ ሕግ መሠረት የንግድ ሥራ ነው ተብሎ እውቅና የተሰጠው ሌላ ማንኛውም ሥራ፣ ወይም
   (ሐ) ሕንፃ ማከራየትን ሳይጨምር የኩባንያው ዓላማ ምንም ቢሆን ማንኛውም የአክሲዮን ማህበር ወይም ኃላፊነቱ የተወሰነ የግል ማህበር የሚሠራው ማንኛውም ሥራ፤
፬) **"የንግድ ሥራ ሀብት"** ማለት የንግድ ሥራ በማከናወን ሂደት በሙሉ ወይም በከፊል የንግድ ሥራ ገቢ ለማግኘት የተያዘ ወይም ጥቅም ላይ የዋለ ሀብት ነው፤
፭) **"የንግድ ሥራ ገቢ"** በዚህ አዋጅ በአንቀጽ ፳፪ የተሰጠው ትርጉም ይኖረዋል፤
፮) **"ማግኘት"** ማለት፡-
   (ሀ) ለንግድ ሥራ እና ለኪራይ ገቢ ግብር፤
   (i) በአክሩዋል የሒሣብ አያያዝ ዘዴ ሒሳቡን ለሚይዝ ግብር ከፋይ፣ለመቀበል የሚያስችል መብት ማግኘት

Part One
General Provisions

1. Short title

This Proclamation may be cited as the " oromiya regional government Income Tax Proclamation No. 202/2017".

2. Definitions

In this proclamation , unless the context orhetwise requires:-

1) **"Government"** means the National Regional Government of Oromia.
2) **"Amount"** includes an amount-in-kind;
3) **"Business"** means
   (a) Any industrial, commercial, professional, or vocationala ctivity conducted for profit and whetherconducted continuously or short-term, but does not include the rendering of services as an employee or the rentalof buildings;
   (b) Any other activity recognised as a trade under the Commercial Code; or
   (c) Any activity, other than the rentalof buildings, of a share company or private limited company whatever the objectives of the company;
4) **"Business asset"**means an asset held or used in the conduct of a business wholly or partly to derive business income;
5) **"Business income"** has the meaning in Article 22 of this Proclamation;
6) **"Derive"** means:
   (a) For the business and rental income tax:
   (i) For a taxpayer accounting for tax on an accruals basis, the arising of the right to receive; or

(ii) Kaffalaa gibiraa akkaataa qabiinsa herregaa maallaqa calla irratti hundaa'en herrega isaa qabatuuf fudhachuu; yookiin

(b) Akkaataa Labsii kanaatiin gibira biroo buufame kamiifiyyuu fudhachuu dha.

7) **"Gahee bu'aa"** jechuun bu'aa dhaabbanni tokko miseensota isaatiif qoodu yammuu ta'u,kanneen armaan gadiis ni dabalata:

(a) Kaappitaalli dhaabbatichaa gar-tokkeen yammuu hir'atu miseensaaf miseensummaa isaatiin akka deebi'uuf kan taasifamu kaappitaalicha keessaa kan hir'ifame gatii bu'aa miseensummaa maqaa isaatiin galmaa'ee ol ta'e hanga maallaqqaa aragame.

(b) Sababa dhaabbatichi deebi'ee gurguramuun yookiin cufamuun yookiin kubbaaniyyichi diigamuu isaatiin yookiin shariikumman addaan cituu isaatiin faayidaan miseensummaa yammuu haqamu miseensaaf kan deebifame kaappitaalicha keessaa gatii bu'aa miseensummaa maqaa isaatiin galmaa'ee ol kan ta'e hanga maallaqaa ti.

(c) Dhaabbatichi miseensa isaa tokkoof yookiin nama miseensicha waliin quunnamtii qabu kan biraaf bittaa fi gurgurtaa bu'aa qooduu hordofsiisuun hanga maallaqaa kamiyyuu kan liqeesse, kaffaltii qabeenya yookiin tajaajila tokkoof raawwate, gatii qabeenyaa yookiin tajaajilaa dhiyaate kamiyyuu yookiin idaa liqii dhiifame.

8) **"Qaxaramaa"** jechuun kontiraaktara of danda'ee hojjetu otuu hin dabalatiin, gaggeessummaa fi too'annoo nama biraa jala ta'ee tajaajila kennuuf dhaabbiidhaan yookiin yeroodhaaf nama dhuunfaa qaxarame yammuu ta'u, daayirekteera dhaabbataa yookiin gaggeessummaa dhaaabbatichaa keessatti nama biraa itti gaafatamummaan itti kenname akkasumas muudamaa fi filatamaa uummataa dabalatee itti gaafatamaa hojii mootummaa ni dabalata.

(ii) ሒሳቡን በጥሬ ገንዘብ እንቅስቃሴ ላይ በተመሠረተ የሒሳብ አያያዝ ዘዴ ለሚይዝ ግብር ከፋይ፣መቀበል፣ ወይም

(ለ) በዚህ አዋጅ መሠረት ለተጣለ ማንኛውም ሌላ ግብር፣ መቀበል ነው፤

፯) **"የትርፍ ድርሻ"** ማለት አንድ ድርጅት ለአባላቱ የሚያከፋፍለው ትርፍ ሲሆን የሚከተሉትን ይጨምራል፡-

(ሀ) የድርጅቱ ካፒታል በከፊል ሲቀንስ ለአባሉ በአባልነቱ ተመላሽ የሚደረግለት ከካፒታሉ ውስጥ ከተቀነሰው በስሙ ከተመዘገበ የአባልነት ጥቅም ዋጋ በላይ የሆነው የገንዘብ መጠን፤

(ለ) ድርጅቱ መልሶ በመሸጡ ወይም በመዘጋቱ ወይም ኩባንያው በመፍረሱ ወይም ሽርክና በመቋረጡ ምክንያት የአባልነት ጥቅም ሲሰረዝ ለአባሉ ተመላሽ የተደረገለት በካፒታሉ ውስጥ ከነበረው በስሙ ከተመዘገበ የአባልነትጥቅም ዋጋ በላይ የሆነው የገንዘብ መጠን

(ሐ) ድርጅቱ ለአንድ የድርጅት አባል ወይም ከአባሉ ጋር ግንኙነት ላለው ሰው ትርፍ የማከፋፈል ውጤት በሚያስከትል ግብይት ያበደረው ማንኛውም የገንዘብ መጠን፣ለአንድ ሀብት ወይም አገልግሎት የፈፀመው ክፍያ፣ የቀረበ ማንኛውም ሀብት ወይም የአገልግሎት ዋጋ፣ ወይም የተተወ የብድር ዕዳ፤

፰) **"ተቀጣሪ"** ማለት ራሱን ችሎ የሚሠራን የሥራ ተቋራጭ ሳይጨምር በሌላ ሰው መሪነትና ቁጥጥር ሥር ሆኖ አገልግሎት ለመስጠት በቋሚነት ወይም በጊዜያዊነት የተቀጠረ ግለሰብ ሲሆን የድርጅት ዳይሬክተርን ወይም በድርጅቱ አመራር ውስጥ ኃላፊነት የተሰጠውን ሌላ ሰው እንዲሁም ተሿሚንና የሕዝብ ተመራጭን ጨምሮ የመንግሥት ሥራ ኃላፊን ያጠቃልላል፤

(ii) For a taxpayer accounting for tax on a cash basis,received; or

(b) For any other tax imposed under this Proclamation, received;

7) **"Dividend"** means a distribution of profits by a body to a member and includes the following:

(a) An amount returned by a body to amember in respect of a membership interest on a partial reduction in the capital of the body to the extent that the amount returned exceeds the amount bywhich the nominal value of the membership interest was reduced;

(b) An amount returned by a body to a member on redemption or cancellation of a membership interest, including on liquidation of a company or termination ofa partnership, to the extent that the amount returned exceeds the nominal value of the membership interest;

(c) The amount of any loan, payment for an asset or services, value of any asset or services provided, or any debt obligation released, by a body to, or in favour of, amember or a related person of a member to the extent that the transaction is, in substance, a distribution of profits;

8) **"Employee"** means an individual engaged, whether on a permanent or temporary basis, to perform services under the direction and control of another person, other than as an independent contractor,and includesa director or other holder of an office in the management of a body, and government appointees and elected persons holding public offices;

9) **“Qaxaraa”** jechuun nama qaxaramaa qaxare yookiin qaxaramaaf miindaa kaffalu jechuudha.

10) **“Galii Qaxaramuu irraa argamu”** kan jedhu Labsii kana keewwata 13 irratti hiika kennameef niqabaata.

11) **“Galii gibira irraa bilisa ta’e”** jechuun Labsii kana Gabatee ‘E’ tiin galii gibira irra bilisa ta’eedha.

12) **“Sadarkaalee dhiyeessa gabaasa faayinaansii”** jechuun Labsii Qophii fi Dhiyeessii Gabaasa Faaynaansii Federaalaa keessatti sadarkaalee dhiyeessa gabaasa faaynaansii tumamanidha.

13) **“Galii waliigalaa”** jechuun baasiiwwan osoo hin hir’ifamiin dura namni tokko galii waliigalaa Gabatee ‘B’ yookiin‘C’ jalatti kufu argate jechuudha.

14) **“Qabeenya hin sochoone”** kan jedhu akkaataa Labsii kana Keewwata 36 jalatti tumameen mirga albuuda yookiin qabeenyaa boba’aa irratti qabu yookiin ragaa albuudaa yookiin boba’aa ni dabalata.

15) **“Galii”** jechuun galii idilee hin taane dabalatee madda kamirraayyuu maallaqa callaan yookiin akaakuun argame yookiin haala kamiiniyyuu kaffalaa gibiraatiif kan kaffalame, maqaa isaatiin kan qabameef yookiin kan fudhate faayidaa dinagdee kamiyyuudha.

16) **“Kontiraaktera of danda’e**”- jechuun hojii isaa harka caalu mataa isaatiin gaggeessuu fi too’achuuf waliigaltee aangoo ga’aa kennuuf irratti hundaa’uun nama dhuunfaa tajaajila kennuudha.

17) **“Dhala”** jechuun maallaqa fayyadamuuf yookiin yeroo kaffaltii dheeressuuf yeroo yeroon yookiin yeroo tokkotti hanga maallaqaa kaffalamu yoo ta’u, hir’ifama, piriimiyeemii fi kaffaltiiwwan kana fakkaatan biroos ni dabalata.

18) **“Kaffaltii hojii gaggeessaa”** jechuun hanga maallaqaa hojii gaggeessuuf yookiin tajaajila bulchinsaaf kaffalamu yoo ta’u, kaffaltii qaxaramuu irraa argamu hin dabalatu.

፱) **"ቀጣሪ"** ማለት ተቀጣሪን የቀጠረ ወይም ለተቀጣሪው ደመወዝ የሚከፍል ሰው ነው፤

፲) **"ከመቀጠር የሚገኝ ገቢ"** በዚህ አዋጅ አንቀጽ ፲፫ የተሰጠው ትርጉም ይኖረዋል፤

፲፩) **"ከግብር ነፃ የሆነ ገቢ"** ማለት በዚህ አዋጅ ሠንጠረዥ "ሠ" ከግብር ነፃ የሆነ ገቢ ነው፤

፲፪) **"የፋይናንስ ሪፖርት አቀራረብ ደረጃዎች"** ማለት በፋይናንስ ሪፖርት አዘገጃጀትና አቀራረብ አዋጅ የተደነገጉት የፋይናንስ ሪፖርት አቀራ ረብ ደረጃዎች ናቸው፤

፲፫) **"ጠቅላላ ገቢ"** ማለት ወጪዎች ተቀናሽከ መደረጋቸው በፊት አንድ ሰ ው ያገኘው በሠንጠረዥ "ለ" ወይም "ሐ" ሥር የሚወድቅ ጠቅላላ ገቢ ነው፤

፲፬) **"የማይንቀሳቀስ ሀብት"** በአንቀጽ ፴፮ በተደነገ ገው መሠረት በማዕድን ወይም በነዳጅ ሀብት ላይ ያለን መብት ወይም የማዕድን ወይም የነዳጅ መረጃን ይጨምራል፤

፲፭) **"ገቢ"** ማለት መደበኛ ያልሆነ ገቢን ጨምሮ ከማንኛውም ምንጭ በጥሬ ገንዘብ ወይም በዓይነት የተገኘ ወይም በማኛውም መንገድ ለግብር ከፋዩ የተከፈለው፣በስሙ፤የተያዘለት ወይም የተቀበለው ማንኛውም የኢኮኖሚ ጥቅም ነው፤

፲፮) **"ራሱን የቻለ ሥራ ተቋራጭ"** ማለት ሥራውን በአመዛኙ በራሱ የመምራትና የመቆጣ ጠ ር በቂ ሥልጣን በሚሰጠው ውል መሠ ረት አገልግሎት የሚሰጥ ግለሰብ ነው፤

፲፯) "**ወለድ"** ማለት ገንዘብን ለመጠቀም ወይም የክፍያ ጊዜን ለማራዘም በየጊዜው ወይም በአንድ ጊዜ የሚከፈል የገንዘብ መጠን ሲሆን ቅናሽን፣ ፕሪሚየምን ወይም ሌሎች ተመሳሳይ ክፍያዎችንም ይጨምራል፤

፲፰) **"የሥራ አመራር ክፍያ"** ማለት ለሥራ አመራር ወይም አስተዳደራዊ አገልግሎት የሚከፈል የገንዘብ መጠን ሲሆን ከመቀጠር የሚገኝ ገቢን አይጨምርም፤

9) **“Employer”** means a person who engages or remunerates an employee;

10) **“Employment income”** has the meaning in Article 13 of this Proclamation;

11) **“Exempt income”** means income exempt from tax under Schedule ‘E’ of this Proclamation;

12) **“Financial reporting standards”** means the financial reporting standards stipulated under the Financial Reporting Proclamation of federal government ;

13) **“Gross income”,** in relation to a person, means the total income taxable under Schedules ‘B’ or ‘C’ derived by the person without deduction of expenditures;

14) **“Immovable asset”** includes a mining or petroleum right, or mining or petroleum information, as defined in Article 36 of this Proclamation;

15) **“Income”** means every form of economic benefit, including non-recurring gains, in cash or kind from whatever source derived and in whatever form paid, credited, or received;

16) **“Independent contractor”** means an individual engaged to perform services under an agreement by which the individual retains substantial authorityto direct and control the manner in which the services are to be performed;

17) **“Interest”** means a periodic or lumpsum amount, however described as consideration for the use of money or being given time to pay, and includes a discount, premium, or other functionally equivalent amount;

18) **“Management fee”** means an amount as consideration for the rendering of any managerial or administrative service, but does not include employment income;

19) **“Mana Maree Bulchiinsaa”** jechuun Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannoo Oromiyaati.

20) **“Abbaa Taayitaa”** jechuun Abbaa Taayitaa Galiiwwan Oromiyaa ti.

21) **“Fudhachuu”** kanneen armaan gadi ni dabalata:

(a) Gaaffii kaffalaan gibiraa dhiyeessuun yookiin akkaataa seeraatiin maallaqichi maqaa kaffalaa gibiraatiin hojiirra yoo oolu,

(b) Faayidaa kaffalaa gibiraatiif jecha maallaqichi deebi’ee hojiirra yoo oolu, yookiin yoo kuufamu yookiin kaappitaala guddisuuf yoo oolu,

(c) Faayidaa kaffalaa gibiraatiif gara herrega baankiitti yoo galu yookiin gara maallaqa eeggannootti yoo jijjiiramu, yookiin

(d) Haala biroo kamiiniyyuu kaffalaa gibiraatiif yoo qabamu.

22) **“Royaalitii”** jechuun dhimmoota armaan gaditti ibsaman kamiifiyyuu yeroo tokkotti yookiin yeroo yeroon hanga maallaqaa kaffalamuudha:

(a) Hog-barruu, ogummaa harkaa, mirga waraabbii hojii saayinsaawaa kamiyyuu yoo ta’u, fiilmiiwwan siniimaatoogiraafii fi raadiyoof, teleevizyiiniif yookiin tamsaasa interneetiif fiilmiiwwanii oolanii fi teeppiiwwan faayyadamuu yookiin fayyadamuuf mirga argachuu ni dabalata;

(b) Tamsaasa televizyiinii yookiin raadiyoo yookiin interneetii waliin walqabatee saatalaayitiin, keebiliidhaan yookiin faayiber optiksiidhaan yookiin teeknooloojii kana fakkaataniin kanneen darban yookiin fakkiiwwan ilaalaman yookiin sagalee yookiin lamaanuu fudhachuu yookiin fudhachuuf mirga dandeessisu qabaachuu;

(c) Mirga abbummaa waa-uumuu, mallattoo daldalaa, dizaayinii yookiin moodeela, plaanii, foormulaa yookiin adeemsa iccitii yookiin qabeenya biroo kana fakkaatu kamiyyuu yookiin mirga fayyadamuu yookiin mirga fayyadamuu qabaachuu;

፲፱) **“የክልል መስተዳድር ምክር ቤት“** ማለት የኦሮሚያ ክልላዊ መንግስት መስተዳድር ምክር ቤት ነው

፳) **ባለሥልጣን** ማለት የኦሮሚያ ገቢዎች ባለሥልጣን ነው፤

፳፩) **"መቀበል"** የሚከተሉትን ያጠቃልላል፡-

(ሀ) ግብር ከፋዩ በሚያቀርበው ጥያቄ ወይም በሕግ መሠረት ገንዘቡ በግብር ከፋዩ ስም ጥቅም ላይ ሲውል፤

(ለ) ለግብር ከፋዩ ጥቅም ተብሎ ገንዘቡ መልሶ ሥራ ላይ ሲውል ወይም ሲጠራቀም ወይም ደግሞ ለካፒታል ማሳደጊያ ሲውል፤

(ሐ) ለግብር ከፋዩ ጥቅም ወደ ባንክ ሂሳብ ውስጥ ሲገባ ወይም ወደ መጠባበቂያ ገንዘብ ሲዘዋወር፤ ወይም

(መ) በሌላ በማናቸውም መልኩ ለግብር ከፋዩ የተያዘለት ሲሆን፤

፳፪) "ሮያሊቲ" ማለት ከዚህ በታች ከተመለከቱት ለማንኛውም ጉዳይ በአንድ ጊዜ ወይም በየጊዜው የሚከፈል የገንዘብ መጠን ነው፡-

(ሀ) ማንኛውንም የሥነ-ጽሑፍ፣የሥነ-ጥበብ፣ ወይም የሳይንሳዊ ሥራ የቅጂ መብት ሲ ሆን፣የሲኒማቶግራፊ ፊልሞችና ለሬድዮ፣ ለቴሌቪዥን ወይም ለኢንተርኔት ሥርጭት የሚውሉ ፊልሞችና፣ ቴፖችን መጠቀም ወይም ለመጠቀም መብት ማግኘትን ይጨምራል፤

(ለ) ከቴሌቪዥን ወይም ከሬድዮ ወይም ከኢንተ ርኔት ሥርጭት ጋር ተያይዞ በሳተላይት፣ በኬብል፣በኦፕቲክፋይበር፣ ወይም በሌላ ተመሳሳይ ቴክኖሎጂ የሚተላለፉ ወይም የሚታዩ ምስሎችን፣ ወይም ድምፆችን ወይም ሁለቱንም መቀበል ወይም ለመቀበል የሚያስችል መብት ማግኘት፤

(ሐ) ማንኛውንም የፈጠራ ባለቤትነት መብት፣ ፈጠራ፣የንግድ ምልክት፣ ንድፍ ወይም ሞዴል፣ ፕላን፣ የሚስጥር ቀመር ወይም ሂደት ወይም ሌላ ተመሳሳይ ሀብት ወይም መብት መጠቀም ወይም የመጠቀም መብት ማግኘት፤

19) **“council ”** means Administrative Council of Oromia Regional State Government;

20) **“Authority”**means Oromia Revenu Autority.

21) **“Received”,** includes:

(a) Applied on behalf of the Taxpayer either at the request of the Taxpayer or under any law;

(b) Reinvested, accumulated, or capitalised for the benefit of the Tax Payer;

(c) Credited to an account or carriedto a reserve for the benefit of the Taxpayer; or

(d) Otherwise made available to the Taxpayer;

22) **“Royalty”** means a periodic or lump sum amount asConsideration for any of the following:

(a) The use of, or the right to use any copy right of literary, artistic, or scientific work,including cinematography films, and films and tapes for radio, television, or internet broadcasting;

(b) The receipt of, or right to receive, visual images or sounds, or both, transmitted by satellite, cable, optic fibre,or similar technology in connection with television,radio, or internet broadcasting;

(c) The use of, or the right to use any patent, invention, trade mark, design or model, plan, secret formula or process, or other like asset or right;

(d) Meeshaa industirii, daladalaa yookiin saayinsaawaa kamiyyuu fayyadamuu yookiin fayyadamuuf mirga argachuu;
(e) Ragaa muuxxanoo industirii, daladalaa yookiin saayinsaawaa kamiyyuu ilaallatu fayyadamuu yookiin fayyadamuuf mirga argachuu;
(f) Qabeenyawwan yookiin mirgoota keewwata kana keewwata xiqqaa 22 (a-e) jalatti tarreeffaman fayyadamuun akka danda'amuuf deeggarsa dabalataan kennamu.

23) **"Bara gibiraa"** jechuun:
(a) Kaaffalaa gibiraa dhuunfaadhaaf yoo ta'e, Abbaan Taayitichaa beeksisa barreeffamaan heeyyama yoo kennuu baatee fi haal dureewaan beeksisa bareeffamichaan murtaa'an guutuudhaan namni dhuunfaa sun bara herregaa mataa isaa yoo fayyadame malee, Adoolessa 1 irraa hanga Waxabajjii 30 tti kan jiru yeroo waggaa tokkooti;
(b) Dhaabbataaf yoo ta'u, bara herregaa dhaabbatichaa; yookiin
(c) Bara herregaa ce'umsaa Labsii kana keewwata 29 jalatti murtaa'e dha.

24) **"Kaffalaa Gibiraa"** jechuun akkaataa Labsii kanaatiin nama dirqamni gibira kaffaluu irratti buufame dha.

25) **"Kaffaltii Tekinikaa"** jechuun kaffaltii tajaajila teekinikaa, ogummaa ykn gorsaaf kaffalamu yoo ta'u, ogeessota tekinikaa yookiin kan biroo fayyadamuuf kaffaltii kaffalamu ni dabalata.

26) **"Meeshaa daldalaa"** kanneen armaan gadii ni dabalata:
(a) Meeshaa oomishame, hojjetame, bitame yookiin oomishaaf, gurgurtaaf yookiin jijjiirraaf haala kamiiniyyuu argame;
(b) Adeemsa oomishuu yookiin hojjechuu keessatti kan hojiirra oolu meeshaa dheedhii yookiin dhumataa kamiyuu; yookiin
(c) Beeyilada fe'umsaaf yookiin hojiidhaaf tajaajilan osoo hin dabalatiin beellada biroo kamiyyuu.

(መ) ማንኛውንም ኢንዱስትሪያዊ፣ የንግድ ወይም ሳይንሳዊ መሣሪያ መጠቀም ወይም ለመጠቀም መብት ማግኘት፤
(ሠ) ማንኛውንም ኢንዱስትሪያዊ፣የንግድ ወይም ሳይንሳዊ ተሞክሮ የሚመለከት መረጃ መጠቀም ወይም የመጠቀም መብት ማግኘት፤
(ረ) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፳፪ ከፊደል ተራ (ሀ-ሠ) የተዘረዘሩትን ሀብቶች ወይም መብቶች መጠቀም እንዲቻል በተጨማሪነትና በተቀጽላነት የሚሰጥ ድጋፍ፤

፳፫) **"የግብር ዓመት"** ማለት፡-
(ሀ) ለግለሰብ ሲሆን፣ ባለሥልጣኑ በጽሁፍ ማስታወቂያ ፈቃድ ካልሰጠ እና በጽሁፍ ማስታወቂያው የተወሰኑትን ቅድመ-ሁኔታዎች በማሟላት ግለሰቡ የራሱን የሂሳብ ዓመት ካልተጠቀመ በስተቀር፣ ከሐምሌ ፩ ቀን እስከ ሰኔ ፴ ቀን ያለው የአንድ ዓመት ጊዜ ነው፤
(ለ) ለድርጅት ሲሆን የድርጅቱ የሂሳብ ዓመት፤ወይም
(ሐ) በዚህ አዋጅ አንቀጽ ፳፱ የተወሰነው የመሸጋ ገሪያ የሂሳብ ዓመት ነው፤

፳፬) **"ግብር ከፋይ"** ማለት በዚህ አዋጅ መሠረት ግብር የመክፈል ግዴታ የተጣለበት ሰው ነው

፳፭) **"የቴክኒክ ክፍያ"** ማለት ለቴክኒካዊ፣ሙያዊ፣ ወይም ለማማከር አገልግሎት የሚከፈል ክፍያ ሲሆን፣ የቴክኒክ ወይም ሌሎች ባለሙያዎችን ለመጠቀም የሚከፈል ክፍያን ይጨምራል፤

፳፮) **"የንግድ ዕቃ"** የሚከተሉትንም ይጨምራል፡-
(ሀ) ማንኛውም የተመረተ፣ የተፈበረከ፣የተገዛ ወይም ለማምረት፣ ለመሸጥ ወይም ለመ ለወጥ በማናቸው ምሁኔታ የተገኘ ዕቃ፤
(ለ) በማምረት ወይም በመፈብረክ ሂደት ውስጥ ጥቅም ላይ የሚውል ማንኛውም ጥሬ ዕቃ ወይም አላቂ ዕቃ፤ ወይም
(ሐ) ለጭነት ወይም ለሥራ የሚያገለግሉ እንስሳትን ሳይጨምር ማንኛውም እንስሳ፤

(d) The use of, or the right to use any industrial, commercial, or scientific equipment;
(e) The use of, or the right to use any information concerning industrial, commercial, or scientific experience;
(f) The supply of assistance that is an ocillary and subsidiary to, and is furnished as a means of enabling the application or enjoyment of asset or a right referred to in paragraphs (a) - (e) of this sub-article;

23) **"Tax year"** means:
(a) For an individual, the one year period from 1st Hamle to30tSene, unless the Authority has granted permission,bynotice inwriting and subjectto such conditions asmay be specified by the Authority in the notice, for the individual to use its accounting year as the individual's tax year;
(b) For a body, the accounting year of the body; or
(c) A transitional accounting year as determined under Article 29 of this Proclamation;

24) **"Taxpayer"** means a person liable for tax under this Proclamation;

25) **"Technical fee"** means a fee for technical, professional,or consultancy services, including a fee for the provision of services of technical or other personnel;

26) **"Trading stock"** includes:
(a) Any thing produced, manufactured,purchased,or other wise acquired for manufacture, sale, or exchange;
(b) Any raw materials or consumables used in a production or manufacturing process; or
(c) Livestock, but not including animals used as beasts of burden or working beasts;

27) **"Abbumma muummee"** jechuun karaa kallaattii fi alkallattiitiin dhaabbata tokko keessatti dhaabbata yookiin dhaabbilee quunnamtii qabuun yookiin karaa namoota dhuunfaatiin yookiin karaa dhaabbata abbummaadhaan namoota dhuunfaa jala hin taaneen faayidaa abbummaa qabame dha.

28) **"Gibira hir'isee galii taasisuuf nama itti gaafatamummaan itti kenname"** jechuun kaffaltii raawwatamu irraa bu'uura Labsii kanaatiin gibira hir'isee hambisuudhaaf nama itti gaafatamummaa qabu dha.

29) **"Galii gibirri irraa hir'ifamu"** jechuun bu'uura Labsii kanaatiin galii gibirri irraa hir'ifamee qabamu jechuudha.

30) **"Naannoo"** jechuun Naannoo Oromiyaa ti.

31) Jechi Labsii Bulchiinsa Taaksii keessatti hiikni itti kenname Labsii kana keessatti hojjiira kan oolu yoo ta'ee fi labsii kanaan hiikni kan itti hin kennamne yoo ta'e hiika Labsii Bulchiinsa Taaksii keessatti kennameef ni qabaata.

3. Ibsa Koornayaa

Labsii kana keessatti koornayaa dhiiraatiin kan ibsame dubartiis ni dabalata.

4. Daangaa Raawwatiinsaa

Labsiin kun, akkaataa Heera Mootummaa Rippaabiliika Dimokiraatawaa Federaalawaa Itiyoophiyaa keewwata 96 tiin aangoo gibiraa Mootummaa Federaalaatiif adda bahee kennamee fi gibira galii qonnaan bultoota dhuunfaatiin alatti kaffaltoota gibiraa galii kamiyyuu Naannicha keessaa argatan hunda irratti raawwatiinsa ni qabaata.

5. Sadarkaa Kaffaltoota Gibiraa

1) Raawwii Labsii kanaatiif sadarkaaleen kaffaltoota gibiraa armaan gadii ni jiraatu.
   (a) Kaffalaa gibiraa sadarkaa "A":
   (i) Dhaabbata; yookiin
   (ii) Nama galiin waliigalaa waggaa isaa qarshii 1,000,000.00 yookiin kanaa ol ta'e kamiyyuu,

፳፯) **"ዋና ባለቤትነት"** ማለት በድርጅት ውስጥ በቀጥታ ወይም በተዘዋዋሪ መንገድ ግንኙነት ባለው ድርጅት ወይም ድርጅቶች ወይም በግለሰቦች አማካኝነት ወይም በግለሰብ ባለቤትነት ሥር ባልሆነ ተቋም አማካኝነት የተያዘ የባለቤትነት ጥቅም ነው፤

፳፰) **"ግብር ቀንሶ ገቢ የማድረግ ኃላፊነት የተጣለበት ሰው"** ማለት ከሚከፍለው ክፍያ ላይ በዚህ አዋጅ መሠረት ግብር ቀንሶ የማስቀረት ኃላፊነት ያለበት ሰው ነው፣

፳፱) **"ግብር ተቀናሽ የሚደረግበት ገቢ"** ማለት በዚህ አዋጅ መሠረት ግብር ተቀንሶ የሚያ ዝበት ገቢ ማለት ነው።

፴) **"ክልል"** ማለት የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሰት ነው።

፴፩) በታክስ አስተዳደር አዋጅ ትርጉም የተሰጠው ቃል በዚህ አዋጅ ውስጥ ጥቅም ላይ የዋለ እንደሆነ ለዚህ አዋጅ የተለየ ትርጉም ካልተሰጠው በስተቀር በታክስ አስተዳደር አዋጁ የተሰጠው ትርጉም ይኖረዋል።

፫. የጾታ አገላለጽ

በዚህ አዋጅ ዉስጥ ማንኛውም በወንድ ጾታ የተገለጸው ጾታ ሴትንም ይጨምራል።

፬. የተፈጻሚነት ወሰን

ይህ አዋጅ በኢትዮጵያ ፌዴራላዊ ዲሞክራሲያዊ ሪፑብሊክ ህገ መንግስት አንቀጽ ፺፮ መሰረት ለፌደራል መንግስት ተለይቶ ከተሰጠው የግብር ሥልጣን እና በግል ከሚያርሱ ገበሬዎች ላይ ከሚጣል የገቢ ግብር በስተቀር ግብር ከፋዮች ከክልሉ በሚያገኙት ማናቸውም ገቢ ላይ ተፈጻሚነት ይሆናል።

፭. የግብር ከፋይ ደረጃዎች

፩) ለዚህ አዋጅ አፈፃፀም ሲባል የሚከተሉት የግብር ከፋይ ደረጃዎች ይኖራሉ፡-
   (ሀ) የደረጃ "ሀ" ግብር ከፋይ፣
   (፩) ድርጅት፣ ወይም
   (፪) ጠቅላላ ዓመታዊ ገቢው ብር ፩ ሚሊዮን (አንድ ሚሊዮን ብር) ወይም ከዚህ በላይ የሆነ ማንኛውም ሌላ ሰው፣

27) **"Underlying ownership",** in relation to a body, means a membership interest in the body held directly, or indirectly through an interposed body or bodies, by an individual or by an entity not ultimately owned by individuals;

28) **"Withholding agent"** means a person liable to withhold tax under this Proclamation from a payment made by the person.

29) **"Withholding income"** means income from which tax is required to be withheld under Part Ten of this Proclamation.

30) **"Region"** means Oromiya regional state.

31) Aterm used in this Proclamationthat isdefined in the Tax Administration Proclamation shall have the meaning in the Tax Administration Proclamation unless defined otherwise in this Proclamation.

3. Gender description

Provision of this proclamation set out in a masculine gender shall also apply to the feminine gender.

4. Scope of application

This proclamation shall enter into force on any return received from the region by taxpayers with the exception of agricultural income tax of private farmers and the federal power of taxation under federal government constitution article 96.

5. Categories of Taxpayer

1) For the purposes of this Proclamation there shall be the following categories of taxpayers:
   (a) Category "A" taxpayer being
   (1) A body ; or
   (2) Any other person having an annual gross income of Birr 1,000,000 or more;

(b) Kaffala gibiraa sadarkaa "B" kan jedhamu dhaabbata osoo hin dabalatiin, kaffalaa gibiraa galiin waliigalaa waggaa isaa qarshii 500,000.00 ol ta'ee fi 1,000,000.00 gadi ta'e;

(c) Kaffallaa gibiraa sadarkaa "C" kan jedhamu, dhaabbata osoo hin dabalatiin, nama galiin waliigalaa waggaa isaa hanga qarshii 500,000.00 kan ta'e dha.

2) Abbaan Taayitichaa galii kaffalaan gibiraa beeksisu yookiin ragaa dabalataa argamu bu'uura godhachuun bara gibiraa sanaaf sadarkaan kaffalaa gibiraa tokko kan jijjiirame ta'uu fi dhiisuu ni murteessa.

3) Manni Maree Bulchiinsaa akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1 tiin sadarkaa kaffalaa gibiraa "A", "B" fi "C" jedhee ramaduuf kan dandeessisu hanga galii waliigalaa waggaa qorannoo dinagdee Biiroon Maallaqaa fi Walta'iinsa Diinagdee gaggeessu irratti hundaa'uun yoo xiqqaate waggaa shan keessatti jijjiiruu ni danda'a.

6. Dhaabbata Dhaabbiidhaan Hojjetu

1) Keewwata kana keewwanni xiqqaa 2, 3, 4 fi 5 jalatti kan tumaman akkuma jirutti ta'ee, "dhaabbata dhaabbiidhaan hojjetu" kan jedhamu namni kamiyyuu hojii daldalaa isaa hunda yookiin gartokkee bakka dhaabbiidhaan itti gaggeessuu jechuudha.

2) Kanneen armaan gaditti tarreeffaman dhaabbiilee dhaabbiidhaan hojjetan jedhamanii fudhatamu:

(a) Waajjira hojiin bu'uuraa isaa dhaabbaticha walquunnamsiisuu ta'e malee, biiroo, warshaa, mana kuusaa yookiin workishooppii bakka hojiin bulchiinsaa itti raawwatu;

(b) Bakka oomisha albuudaa, boolla boba'aa yookiin gaazii, oomisha cirracha ijaarsaa yookiin bakka barbaachaa yookiin hojiin oomishaa qabeenya uumamaa biroo kamiyyuu itti raawwatamu;

(ለ) የደረጃ "ለ" ግብር ከፋይ የሚባለው ድርጅትን ሳይጨምር ዓመታዊ ጠቅላላ ገቢው ከብር ፭ መቶ ሺ. (አምስት መቶ ሺ. ብር) በላይ የሆነ፤እና ከብር ፩ ሚሊዮን (አንድ ሚሊዮን ብር) የሚያንስ ነው

(ሐ) ደረጃ "ሐ" ግብር ከፋይ የሚባለው ድርጅትን ሳይጨምር ዓመታዊ ጠቅላላ ገቢው እስከ ብር ፭ መቶ ሺ. (አምስት መቶ ሺ. ብር) የሚያገኝ ሰው ነው፡፡

፪) የታክስ ባለሥልጣኑ ታክስ ከፋዩ የሚያሳውቀውን ግብር ወይም የሚያገኘውን ሌላ መረጃ መሠረት በማድረግ ለግብር ዓመቱ የግብር ከፋዩ ደረጃ የተለወጠ መሆን አለመሆኑን ይወስናል፡፡

፫) የመስተዳድር ምክር ቤት በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (፩) የተመለከተውንና ግብር ከፋዮችን የደረጃ "ሀ"፣ የደረጃ "ለ" ወይም የደረጃ "ሐ" ግብር ከፋይ ብሎ ለመመደብ የሚያስችለውን ዓመታዊ ጠቅላላ የገቢ መጠን በኢኮኖሚ ጥናት ላይ የገንዘብና ኢኮኖሚ ትብብር ቢሮ በሚያካሄደው ላይ በመመስረት ቢያንስ በአምስት ዓመት ጊዜ ውስጥ ማሻሻል አለበት፡

፮. በቋሚነት የሚሠራ ድርጅት

፩) የዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፪፣፫፣፬ እና ፭ ድንጋጌዎች እንደተጠበቁ ሆነው፣"በቋሚነት የሚሠራ ድርጅት" የሚባለው ማናቸውም ሰው የንግድ ሥራውን በሙሉ ወይም በከፊል የሚያከናውንበት ቋሚ የንግድ ሥራ ቦታ ነው፡፡

፪) ከዚህ በታች የተዘረዘሩት በቋሚነት የሚሠራ ድርጅት ተደርገው ይወሰዳሉ፡-

(ሀ) ዋነኛ ተግባሩ የድርጅቱ አገናኝ ሆኖ ከሚያገለግለው ጽሕፈት ቤት በስተቀር የአስተዳደር ሥራ የሚከናወንበት ቦታ፣ ቢሮ፣ፋብሪካ፣ መጋዘን ወይም ወርክሾፕ፤

(ለ) የማዕድን ማምረቻ ሥፍራ፣የነዳጅ ወይም የጋዝ ጉድጓድ፣የግንባታ ጠጠር ማምረቻ፣ ወይም ሌላ ማናቸውም የተፈጥሮ ሀብት ፍለጋ፣ወይም ማምረት ሥራ የሚከናወንበት ቦታ፤

(b) Category 'B' taxpayer being a person, other than a body, having an annual gross income more than Birr 500,000 or but less than 1,000,000;

(c) Category 'C' taxpayer being a person other than a body,having an annual gross income of less or equal to Birr.500,000

2) The Authority may, on the basis of tax declarations filed by a taxpayer or any other information available to the Authority, determine whether the taxpayer's category has changed for a tax year.

3) The coucil shall after ascertaining by economic analysis,change at least within five years the annual gross income thresholds in sub-Article (1) of this Article for the classification of a taxpayer as a category 'A' taxpayer category "B" taxpayer or category "C" taxpayer.

6. Permanent Establishment

1) Subject to the provisions of sub-articles (2),(3),(4) and(5) of this Article, a permanent establishment is a fixed place of business through which the business of aperson is wholly or partly conducted.

2) The following are specifically treatedas a permanent establishment:

(a) A place of management,branch, office,factory,warehouse, or workshop,but does not include an office that has representation of the person's business as its sole activity;

(b) A mine site, oil or gas well,quarry, or other place of exploration for, or extraction of, natural resources;

(c) Projektii tokko yookiin projektoota walitti hidhamiinsa qaban yeroo guyyaa 183 (guyyaa dhibba tokkoo fi saddeettamii sadii) oli ta'eef qaxaramtoota yookiin hojjetoota biroo ramaduudhaan tajaajila gorsaa dabalatee tajaajilli biroo kamiiyyuu bakka itti kennamu dha.

3) Hojii ijaarsichaa, projektich yookiin sochiin hojichaa guyyaa 183 (guyyaa dhibba tokkoo fi saddeettamii sadii) oliif kan turu hanga ta'etti iddoo hojiin ijaarsi gamoo itti raawwatamu, pirojektii ijaarsaa,walitti ijaaruu (assembly) yookiin pirojektii dhaabuu yookiin hojiiwwan to'annoo kanneen waliin walitti dhufeenya qaban dhaabbata dhaabiidhaan hojjetu godhamee fudhatama.

4) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 fi 2 jalatti kan tumame jiraatuyyuu bakka bu'aan of danda'ee hojjetu adeemsa hojii daldalaa idileetiin hojii raawwatuun ala namni kamiyyuu "bakka buusaa" jedhamee nama waamamu biroof bakka bu'aa ta'ee maqaa nama biraatiin kan hojjetu yeroo ta'utti bakka bu'aan nama bakka buuseef dhaabbata dhaabiidhaan hojjetu kan jedhamu:

(a) Maqaa bakka buusaatiin dhaabiidhaan waliigaltee kan seenu; yookiin

(b) Maqaa bakka buusaatiin meeshaawwan dabarsuuf kuusee kan qabu yoo ta'e dha.

5) Keewwata kana keessatti "bakka bu'aa of danda'ee hojjetu" jechuun to'annoo nama bakka isa buusee jala osoo hin ta'iin of danda'ee kan hojjetu faddaalaa, bakka bu'aa komiishinii yookiin bakka bu'aa biroo yoo ta'u, namoota of danda'anii quunnamtii daldalaa yookiin faayinaansii isaanii hojjetan irraa adda kan ta'e dhuunfaadhaan yookiin muummeedhaan bakka bu'aa nama tokkoo ta'uudhaan hojjetan hin dabalatu.

(ሐ) ለአንድ ወይም ለተያያዙ ፕሮጀክቶች በአንድ ዓመት ጊዜ ውስጥ ከ ፻፹፫ (አንድ መቶ ሰማንያ ሦስት) ቀናት በላይ ለሆነ ጊዜ ተቀጣሪዎችን ወይም ሌሎች ሠራተኞችን በመመደብ የምክር አገልግሎትን ጨምሮ ሌሎች ማናቸውም አገልግሎቶች የሚሰጡበት ቦታ

፫) የግንባታው ሥራ፣ ፕሮጀክቱ ወይም የሥራ እንቅስቀሴው ከ፻፹፫ (አንድ መቶ ሰማንያ ሦስት) ቀናት በላይ የሚቆይ እስከሆነ ድረስ የህንፃ ግንባታ ሥራ የሚከናወንበት ሥፍራ፣ የግንባታ፣ የመገጣጠም ወይም የተከላ ፕሮጀክት ወይም ከእነዚህ ጋር የተገናኙ የቁጥጥር ሥራዎች በቋሚነት የሚሠራ ድርጅት ተደር ገው ይወሰዳሉ፡፡

፬) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፩ እና ፪ የተደነገ ገው ቢኖርም ራሱን ችሎ የሚሠራ ወኪል በመደበኛ የንግድሥራ አካሄድ ከሚያከናውነው ተግባር በስተቀር ማናቸውም ሰው "ወካይ" ተብሎ ለሚጠራ ሌላ ሰው ወኪል በመሆን በሌላ ሰው ስም የሚሰራ በሚሆንበት ጊዜ ወኪሉ የወካዩ በቋሚነት የሚሠራ ድርጅት ነው የሚባለው፡-

(ሀ) በወካዩ ስም በቋሚነት ውሎችን የሚደራደር፤ ወይም

(ለ) በወካዩ ስም የንግድ ዕቃዎችን ለማስረከብ አከማችቶ የሚይዝ ከሆነ ነው፡፡

፭) በዚህ አንቀጽ" ራሱን ችሎ የሚሠራ ወኪል" ማለት በሚወክለው ሰው ቁጥጥር ስር ሳይሆን ራሱን ችሎ የሚሠራ ደላላ፣ የኮሚሽን ወኪል ወይም ሌላ ወኪል ሲሆን፣የንግድ ወይም የፋይናንስ ግንኙነታቸው ራሳቸውን ችለው ከሚሠሩ ሰዎች የተለየ የሆነውን በብቸኝነት ወይም በዋነኛነት ለአንድ ሰው ወኪል በመሆን የሚሠሩትን አይጨምርም፡፡

(c) The furnishing of services, including consultancy services, by a person, including through employees or other personnel engaged by the person for such purpose, but only when activities of that nature continue for the same or a onnected project for a period or periods aggregating more than183 days in any one-year period.

3) A building site, or a construction, assembly, or installation project, or supervisory activities connected with such site orproject shall be a permanent establishment only when the site, project, or activities continue for more than 183 (one hundred eighty three days.)

4) Despite sub-articles (1) and (2) of this Article, when a person, other than an agent of independent status acting in the ordinary course of business, acts on behalf of another person(referred to as the "principal"), the first-mentioned person shall be a permanent establishment of the principal if the person:

(a) Regularly negotiates contracts on behalf of the principal;or

(b) Maintains a stock of goods from which the person regularly delivers goods on behalf of the principal.

5) In this Article, "agent of independent status" means a broker,general commission agent,or other agent acting independently of the person that they represent, but does not include a person who acts solely or principally for another person if their commercial and financial relations differ from those that would have been made between independent person.

7. Jiraataa

1) Kanneen armaan gadii jiraattota Naannichaa ti:
   (a) Nama dhuunfaa jiraataa ta'e;
   (b) Dhaabbata jiraataa ta'e;
   (c) Manneen hojii fi Dhaabbilee Misoomaa Mootummaa Naannichaa;
2) Keewwata kana keewwata xiqqaa 3 fi 4 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, namni dhuunfaa tokko jiraataa Naannichaati kan jedhamu:
   (a) Naannicha keessatti teessoo jireenyaa dhaabbataa kan qabu;
   (b) Naannicha keessa yeroo waggaa tokkoo keessatti guyyaa 183 (dhibba tokkoo fi saddeettamii sadii) ol osoo addaan hin kukkutiin yookiin deddeebi'uudhaan nama jiraate.
3) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 2 tiin "bara gibiraa qabame" jedhamee kan caqafameef namni dhuunfaa bara gibiraa tokkoof jiraata ta'e bara gibiraa darbeef jiraata kan hin taane yoo ta'e bara gibiraa qabameef akka jiraataatti kan lakkaa'amu guyyaa jalqabaaf Naannicha keessa jiraachuu jalqabe irraa eegaleeti.
4) Namni dhuunfaa tokko bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 2 tiin bara gibiraa qabameef jiraataa ta'ee, garuu bara gibiraa itti aanutti jiraataa kan hin taane yoo ta'e, bara gibiraa qabametti akka jiraataa ta'etti kan lakkaa'amu namni dhuunfaan kun yeroo dhumaatiif Naannicha keessa guuyyaa jiraateen dura yeroo jiruuf ta'a.
5) Dhaabbanni jiraataa Naannichaati kan jedhamu:
   (a) Naannicha keessatti kan hundeeffame yoo ta'e;
   (b) Damee Naannicha keessaa kan qabu yookiin qaama gaggeessaa murtii jijjiirama hordofsiisu kennuu danda'u Naannicha keessaa kan qabu yoo ta'e dha.

፯. ነዋሪነት

፩) የሚከተሉት የክልሉ ነዋሪዎች ናቸው፡-
   (ሀ) ነዋሪ የሆነ ግለሰብ፤
   (ለ) ነዋሪ የሆነ ድርጅት፤
   (ሐ) የክልል የልማት ድርጅት እና የመንግሥት መስሪያ ቤቶች፤
፪) የዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ(፫) እና (፬) እን ደተጠበቁ ሆነው፤ አንድ ግለሰብ በክልሉ ነዋሪ ነው የሚባለው፡-
   (ሀ) በክልሉ ውስጥ ቋሚ የመኖሪያ አድራሻ ያለው፤
   (ለ) በክልሉ ውስጥ በአንድ ዓመት ጊዜ ውስጥ ሳያቋርጥ ወይም በመመላለስ ከ፻፹፫ (አንድ መቶ ሰማንያ ሶስት) ቀናት በላይ የኖረ ግለሰብ፤
፫) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (፪) መሠረት "የተያዘው የግብር ዓመት" ተብሎ ለሚጠቀሰው ለአንድ የግብር ዓመት ነዋሪ የሆነ ግለሰብ ባለፈው የግብር ዓመት ነዋሪ ያልሆነ እንደሆነ በተያዘው የግብር ዓመት እንደ ነዋሪ ሆኖ የሚቆጠረው ለመጀመሪያ ጊዜ ኢትዮጵያ ውስጥ መኖር ከጀመረበት ቀን አንስቶ ነው፡፡
፬) አንድ ግለሰብ በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ(፪) መሠረት በተያዘው የግብር ዓመት ነዋሪ ሆኖ፤ ነገር ግን በሚቀጥለው የግብር ዓመት ነዋሪ ያልሆነ እንደሆነ፤ በተያዘው የግብር ዓመት እንደ ነዋሪ ሆኖ የሚቆጠረው ግለሰቡ ለመጨረሻ ጊዜ በክልሉ ውስጥ ከኖረበት ቀን በፊት ላለው ጊዜ ነው፡፡
፭) አንድ ድርጅት በክልሉ ነዋሪ ነው የሚባለው፡
   (ሀ) በክልሉ ው ስ ጥ የ ተ ቋ ቋ መ ወይም የተመሠረተ እንደሆነ፤
   (ለ) ወሳኝ የሆነ አመራር የሚያካሂድበት ሥፍራ በኢትዮጵያ ውስጥ ያለው እንደሆነ፤ ነው፡፡

7. Residence

1) The following are residents of the region :
   (a) a resident individual;
   (b) a resident body;
   (c) the Regional Government offices and the State enterprieses of the region
2) Subject to sub-Articles (3) and (4) of this Article, a resident Individual is an individual who:
   (a) Has a domicile in the region ;
   (b) Is present in the region,- continuously or intermittently,for more than 183 days in a one-year period.
3) An individual who is a resident individual under sub-article of this Article for a tax year (referred to as the "currenttax year"), but who was not a resident individual for the preceding tax year shall be treated as a resident individual in the current tax year only for the period commencing on the day on which the individual was first present intheregion .
4) An individual who is a resident individual under sub-article of this Article for the current tax year but who is not aresident individual for the following tax year shall be treated as a resident individual in the current taxyear only for the period ending on the last day on which the individual waspresent in the region .
5) A resident body is a body that:
   (a) Is incorporated or formed in the region; or
   (b) Has its branches or has its place of effective management in the region.

6) Kubbaaniyaan Naannicha keessatti jiraataa ta'e dhaabbata Naannicha keessatti jiraataa ta'ee dha.

8. Madda Galii

1) Qaxaramaan tokko galiin inni qaxaramuu irraa argate maddi isaa Naannicha keessa kan jedhamu bakki kaffaltiin itti raawwatamu ilaalcha keessa osoo hin galiin tajaajila qaxarrii Naannicha keessatti raawwatamuun galii argame.
2) Karaa dhaabbata isaa dhaabbiin hojjatuutiin galii Naannichaan ala argatu osoo hin dabalatiin namni jiraataa Naannichaa ta'e galiin hojii daldalaa Naannicha keessatti horatu galii Naannicha keessaa argame ta'a.
3) Galiin hojii daldalaa nama Naannicha keessa jiraataa hin taanee galii Naannicha keessaa argamedha kan jedhamu:
   (a) Namni jiraataa hin taane karaa dhaabbata dhaabbiin hojjetuutiin hojii daldalaa Naannicha keessatti raawwatu irraa galii argame yoo ta'u;
   (b) Namni jiraataa Naannichaa hin taane karaa dhaabbata dhaabbiin hojjetuutiin meeshaalee yookiin shaqaxoota gurguru waliin meeshaalee yookiin shaqaxoota gosa tokko ta'an yookiin walfakkatan Naannicha keessatti gurguruun galii argatu;
   (c) Namni jiraataa Naannichaa hin taane karaa dhaabbata dhaabbiin hojjetuutiin hojii daldalaa raawwatu kamiyyuu waliin sochii hojii daldalaa biroo gosa tokko ta'e yookiin wal fakkaatu Naannicha keessatti raawwachuun galii argatu.
4) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1, 2 fi 3 jalatti kan tumaman jiraataniyyuu galiiwwan armaan gaditti tarreeffaman galii Naannicha keessa maddani dha:
   (a) Dhaabbanni jiraataa Naannichaa ta'e kaffaltii gahee bu'aa nama tokkoof kaffalu;
   (b) Galii qabeenyaawwan armaan gaditti tarreeffaman kireessun argamu:

፮) በክልሉ ነዋሪ የሆነ ኩባንያ በክልሉ ነዋሪ የሆነ ድርጅት ነው፡፡

፰. የገቢ ምንጭ

፩) አንድ ተቀጣሪ ከመቀጠር የሚያገኘው ገቢ ከክልሉ የመነጨ ነው የሚባለው፡ ክፍያው የሚፈጸምበት ሥፍራ ግምት ውስጥ ሳይገባ በክልሉ ውስጥ ከሚከናወን የቅጥር አገልግሎት የተገኘ ገቢ ነው፡፡
፪) በቋሚነት በሚሠራ ድርጅቱ አማካኝነት ከክልሉ ውጪ የሚያገኘውን ገቢ ሳይጨምር፤ በክልሉ ነዋሪ የሆነ ሰው በክልሉ ውስጥ የሚያፈራው የንግድ ሥራ ገቢ በክልሉ ውስጥ የተገኘ ገቢ ይሆናል፡፡
፫) በክልሉ ነዋሪ ያልሆነ ሰው የንግድ ሥራ ገቢ በክልሉ ውስጥ የተገኘ ነው የሚባለው፡-
   (ሀ) ነዋሪ ያልሆነ ሰው በቋሚነት በሚሰራ ድርጅት አማካኝነት በክልሉ ውስጥ ከሚያካሂደው የንግድ ሥራ የተገኘ ገቢ ሲሆን፤
   (ለ) በኦሮሚያ ውስጥ ነዋሪ ያልሆነው ሰው በቋሚነት በሚሰራ ድርጅት አማካኝነት ከሚያስተላልፋቸው ዕቃዎች ወይም ሸቀ ጦች ጋር አንድ ዓይነት ወይም ተመሳሳይ የሆኑ እቃዎችን ወይም ሸቀጦችን በኦሮሚያ ውስጥ በማስተላለፍ የሚያገኘ ው ገቢ፤
   (ሐ) በክልሉ ውስጥ ነዋሪ ያልሆነው ሰው በቋሚነት የሚሰራ ድርጅት ከሚያከ ናውናቸው ማናቸውም የንግድ ሥራዎች ጋር አንድ ዓይነት ወይም ተመሳሳይ የሆኑ ሌሎች የንግድ ሥራ እንቅስቃሴዎችን ኦሮሚያ ውስጥ በማከናወን የሚያገኘው ገቢ፤
፬) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (፩)፣(፪) እና (፫) የተመለከተው ቢኖርም፣የሚከተሉት ገቢዎች በክልሉ ውስጥ የመነጩ ገቢዎች ናቸው፡-
   (ሀ) በክልሉ ነዋሪ የሆነ ድርጅት ለአንድ ሰው የሚከፍለው የትርፍ ድርሻ፤
   (ለ) የሚከተሉትን ሀብቶች በማከራየት የሚገኝ ገቢ፡

6) A resident company is a company that is a resident body.

8. Source of Income

1) Employment income derived by an employee shall be Regional source income to the extent that it is derived in respect of employmentexercised in the region,wherever paid
2) Business income derived by a resident of the region shall be Regional source income except to the extent that it is attributable to a business conducted by the resident through a permanent establishment outside the region .
3) Business income derived by a non-resident shall be Regional source income to the extent that it isattributable to:
   (a) a business conducted by the non-resident through a permanent establishment in the region;
   (b) disposals in the region by the non-resident of goods or merchandise of the same or similar kind as those disposed by the non resident through a permanent establishment in the region ; or
   (c) any other business activity conducted by the non-resident in the region of the same or similar kind as that conducted by the non-resident through a permanent establishment in the region.
4) Despite sub-articles (1), (2), and (3) of this Article, income derived by a person shall be regional source income if it is:
   (a) a dividend paid to the person by a resident body;
   (b) rental income from the lease of

(i) Qabeenya hin sochoone Naannicha keessatti argamu; yookiin

(ii) Bu'uura Labsii kana keewwata 55 tiin qabeenya socho'u Naannicha keessaatti argamu gibirri itti kaffalamu.

(c) Galii qabeenyawwan armaan gaditti tarreeffaman dabarsuudhaan argamu:

(i) Qabeenya hin sochoone Naannicha keessatti argamu;

(ii) Faayidaan gatii qabeenya irra jiru % 50 ol ta'uun karaa kallatti yookiin alkallattin dhaabbata tokko yookiin tokkoo ol ta'anii quunnamtii qabaniin qabame yommuu qabeenya hin sochoone Naannicha keessatti argamu irraa faayidaa argamu;

(iii) Aksiyoona yookiin boondii Kubaaniyaan jiraataa Naannichaa ta'e dhiyeesse;

(d) Inshuuraansiin Naannicha keessatti argamu waadaa balaaf galeef araboonii kaffalamu;

(e) Sochii ispoortii yookiin bashannanaa Naannicha keessatti gaggeeffamuun galii argamu;

(f) Bu'uura Labsii kanaatiin gibirri kan itti kaffalamu, dhala, rooyaalitii, kaffaltii hojii gaggeessummaa yookiin kaffaltii tajaajila teekinikaa ilaalchisee;

(i) Namni jiraataa Naannichaa ta'e karaa dhaabbata dhaabbiidhaan hojjetu hojii daldalaa biyya alaatti gaggeessuuf baasii inni baase osoo hin dabalatiin nama jiraataa Naannichaa ta'eef kaffaltii raawwatu

(ii) Namni jiraataa Naannichaa hin taane karaa dhaabbata dhaabbiidhaan Naannicha keessatti hojjetuutiin hojii daldalaa Naannicha keessatti raawwatuuf kaffaltii kaffalu.

(i) በክልሉ ውስጥ የሚገኝ የማይንቀሳቀስ ሀብት፤ወይም

(ii) በአንቀጽ ፶፭ መሠረት ግብር የሚከፈልበትበኢትዮጵያ ውስጥ የሚገኝ የሚንቀሳቀስ ሀብት፤

(ሐ) የሚከተሉትን ሀብቶች በማስተላለፍ የሚገኝ ገቢ፡

(i) በክልሉ ውስጥ የሚገኝ የማይንቀሳቀ ስ ሀብት፤

(ii) ከ ፶% በላይ በሚሆነው በሀብቱ ዋጋ ላይ ያለው ጥቅም በቀጥታ ወይም በተዘዋዋሪ መንገድ በአንድ ወይም ከአንድ በላይ በሆኑ የተዛመዱ ድርጅቶች የተያዘ በሚሆን በት ጊዜ በኢትዮጵያ ውስጥ በሚገኝ የማይን ቀሳቀስ ሀብት ላይ ያለ ጥቅም

(iii) በኢትዮጵያ ነዋሪ የሆነ ኩባንያ ያወጣው አክሲዮን ወይም ቦንድ፤

(መ) በክልሉ ውስጥ የሚገኝ መድን ለተገባለት አደጋ(ስጋት) የሚከፈል የመድን አረቦን

(ሠ) በክልሉ ውስጥ ከሚከናወን የመዝናኛ ወይም ስፖርታዊ እንቅስቃሴ የሚገኝ ገቢ

(ረ) በዚህ አዋጅ መሠረት ግብር የሚከፈልበትን ወለድ፣ሮያሊቲ፣የሥራ አመራር ክፍያ ወይም የቴክኒክ አገልግሎት ክፍያ በሚ መለከት፡-

(i) በክልሉ ነዋሪ የሆነው ሰው በቋሚነት በሚሠራ ድርጅት አማካይነት ውጭ ሀገር ለሚያካሂደው የንግድ ሥራ ያወጣውን ወጪ ሳይጨምር፣ በክልሉ ነዋሪ ለሆነ ሰው የሚፈፅመው ክፍያ፤

(ii) በክልሉ ነዋሪ ያልሆነ ሰው በክልሉ ውስጥ ባለው በቋሚነት የሚሠራ ድርጅት አማካኝነት በክልሉ ውስጥ ለሚያካሂደው የንግድ ሥራ የሚፈፅመው ክፍያ፤

(i) immovable asset located in the region; or

(ii) movable asset located in the region subject to tax under Article 55 of this Proclamation;

(c) a gain arising from the disposal of the following:

(i) immovable asset located in the region;

(ii) a membership interest in a body, if more than 50%of the value of the interest is derived, directly or indirectly through one or more interposed bodies, from immovable asset located in the region ;

(iii) shares in, or bonds issued by, a resident company;

(d) an insurance premium relating to the insurance of a risk in the region;

(e) income from a performance or sporting event taking place in the region;

(f) interest, a royalty, management fee, technical fee, or other income subject to tax under this Proclamation:

(i) paid to the person by a residentof the region, other than as an expenditure of a business conducted by the resident through a permanent establishment outside the region ; or

(ii) paid to the person by a non- resident as an expenditure of a business conducted by the non resident through a permanent establishment in the region.

9. Gabateewwan Galii

1) Gibirri galii Labsii kanaan tumame akkaataa gabateewwan armaan gadiitiin ni kaffalma:
   (a) Gabatee "A", galii qaxaramuu irraa argamu;
   (b) Gabatee "B", galii kiraa manaa irraa argamu;
   (c) Gabatee "C", galii hojii daldalaa irraa argamu;
   (d) Gabatee "D", galiiwwan biroo;
   (e) Gabatee "E", galiiwwan gibira galii irraa bilisa ta'an.
2) Labsii kana keewwata 60 keewwata xiqqaa 2 jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee, kaffalaan gibiraa bara gibiraatti maddoota galii garaa garaa gabatee tokkicha keessatti kufan irraa galii kan argate yoo ta'e galiiwwan hundi walitti ida'amanii gabatee sana jalatti gibira waggaa sanaa ni kaffala.

10. Dirqama Gibira Galii Kaffaluu

Namni galii kamiyyuu argate akkaataa Labsii kanaa fi Labsii Bulchiinsa Taaksiitiin dirqama gibira kaffaluu qaba.

Kutaa Lama
Gabatee "A", Galii Qaxaramuu Irraa Argamu

11. Galii Qaxaramuu Irraa Argamu Irratti Gibira Buusuu

1) Labsii kana keewwata 80 jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee, qaxaramaan kamiyyuu ji'a tokko keessatti qaxaramuun galii waliigalaa ji'a tokkoo yookiin walakkaa ji'aatti argatu irratti akkaataa Labsii kana keewwata 12 tiin taarifa murtaa'een ji'a ji'aan gibira ni kaffala.
2) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1 tiin gali qaxaramuudhaan ji'aan argamu irratti gibirri galii buufamu qaxaramaan ji'a tokko keessatti galii waliigalaa argate irraa akkaataa Labsii kana keewwata 12 tiin taarifa raawwatiinsa qabu bu'uura godhachuun ni shallagama.
3) Qaxaramaan galii qaxaramuun argatu argachuuf baasiin inni baasu kamiyyuu akka hir'ifamaatti qabamuufii hin danda'u.

፱. የገቢ ሠንጠረዦች

፩) በዚህ አዋጅ የተደነገገውየገቢ ግብር በሚከተሉት ሠንጠረዦች መሠረት ይከፈላል፡-
   (ሀ) ሠንጠረዥ "ሀ" ከመቀጠር የሚገኝ ገቢ፤
   (ለ) ሠንጠረዥ "ለ" ከቤት ኪራይ የሚገኝ ገቢ፤
   (ሐ) ሠንጠረዥ "ሐ" ከንግድ ሥራ የሚገኝ ገቢ
   (መ) ሠንጠረዥ "መ" ሌሎች ገቢዎች፤
   (ሠ) ሠንጠረዥ "ሠ" ከገቢ ግብር ነፃ የሆኑ ገቢዎች፤
፪) የዚህ አዋጅ አንቀጽ ፷(፪) ድንጋጌ እንደተጠበቀ ሆኖ፣ ግብር ከፋዩ በግብር ዓመቱ በአንድ ሠንጠረዥ ውስጥ ከሚወድቁ ከተለያዩ የገቢ ምንጮች ገቢ ያገኝ እንደሆነ ሁሉም ገቢዎች ተጣምረው በዚያው ሠንጠረዥ ሥር የዓመቱን ግብር ይከፍላል፡፡

፲. የገቢ ግብር የመክፈል ግዴታ

ማንኛውም ገቢ የሚያገኝ ሰው በዚህ አዋጅና በታክስ አስተዳደር አዋጅ መሠረት ግብር የመክፈል ግዴታ አለበት፡፡

ክፍልሁለት
ሠንጠረዥ "ሀ" ከመቀጠር የሚገኝ ገቢ

፲፩. ከመቀጠር በሚገኝ ገቢ ላይ ግብር ስለመጣል

፩) በዚህ አዋጅ በአንቀጽ ፹ የተደነገገው እንደ ተጠበቀ ሆኖ፣ማናቸውም ተቀጣሪ በአንድ ወር ውስጥ ከመቀጠር ከሚያገኘው ጠቅላላ የወር ወይም የወሩ ከፊል ገቢ ላይ በዚህ አዋጅ አንቀጽ ፲፪ በተወሰኑት መጣኔዎች መሠረት በእያንዳንዱ ወር ግብር ይከፍላል፡፡
፪) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (፩) መሠረት ከመቀጠር በሚገኝ ወርሀዊ ገቢ ላይ የሚጣ ለው የገቢ ግብር ተቀጣሪው በአንድ ወር ውስጥ በተቀበለውጠቅላላ ወርሃዊ ገቢ ላይ በዚህ አዋጅ አንቀጽ ፲፪ መሠረት ተፈፃሚ የሚሆነውን መጣኔ መሠረት በማድረግ ይሰላል፡፡
፫) ተቀጣሪው በመቀጠር የሚገኘውን ገቢ ለማግኘት የሚያወጣው ማንኛውም ወጪ በተቀናሽ ሊያዝለት አይችልም፡፡

9. Schedules of Income

1) The Proclamation provides for the taxation of income in accordance with the following schedules:
   (a) Schedule 'A',income from employment;
   (b) Schedule 'B', income from rental of buildings;
   (c) Schedule 'C', income from business;
   (d) Schedule 'D', other income;
   (e) Schedule 'E', exempt income.
2) Subject to Article 60(2) of this Proclamation, a taxpayer that derives income from different sources subject to tax underthe same Schedule for a taxyearshall be taxable under the Schedule on the total income for the year.

10. Obligation to Pay Income Tax

Every person deriving income shall pay income tax in accordance with this Proclamation and the TaxAdministration Proclamation.

PART TWO
SCHEDULE 'A' –NCOME FROM EMPLOYMENT

11. Imposition of Employment Income Tax

1) Without prejudice to Article 80 of this Proclamation, Employment income tax shall be imposed for each calendar month or part there of at the rate or rates specified in Article 12 of this Proclamation on an employee who receives employment income during the month or part thereof.
2) The employment income tax imposed on an employee under sub-article (1) of this Article for a month shall be calculated by applying the rate or rates of tax applicable to the employee under Article 12 of this Proclamation to the total employment income received by the employee for the month.

4) Raawwii gabatee kanaa fi Labsii kana keewwata 79 tiif jecha ji'oota Hagayyaa fi Qaammee kaffaltiin galii qaxarriin argamu walitti ida'amee akka miindaa ji'a tokkootti gibirri itti kaffalama.

5) Labsii kana tumaan keewwata 79 keewwata xiqqaa 1 qaxaramaa tokko irratti akka raawwatu kan taasifame yoo ta'e, galii qaxaramuun argame irratti gibirri qaxaramaan kaffale isa dhumaa ta'a. Akkaataa Labsii kana keewwata 83 tiin qaxaraan gibira galii qaxaramaa irraa barbaadamu hir'isee kan hambise yoo ta'e gibirri akka kaffalametti fudhatama.

12.Taarifa Galii Qaxaramuun Argamu Irratti Raawwatamu

Galii qaxaramuun argamu irratti gibira buufamuuf taarifni raawwatiinsa qabaatu kanneen armaan gadii ti:

Galiii qaxaramuun argamu ji'aan qarshiidhaan	Taarifa galii qaxaramuun argamu irratti rawwatiinsa qabaatu
Hanga 600.00	% 0
601.00 - 1,650.00	% 10
1,651.00 - 3,200.00	% 15
3,201.00 - 5,250.00	% 20
5,251.00 - 7,800.00	% 25
7,801.00 - 10,900.00	% 30
10,900.00 ol	% 35

13. Galii Qaxaramuu Irraa Argamu

1) Keewwata kana keewwata xiqqaa 2 fi 3 jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee, galiiwwan qaxaramuu irraa argaman kan jedhaman kanneen armaan gadii ti:
   (a) Qaxaramichi qaxarrii yeroo darbee, kan yeroo ammaa fi kan gara fuula duraa waliin wal qabatee miindaa, durgoo, kaffaltii dabalataa (bonus), komishinii, kennaa jajjabeessituu bu'aa raawwii hojii gaarii yookiin kaffaltii gatii tajaajilaa biroo fudhate;

፬) ለዚህ ሠንጠረዥና ለዚህ አዋጅ አንቀጽ ፸፱ አፈፃፀም ሲባል፤ በነሐሴና በጳጉሜ ወራት የሚከፈለው የቅጥር ገቢ ተደምሮ እንደ የአንድ ወር ደመወዝ ግብር ይከፈልበታል፡፡

፭) በአንድ ተቀጣሪ ላይ የዚህ አዋጅ አንቀጽ ፸፱(፩) ድንጋጌ ተፈፃሚ የተደረገ እንደሆነ በመቀጠር በተገኘው ገቢ ላይ ተቀጣሪው የከፈለው ታክስ የመጨረሻ ይሆናል፡፡ ቀጣሪው በአንቀጽ ፹፫ መሠረት ከተቀጣሪው የሚፈለገውን የገቢ ግብር ቀንሶ ያስቀረ እንደሆነ ግብሩ እንደተከፈለ ይቆጠራል፡፡

፲፪. በመቀጠር በሚገኝ ገቢ ላይ ተፈፃሚ የሚሆኑ መጣኔዎች

ከመቀጠር በሚገኝ ገቢ ላይ ለሚጣለው ግብር ተፈፃሚ የሚሆነው መጣኔ የሚከተለው ነው፤

በየወሩ ከመቀጠር የሚገኝ ገቢ በብር	ከመቀጠር በሚገኝ ገቢ ላይ ተፈፃሚ የሚሆን መጣኔ
0 —600	0%
601-1,650	10%
1,651-3,200	15%
3,201-5,250	20%
5,251-7,800	25%
7,801-10,900	30%
ከ 10,900 በላይ	35%

፲፫. ከመቀጠር የሚገኝ ገቢ

፩) የዚህ አንቀጽ ንዑስ አ ን ቀ ጽ (፪)እና (፫) ድንጋጌዎች እንደተጠበቁ ሆነው፣ ከመቀጠ ር የሚገኙ ገቢዎች ናቸው የሚባሉት የሚከተሉት ናቸው፡
   (ሀ) ሠራተኛው ካለፈው፣ አሁን ካለው ወይም ወደፊት ከሚመጣው ቅጥር ጋር በተያያዘ የተቀበለው ደመወዝ፣ ምንዳ፣አበል፣ ጉርሻ፣ ኮሚሽን፣የመልካም ሥራ አፈፃፀም ማበረታቻ ስጦታ ወይም ሌላ የአገልግሎት ዋጋ ክፍያ፤

3) An employee shall not be allowed a deduction for any expenditure incurred in deriving employment income.

4) For the purposes of this Schedule and Article 79 of this Proclamation, the employment income attributable to the months of Nehassie and Pagumen shall be aggregated and treated as the employment income of a single calendar month.

5) If Article 79(1) applies to an employee, the employment income tax payable by the employee shall be a final tax on the employment income of the employee and the tax shall be discharged if the employer has withheldtax from the income in accordance with Article 83 of this Proclamation.

12.Employment Income Tax Rates

The rates of employment income tax are:

Employment Income (per month) Birr	Employment Income Tax Rate
0 –600	0%
601-1,650	10%
1,651-3,200	15%
3,201-5,250	20%
5,251-7,800	25%
7,801-10,900	30%
Over 10,900	35%

13. Employment Income

1) Subject to sub-rticles (2) and (3) of this Article, employment income means the following:
   (a) salary, wages, an allowance, bonus, commission, gratuity,or other remuneration received by an employee in respect of a past, current, or future employment;

(b) Qaxarrii yeroo darbee, kan yeroo ammaa yookiin kan gara fuula duraa ilaalchisee gatii faayidaa akaakuudhaan argamu qaxaramichi fudhatu;

(c) Qaxaramichi hojii irraa yoo hir'ifamu, hojii yoo gadi dhiisu yookiin hojii akka gadi dhiisu amansiisuuf kaffaltii kaffalamu dabalatee sababa waliigalteen hojii addaan citeef fedhiidhaan, waliigalteedhaan yookiin bu'uura murtii qaama murtii akka kennuuf aangoon kennameefiitiin kaffaltii fudhate kamiyyuu;

2) Galiin qaxaramuu irraa argamu galii gibira irraa bilisa taasifame hin dabalatu.

3) Qaxaraan kamiyyuu gibira qaxaramaan kaffalamuu qabu galii qaxaramaa irraa osoo hin hir'isiin ofuma isaatii qaxaramaaf guutummaan yookiin gar-tokkee isaa yoo kaffaleef; hangi gibiraa qaxaraadhaan kaffalame hanga maallaqaa qaxaramaan qaxarrii irraa argatee gibirri itti kaffalamu irratti ida'amee gibirri shallagama.

4) Manni Maree faayidaa qaxaramaan mindaadhaan ala akaakuudhaan argatu haala gatiin itti murtaa'uu fi gibirri itti kaffalamu ilaachisee dambii ni baasa.

Kutaa Sadii

Gabatee "B", Galii Kiraa Manaa Irraa Argamu

14. Galii Kiraa Manaa Irratti Gibira Buusuu

1) Namni mana kireessuudhaan galii argatu akkaataa Labsii kana keewwata 15 tiin taarifa kaa'ameen tokkoon tokkoo bara gibiraatti gibira galii kiraa manaa ni kaffala.

2) Kaffalaan gibiraa tokko bara gibiraatti galii kiraa manaa irraa argatu irratti gibirri kaffalu akkaataa Labsii kana keewwata 15 jalatti taarifa ibsameen galii waggaa gibirri itti kaffalamu irratti raawwachiisuun kan shallagamu ta'a.

(ለ) ያለፈን፣ የአሁኑን ወይም የወደፊትን ቅጥር አስመልክቶ ሠራተኛው የሚቀበለው የዓይነት ጥቅማ ጥቅም ዋጋ፤

(ሐ) ተቀጣሪው ከሥራ ሲቀነስ፣ ሥራውን ሲለቅ ወይም ሥራውን እንዲለቅ ለማግባባት የሚከፈል ገንዘብን ጨምሮ የሥራ ውል በመቋረጡ ምክንያት በፈቃደኝነት፣በስምምነት ወይም በዳኝነት ውሳኔ መሠረት የተቀበለው ማንኛውም የገንዘብ መጠን፤

፪) በመቀጠር የሚገኝ ገቢ ከግብር ነፃ የተደረገን ገቢ አይጨምርም፡፡

፫) ማንኛውም ቀጣሪ ተቀጣሪው መክፈል የሚኖርበትን ግብር ከተቀጣሪው ገቢ ላይ ሳይ ቀንስ ራሱ ለተቀጣሪው በሙሉ ወይም በከፊል የከፈለለት እንደሆነ፣ በቀጣሪው የተከፈለው የግብር መጠን ተቀጣሪው ከመቀ ጠር ከሚያገኘው ግብር በሚከፈልበት የገን ዘብ መጠን ላይ ተደምሮ ግብሩ ይሰላል፡፡

፬) የክልሉ ምክር ቤት ከደመወዝ ሌላ በዓይነት የሚሰጡ ጥቅማ ጥቅሞች ዋጋ የሚወሰን በትንና ግብር የሚከፈልበትን ሁኔታ አስመልክቶ ደንብ ያወጣል፡፡

ክፍል ሦስት

ሠንጠረዥ "ለ" ከቤት ኪራይ የሚገኝ ገቢ

፲፬. በቤት ኪራይ ገቢ ላይ ግብር ስለመጣል

፩) ቤት በማከራየት ገቢ የሚያገኝ ሰው በዚህ አዋጅ አንቀጽ ፲፭ በተመለከተው መጣኔ ወይም መጣኔዎች መሠረት በእያንዳንዱ የግብር ዓመት የቤት ኪራይ ገቢ ግብር ይከፍላል፡፡

፪) በግብር ዓመቱ አንድ ግብር ከፋይ ከቤት ኪራይ በሚያገኘው ገቢ ላይ የሚከፈለው ግብር በዚህ አዋጅ አንቀጽ ፲፭ ሥር የተመለከቱትን መጣኔዎች ግብር በሚከፈልበት ዓመታዊ ገቢ ላይ ተፈፃሚ በማድረግ ይሰላል፡፡

(b) the value of fringe benefits received by an employee in respect of a past,current, or future employment;

(c) an amount received by an employee on termination of employment, whether paid voluntarily,under an agreement, or as a result of legal proceedings, including any compensation for redundancy or loss of employment, or a golden handshake payment.

2) Employment income shall not include exempt income.

3) If an employer pays the employment income tax payable by an employee, in whole or part, without withholding tax from the employment income of the employee, the amount of tax paid by the employer shall be included in the employment income of the employee.

4) The Council of regional government shall make Regulations for determining the value and taxation of fringe benefits.

Part Three

SCHEDULE 'B' INCOME FROM RENTAL OF BUILDINGS

14. Imposition of Rental Income Tax

1) Rental income tax shall be imposed for each tax year at the rate or rates specified in Article 15 of this Proclamation on a person renting out a building or buildings who has taxable rental income for the year.

2) the rental incometax payable by a taxpayer for a tax year shall be clculated by applying the rate or rates of tax applicable to the taxpayerunder Article 15 of this Proclamation to the taxable rental income of the taxpayer for the year.

3) Gabateen kun akkaataa Labsii kana keewwata 54 tiin galii gibirri galii kiraa itti kaffalamu irratti raawwatiinsa hin qabaatu.

15. Taarifa Gibira Galii Kiraa Manaa

1) Taarifni gibiraa galii kiraa manaa dhaabbilee irratti raawwatiinsa qabu % 30 dha.
2) Taarifni galii kiraa manaa namoota dhuunfaa irratti raawwatiinsa qabu kan armaan gadii ta'a:

Galiii kiraa manaa gibirri itti kaffalamu waggaadhaan	Taarifa galii kiraa manaa
Hanga 7,200.00	% 0
7,201.00 -19,800.00	% 10
19,801.00 - 38,400.00	% 15
38,401.00 - 63,000.00	% 20
63,001.00 - 93,600.00	% 25
93,601-130,800	% 30
130,800.00 ol	% 35

16. Galii Kiraa Manaa Gibirri Itti Kaffalamu

1) Galii kiraa manaa waggaa keessatti kaffalaa gibiraa tokkoon gibirri itti kaffalamu jedhamu kaffalaan gibiraa bara gibiraa keessatti mana kireessuudhaan galii waliigalaa argate irraa baasiin waliigalaa kaffalaa gibiraaf heyyamame irraa hir'ifamee galii hafu dha.
2) Keewwata kana keewwata xiqqaa 3 fi 4 jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee, kaffalaan gibiraa tokko waggaa keessatti mana kireessuun galiin waliigalaa argatu kanneen armaan gadii ni dabalata:
   (a) Daballii gatii kiraa yookiin kaffaltiiwwan walfakkaatan biroo dabalatee akkaataa waliigaltee kiraatiin hanga galii waliigalaa kamiyyuu kaffalaan gibiraa waggaa keessatti argatu;
   (b) Bu'uura waliigaltee kiraatiin kireeffataan kireessaa bakka bu'uun bara gibiraa sana keessatti kaffaltii inni qaama biroof kaffalu;

፫) ይህ ሠንጠረዥ በዚህ አዋጅ አንቀጽ ፶፬ መሠረት የኪራይ ገቢ ግብር ለሚከፈልበት ገቢ ተፈፃሚነት አይኖረውም፡፡

፲፭. የኪራይ ገቢ ግብር መጣኔዎች

፩) በድርጅቶች የኪራይ ገቢ ላይ ተፈፃሚ የሚሆነው የግብር መጣኔ ፴% (ሰላሳ በመቶ) ነው፡፡
፪) በግለሰቦች የኪራይ ገቢ ላይ ተፈፃሚ የሚሆኑት መጣኔዎች የሚከተሉት ናቸው፡፡

ግብር የሚከፈልበት የኪራይ ገቢ በዓመት	የኪራይ ገቢ ግብር መጣኔ
0-7,200	0%
7,201-19,800	10%
19,801-38,400	15%
38,401-63,000	20%
63,001-93,600	25%
93,601-130,800	30%
ከ130,800 በላይ	35%

፲፮. ግብር የሚከፈልበት የቤት ኪራይ ገቢ

፩) የአንድ ግብር ከፋይ ግብር የሚከፈልበት የግብር ዓመቱ የኪራይ ገቢ ነው የሚባለው ግብር ከፋዩ በግብር ዓመቱ ውስጥ ቤት በማከራየት ካገኘው ጠቅላላ ዓመታዊ ገቢ ላይ ለግብር ከፋዩ የተፈቀደው ጠቅላላ ወጪ ተቀናሽ ተደርጎ የሚቀረው ገቢ ነው፡፡
፪) የዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (፫) እና (፬) እንደተጠበቁ ሆነው፣ አንድ ግብር ከፋይ በግብር ዓመቱ ቤት በማከራየት የሚያገኘው ጠቅላላ ገቢየሚከተሉትን ይጨምራል፡፡
   (ሀ) የኪራይ ዋጋ ጭማሪን ወይም ተመሳሳይክፍያዎችን ጨምሮ፣ በኪራይ ውሉ መሠ ረት ግብር ከፋዩ በዓመቱ የሚያገኘው ማናቸውም የገንዘብ መጠን፤
   (ለ) በኪራይ ውሉ መሠረት ተከራዩ አከራዩንበመወከል በግብር ዓመቱ ለሌሎች የሚከፍ ላቸው ክፍያዎች፤

3) This Schedule shall not apply to rental income subject to tax under Article 54.

15. Rental Income Tax Rates

1) The rate of rental income tax applicable to a body is 30%.
2) The rates of rental income tax applicable to an individual are

Taxable rental Income(per year)	Rental Income Tax Rate
0 - 7,200	0%
7,201-19,800	10%
19,801-38,400	15%
38,401-63,000	20%
63,001-93,600	25%
93,601-130,800	30%
Over 130,800	35%

16. Taxable Rental House Income

1) The taxable rental income of a taxpayerfor a tax year is thegross amount of income derived by the taxpayer from the rental of a building for the year reduced by the total amount of deductions allowed to the taxpayer for the year.
2) Subject to sub-articles (3) and (4) of this Article, the gross amount of income derived by a taxpayer from the rental of a building for a tax year shall include the following
   (a) all amounts derived by the tax payer during the year under the lease agreement, including any lease premium or similar amount;
   (b) all payments made by the lessee during the year on behalf of the less or according to the lease agreement;

(c) Kaffalaan gibiraa miidhaa mana irra gahe sirreessuuf kan itti hin fayyadamnee fi miidhaa manicha irra gahu sirreessuuf akka ooluuf kan qabatee fi bara gibirichaatti boondii yookiin wabummaa yookiin hanga maallaqaa wal fakkaatu kaffalaa gibiraatiif galii ta'e;

(d) Kaffaltii kiraa manaa kaffalaa gibiraaf kaffalamutti dabalataan bu'uura waliigaltee kiraatiin kireeffataan ofii isaatiin suphaa yookiin fooyyessa manichaatiif maallaqa inni baasii godhu.

3) Kaffalaan gibiraa manicha kan kireesse meeshaalee waliin yoo ta'e, galiin waliigalaa kaffalaan gibiraa argate galii kiraa meeshaa irra argames ni hammata.

4) Galiin waliigalaa kaffalaan gibiraa mana kireessuun argatu galii gibira irraa bilisa ta'e hin dabalatu.

5) Kaffalaan gibiraa galmee herregaa qabachuuf dirqama hin qabne bara gibiraa tokko keessatti galii gibirri itti kaffalamu yeroo shallagamutti baasiiwwan armaan gadii akka hir'ifamaatti qabamu:

(a) Taaksii osoo hin dabalatiin lafichaaf yookiin mana kireeffame waliin walqabatee kaffalaan gibiraa mootummaf yookiin bulchiinsa magaalaaf bara gibiraachaa keessatti kaffaltiiwwan kaffale;

(b) Mana yookiin mi'aa fi meeshaa manaa haaromsuuf, suphaaf, hir'ifama dullumaaf kan ta'u maallaqa waliigalaa kiraa manaa, mi'a manaa fi meeshaa irraa argate keessaa % 50.

6) Tumaan keewwata kana keewwata xiqqaa 5 akkaataa Labsii kanaatiin kaffaltoota gibiraa galmee herregaa qabachuuf dirqama qaban irratti sababa kamiiniyyuu raawwatiinsa hin qabaatu.

(ሐ) ግብር ከፋዩ ጉዳቱን ለማስተካከል ያልተጠቀመበት እና በቤቱ ላይ ለሚደርሰው ጉዳት ማስተካከያ ይሆን ዘንድ የያዘው እና በግብር ዓመቱ ለግብር ከፋዩ ገቢ የተደረገው ማንኛውም ቦንድ፣ ዋስትና ወይም ተመሳሳይ የገንዘብ መጠን፤

(መ) ለታክስ ከፋዩ ከሚከፈለው ኪራይ በተጨማሪ በኪራዩ ውል መሠረት ተከራዩ ራሱ ለቤቱ እድሳት ወይም ማሻሻያ የሚያወጣው ገንዘብ፤

፫) ግብር ከፋዩ ቤቱን ያከራየው ከዕቃዎች ጋር በሚሆንበትጊዜ፣ ያገኘው ጠቅላላ ገቢ ከዕቃዎቹ የተገኘውን የኪራይ ገቢም ያጠቃልላል፡፡

፬) ግብር ከፋዩ ቤት በማከራየት የሚያገኘው ጠቅላላ ገቢ ከገቢ ግብር ነፃ የሆነን ገቢ አይጨምርም፡፡

፭) በአንድ የግብር ዓመት የሂሳብ መዝገብ የመያዝ ግዴታ የሌለበት ግብር ከፋይ ግብር የሚከፈልበት ገቢ በሚሰላበት ጊዜ የሚከተሉት ወጪዎች በተቀናሽ ይያዛሉ፡-

(ሀ) ታክስን ሳይጨምር ለመሬቱ ወይም ከተከራየው ቤት ጋር በተገናኘ ግብር ከፋዩ ለመንግሥት ወይም ለከተማ አስተዳደር በግብር ዓመቱ ውስጥ የከፈላቸው ክፍያዎች፤

(ለ) ለቤቶች፣ ለቤት ዕቃና መሣሪያ ማደሻ፣መጠገኛና ለእርጅና መተኪያ የሚሆን ከቤት፣ ከቤት ዕቃ እና ከመሳሪያ ኪራይ ከሚገኘው ጠቅላላ ገንዘብ ላይ ሃምሳ በመቶ፤

፮) የዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (፭) ድንጋጌ በማናቸውም ምክንያት በዚህ አዋጅ መሠረት የሂሣብ መዝገብ የመያዝ ግዴታ ላለባቸው ግብር ከፋዮች ተፈፃሚ ሊሆን አይችልም፡፡

(c) the amount of any bond,security,orsimilar amount that, during the year, the taxpayer is entitled to retain as a result of damage to the building and that has not been used by the tax payer in repairing the damage to the building;

(d) the value of any renovation or improvement made under the lease agreement to the building when the cost was borne by the lessee in addition to the rent payable to the taxpayer.

3) If a taxpayer leases a furnished building, the gross amount of income derived by the taxpayer from the lease of the building shall include any amount attributable to the lease of the furniture or equipment.

4) The gross amount of income derived bya taxpayer from the lease of a building shall not include exempt income.

5) In computing the taxable rental income for a tax year of a taxpayer who does not maintain books of account, adeduction shall be allowed for the following amounts:

(a) any fees and charges, but not tax levied by a State or City Administration in respect of the land or building leased and paid by the taxpayer during the year;

(b) an amount equal to fifty percent (50%)of the gross rental income derived by the taxpayer for the year as an allowance for the repair, maintenance and depreciation of the building, furniture, and equipment.

6) The provisions of sub-article 5 of this Article shall not be applicable for taxpayers who are required to maintain books of account under this Proclamation, for any reason what so ever.

7) Kaffalaan gibiraa galmee herregaa qabatu bara gibirichaatti galii gibirri itti kaffalamu yommuu shallagamu baasii galii kana argachuuf bahee fi baasii barbaachisaa kaffalaa gibiratiin kaffalame kan hir'ifamu ta'ee; baasiin kunis kanneen armaan gadii ni dabalata:
   (a) Kiraa lafaa bakka manichi irra qubate;
   (b) Baasii suphaa;
   (c) Hir'ifama dulluma manichaa, mi'ootaa fi meeshaawwan manaa;
   (d) Dhalaa fi araboonii inshuraansii;
   (e) Taaksii osoo hin dabalatiin lafichaaf yookiin mana kireeffame waliin walqabatee kaffalaan gibiraa kaffaltiiwwan mootummaa yookiin bulchiinsa magaalaatiif kaffale;

17. Kireeffatee Kireessaa

1) Kirreeffatee kireessan bara gibiraa tokko keessatti galii gibirri itti kaffalamu argateera kan jedhamu kireeffatee kireessaan bara gibiraa keessatti galii waliigalaa kiraa irraa argatu keessaa kiraa kireessaa muummeedhaaf kaffalamu akkasumas baasiiwwan barbaachisoo biroo galicha argachuuf baase erga hir'ifamee booda maallaqa hafu dha.
2) Abbaan qabeenyaa manaa kireeffataan akka mana kirreeffate deebisee kireessu heeyyamu, kireeffataan gibira galii kiraa osoo hin kaffalin yoo hafe bakka isaa bu'ee gibiricha kaffaluuf dirqama ni qabaata.

18. Mana Haaraa Kireeffamu Beeksisuu

1) Manni kireeffamuuf ijaaramu akkuma ijaaramee xumurameen yookiin kireeffameen lamaanuu keessaa yeroo dursutti abbaan manichaa fi konteraakterri manicha ijaare ijaarsi manichaa xumuramuu isaa yookiin kireeffamuu isaa galii kiraa irraa argamu irratti maqaa nama gibira kaffaluu qabuu, teessoo fi lakkoofsa eenyummeessaa kaffalaa gibiraa, bulchiinsa gandaa yookiin bulchiinsa naannawaa manichi itti argamutti beeksisuuf dirqama qabu.

፯) የሂሳብ መዝገብ የሚይዝ ግብር ከፋይ በግብር ዓመቱ ግብር የሚከፈልበት ገቢ በሚሰላበት ጊዜ ገቢውን ለማግኘት የወጣና በግብር ከፋዩ የተከፈለ አስፈላጊ የሆነ ወጪ ተቀናሽ የሚደረግ ሲሆን፣ ይህም ወጪ የሚከተሉትን ይጨምራል፡
   (ሀ) ቤቱ ያረፈበት መሬት ኪራይ፤
   (ለ) የጥገና ወጪ፤
   (ሐ) የቤቱ፣ የቤት ዕቃዎችና የመሣሪያዎች የእርጅና ቅናሽ፤
   (መ) ወለድና የመድን አረቦን፤
   (ሠ) ታክስን ሳይጨምር ለመሬቱ ወይም ከተከራየው ቤት ጋር በተገናኘ ግብር ከፋዩ ለመንግሥት ወይም ለከተማ አስተዳደር የከፈላቸው ክፍያዎች፤

፲፯. የተከራይ አከራዮች

፩) የተከራይ አከራይ በግብር ዓመቱ ያገኘው ግብር የሚከፈልበት ገቢ ነው የሚባለው የተከራይ አከራዩ በግብር ዓመቱ ከተቀበለው ጠቅላላ የኪራይ ገቢ ላይ ለዋናው አከራይ የሚከፍለው ኪራይ እንዲሁም ገቢውን ለማግኘት ያወጣቸው ሌሎች አስፈላጊ ወጪዎች ከተቀነሱ በኋላ የሚቀረው ገንዘብ ነው
፪) ተከራይ የተከራየውን ቤት መልሶ እንዲያከራይ የሚፈቅድ የቤት ባለቤት ተከራዩ ግብሩን ሳይከፍል ቢቀር ስለእርሱ ሆኖ ግብሩን የመክፈል ኃላፊነት ይኖርበታል፡፡

፲፰. የሚከራይ አዲስ ቤትን ስለማሳወቅ

፩) ለኪራይ የሚሰራ ቤት ተሰርቶ እንዳለቀ ወይም ቤቱ እንደተከራየ፣ ከሁለቱ በሚቀድመው ጊዜ የቤቱ ባለቤትና የቤቱ ሥራ ተቋራጭ የቤቱ ግንባታ የተጠናቀቀ ወይም የተከራየ መሆኑን ከቤቱ ኪራይ በሚገኘው ገቢ ላይ የሚፈለገውን ግብር መክፈል ያለበትን ሰው ስም፣አድራሻና የታክስ ከፋይ መለያ ቁጥር፣ቤቱ ለሚገኝበት የቀበሌ አስተዳደር ወይም የአካባቢ አስተዳደር ማሳወቅ አለባቸው፡፡

7) In computing the taxable rental income for a tax year of a taxpayer who maintains books of account a deduction shall be allowed for any expenditures to the extent necessarily incurred by the taxpayer in deriving rental income and paid during the year including:
   (a) The cost of the lease of land on which the building is situated;
   (b) Repairs and maintenance;
   (c) depreciation of the building, furniture and equipment;
   (d) Interest and insurance premiums; and
   (e) Fees and charges, but not tax,levied by aregion or City Administration in respect of the land or building leased.

17. Sub-leases

1) The taxable rental income of a sub-lesser of a building for a tax year shall be the difference between the total rental income received by the sub-lesser during the year and the total rental income paid to the lesser of the building plus other expenses to the extent necessarily incurred by the sublesser to generate the income.
2) The owner of a building who allows a lessee to sub-lease the building shall be liable for the rental income tax payableby the lessee if the lessee fails to pay the tax.

18. New Rental Building Notification

1) At the earlier of the time construction of a rental building is completed or when the building is rented, the ownerof the building and the builder shall notify the kebele administration or local administration in which the building is located about the completion and the name, address, and TIN of the person liable for rental income tax with respect to the building.

2) Bulchiinsi gandichaa fi bulchiinsi naannawaa bu'uura beeksisa kanaatiin ragaa argate Abbaa Taayitichaatiif beeksisuu qabu.

Kutaa Afur
Gabatee "C", Galii Hojii Daldala Irraa Argamu

19. Galii Hojii Daldalaa Irratti Gibira Buusuu

1) Kutaa kana keessatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee, bara gibiraa tokko keessatti namni galii gibirri itti kaffalamu argatu, tokkoon tokkoo bara gibiraatiif akkaataa Labsii kana keewwata 20 tiin taarifa tarreeffameen gibira galii hojii daldalaa ni kaffala.
2) Gibirri galii hojii daldalaa kaffalaan gibiraa bara gibiraa tokko keessatti kaffalu kan shallagamu taarifa Labsii kana keewwata 20 jalatti ibsame galii waggaa kaffalaa gibira gibirri itti kaffalamu irratti raawwatiinsa akka qabaatu taasisuudhaani.

20. Taarifa Gibira Galii Hojii Daldalaa

1) Taarfni gibira galii hojii daldalaa dhaabbilee irratti raawwatiinsa qabu % 30 dha.
2) Taarifni gibira galii hojii daldalaa nama dhuunfaa irratti raawwatiinsa qabaatu kanneen armaan gadii ta'a:

Galiii hojii daldalaa irraa argamu kan gibirri itti kaffalamu waggaadhaan	Taarifa gibira galii hoji daldalaa
Hanga 7,200.00	% 0
7,201.00 - 19,800.00	% 10
19,801.00 - 38,400.00	% 15
38,401.00 - 63,000.00	% 20
63,001.00 - 93,600.00	% 25
93,601.00 - 130,800.00	% 30
130,800.00 ol	% 35

፪) የቀበሌው አስተዳደር እና የአካባቢው አስተዳደር በማስታወቂያው መሠረት የተገኘውን መረጃ ለባለሥልጣኑ መግለጽ አለባቸው፡፡

ክፍል አራት
ሠንጠረዥ "ሐ" ከንግድ ሥራ የሚገኝ ገቢ

፲፱. በንግድ ሥራ ገቢ ላይ ግብርን ስለመጣል

፩) በዚህ ክፍል የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ፤ በግብር ዓመቱ ግብር የሚከፈልበት ገቢ ያለው ሰው በእያንዳንዱ የግብር ዓመት በዚህ አዋጅ አንቀጽ ፳ በተመለከተው መጣኔ ወይም መጣኔዎች መሠረት የንግድ ሥራ ገቢ ግብር ይከፍላል፡፡

፪) አንድ ግብር ከፋይ በአንድ የግብር ዓመት የሚከፍለው የንግድ ሥራ ገቢ ግብር የሚሰላው በዚህ አዋጅ አንቀጽ ፳ የተመለከተው መጣኔ ወይም መጣኔዎች በግብር ከፋዩ የግብር ዓመት ግብር የሚከፈልበት ገቢ ላይ ተፈፃሚ እንዲሆኑ በማድረግ ነው፡፡

፳. በንግድ ሥራ ገቢ ላይ ተፈፃሚ የሚሆኑ መጣኔዎች

፩) በድርጅት ላይ ተፈፃሚ የሚሆነው የንግድ ሥራ ገቢ የግብር መጣኔ ሰላሳ በመቶ (፴%) ነው፡፡

፪) በግለሰብ ላይ ተፈፃሚ የሚሆኑት የንግድ ሥራ ገቢ ግብር መጣኔዎች የሚከተሉት ናቸው፡፡

ግብር የሚከፈልበት የኪራይ ገቢ	የኪራይ ገቢ ግብር
በዓመት	መጣኔ
0-7,200	0%
7,201-19,800	10%
19,801-38,400	15%
38,401-63,000	20%
63,001-93,600	25%
93,601-130,800	30%
ከ130,800 በላይ	35%

2) The Kebele Administration or Local Administration shall communicate the information contained in the notification to the Authority.

Part Four
Schedule 'C' Income From Business

19. Imposition of Business Income Tax

1) Subject to provisions of this Part, business income tax shall be imposed for each tax year at the rate or rates specified in Article 20 of this Proclamation on a person conducting business that has taxable income for the year.
2) The business income tax payable by a taxpayer for a tax year shall be calculated by applying the rate or rates of tax applicable to the tax payer under Article 20 of this Proclamation to the taxable incomeof the taxpayer for the year.

20. Business Income Tax Rates

1) The rate of business income tax applicable to a body is [30%].
2) The rates of business income tax applicable to an individual are:axable Business

Income (per year) Birr	Business Income Tax Rate
0 - 7,200	0%
7,201-19,800	10%
19,801-38,400	15%
38,401-63,000	20%
63,001-93,600	25%
93,601-130,800	30%
Over 130,800	35%

3) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti kan tumame jiraatuyyuu, interpiraayizoonni xixiqqaan gibira kan kaffalan bu'uura taarifa keewwata kana keewwata xiqqaa 2 jalatti tumameen ta'a.

4) Raawwii keewwata kanaatiif "Interpiraayizoota Xixiqqaa" kan jedhu Dambii Deeggarsa Misooma Interpiraayizoota Maayikiroo fi Xixiqqaa Naannoo Oromiyaa Lakk. 139/2004 tiin kennameef ni qabaata.

21. Galii Hojii Daldalaa Gibirri Itti Kaffalamu

1) Galii hojii daldalaa waggaa kaffalaa gibiraa gibirri itti kaffalamu kan jedhamu galii waliigalaa kaffalaan gibiraa waggaa keessatti hojii daldalaatiin argate irraa baasiin waliigalaa kaffalaa gibiraaf heyyamame hir'ifamee hanga galii argamu dha.

2) Tumaalee Labsii kanaa, dambii manni maree baasuu fi qajeelfama Abbaan Taayitichaa baasu akkuma jirutti ta'ee, galiin kaffalaan gibiraa waggaa keessatti gibira itti kaffalu kan murtaa'u kaffalaan gibiraa bu'uura sadarkaalee dhiyeessa gabaasa faayinaansii hordofuutiin ibsa bu'aa fi kasaaraa yookiin ibsa galii inni qopheessu irratti hundaa'uun ta'a.

22. Galii Hojii Daldalaa

1) Tumaaleen Labsii kanaa akkuma eegamanitti ta'ee, bara gibiraa tokko keessatti galiin hojii daldalaa kaffalaa gibiraa kanneen armaan gadiitti tarreeffaman ni dabalata:

   (a) Galii qaxaramuu irraa argamu osoo hin dabalatiin kaffalaan gibiraa meeshaalee gurguruu fi jijjiiruun akkasumas tajaajila kennuun hanga mallaqaa argatu dabalatee hanga mallaqaa waliigalaa hojii daldalaatiin bara gibiraa keessatti argate;

፫) የዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (፩) ድንጋጌ ቢኖርም ጥቃቅን ኢንተርፕራይዞች ግብር የሚከ ፍሉት በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (፪) ሥር በተመለከቱት መጣኔዎች መሠረት ይሆናል፡፡

፬) ለዚህ አንቀጽ አፈፃፀም" ጥቃቅን ኢንተርፕ ራይዞች" የሚለው የኦሮሚያ ጥቃቂንና አነስተኛ ኢንተርፕራይዞችን ለመደገፍ በወጣ ው ደንብ ቁጥር ፻፴፱/፪ሺ፬ የተሰጠውን ትርጉም ይይዛል፡፡

፳፩. ግብር የሚከፈልበት የንግድ ሥራ ገቢ

፩) የአንድ ግብር ከፋይ ግብር የሚከፈልበት ዓመታዊ የንግድ ሥራ ገቢ ነው የሚባለው ከንግድ ሥራ ከተገኘ ጠቅላላ የግብር ዓመቱ ገቢ ላይ ለግብር ከፋዩ የተፈቀዱት ወጪዎች ተቀናሽ ከተደረጉ በኋላ የሚገ ኘው የገቢ መጠን ነው፡፡

፪) በዚህ አዋጅ ሌሎች ድንጋጌዎች፣ የክልሉ ምክር ቤት በሚያወጣቸው ደንቦች እና ባለሥልጣኑ በሚያወጣቸው መመሪያዎች የተመለከቱት እንደተጠበቁ ሆነው፣ የአንድ ግብር ከፋይ ግብር የሚከፈልበት የግብር ዓመቱ ገቢ የሚወሰነው ግብር ከፋዩ በፋይናንስ ሪፖርት አቀራረብ ደረጃዎች መሠረት በሚያዘጋጀው የትርፍና ኪሳራ ወይም የገቢ መግለጫ ላይ በመመስረት ይሆናል፡፡

፳፪. የንግድ ሥራ ገቢ

፩) የዚህ አዋጅ ሌሎች ድንጋጌዎች እንደተጠበቁ ሆነው፤ በአንድ የግብር ዓመት የአንድ የን ግድ ሥራ ገቢ ግብር ከፋይ የንግድ ሥራ ገቢ የሚከተሉትን ይጨምራል፡-

   (ሀ) ከመቀጠር የሚገኝ ገቢን ሳይጨምር ግብር ከ ፋ ዩ ዕቃዎችን በማስተላለፍ እንዲሁም አገልግሎቶችን በመስጠት የሚያገኘውን የገንዘብ መጠን ጨምሮ በግብር ዓመቱ ከንግድ ሥራ ያገኘው ጠቅላላ ገንዘብ መጠን፤

3) Notwithstanding sub-article (1)of this Article Micro Enterprises shall pay income tax in accordancewith rates prescribed under sub-article (2) of this Article.

4) For the purpose of this Article "Micro Enterprises" shall have the meaning provided under the oromia regional government Regulations No. 139/2004 issued to provide insentive for small enterprise

21. Taxable Business Income

1) The taxable business income of a tax payer for a tax yearshall be the total business income of the taxpayer for theyear reduced by the total deductions allowed to the taxpayer for the year.

2) The taxable business income of a taxpayer for a tax yearshall be determined in accordance with the profit and loss, or income statement, of the taxpayer for the year prepared in accordance with the financial reporting standards, subject toother provisions of this Proclamation, Regulations issued by the Council of regonal government,and Directives issued by the Autority.

22. Business Income

1) Subject to other provisions of this Proclamation, the business income of a taxpayer for a tax year shall include the following:

   (a) the gross amounts derived by the taxpayer during the year from the conduct of a business, including the gross proceeds from the disposal of trading stock and thegross fees for the provision of services (other than employment income);

(b) Meeshaa daldalaaf oolu osoo hin dabalatiin,bara gibiraa keessatti hanga maallaqaa qabeenya hojii daldalaa dabarsuun argate;

(c) Bu'uura Labsii kanaatiin hanga maallaqaa biroo kamiyyuu bara gibiraatiif galii kaffalaa gibiraa ta'ee fudhatamu.

2) Galiin hojii daldalaa irraa argamu galii gibira irraa bilisa ta'e hin dabalatu.

3) Keewwata kana keewwata xiqqaa 4 jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee, akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1 (b) tiin galii hojii daldalaa keessatti haammatamu galiin qabeenya hojii daldalaa dabarsuun argamu gatii galmee bu'aa qulqulluu qabeenya hojii daldalichaatiin oli ta'e qabeenyi hojii daldalichaa yeroo darbu galii qabeenya darbe irraa argamudha.

4) Qabeenyi hojii daldalaa tokko akkaataa Labsii kana keewwata 55 tiin gibirri kan itti kaffalamu yoo ta'e:

(a) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1(b) tiin qabeenya hojii daldalaa galii hojii daldalaa keessatti hammatamu dabarsuun galiin argamu baasii qabeenya hojii daldalichaatiif taasifame hanga maallaqaa gatii galmee bu'aa qulqulluu qabeenya hojii daldalichaa kan caalu yoo ta'u;

(b) Bu'aa baasii ol argamu irratti akkaataa Labsii kana keewwata 55 tiin gibirri itti kaffalama.

23. Baasiiwwan Hir'ifaman

1) Tumaaleen Labsii kanaa akkuma eegamanitti ta'ee, bara gibiraatti galii kaffalaan gibiraa gibira itti kaffalu murteessuuf baasiiwwan akka hir'ifamatti kanneen armaan gadii ni dabalatu:

(a) Galii hojii daldalichaa keessatti galiiwwan hammataman argachuuf, hojii daldalichaaf wabummaa kennuu fi hojii daldalichaa itti fufsiisuuf baasiiwwan barbaachisoo bara gibiraa keessatti kaffalaa gibiraatiin taasifaman;

(ለ) ለንግድ የሚውል ዕቃን ሳይጨምር በግብር ዓመቱ የንግድ ሥራ ሀብትን በማስተላለፍ የሚገኝ የገንዘብ መጠን፤

(ሐ) በዚህ አዋጅ መሠረት ለግብር ዓመቱ የግብር ከፋዩ ገቢ ተደርጎ የሚወሰድ ሌላ ማንኛውም የገንዘብ መጠን፤

፪) ከንግድ ሥራ የሚገኝ ገቢ ከገቢ ግብር ነፃ የተደረገን ገቢ አይጨምርም፡፡

፫) የዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (፬) ድንጋጌ እንደተጠበቀ ሆኖ፣ በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (፩)(ለ) መሠረት በንግድ ሥራ ገቢ ውስጥ የሚካተተው የንግድ ሥራ ሀብትን በማስተላለፍ የሚገኝ ገቢ ከንግድ ሥራ ሀብቱ የ መዝገብ ዋጋ በላይ የሆነው የንግድ ሥራ ሀብቱ በሚተላለፍበት ጊዜ ከተላለፈው ሀብት የተገኘው ገቢ ነው፡፡

፬) አንድ የንግድ ሥራ ሀብት በዚህ አዋጅ አንቀጽ ፶፭ መሠረት ግብር የሚከፈልበት ከሆነ፡-

(ሀ) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (፩)(ለ) መሠረት በንግድ ሥራ ገቢ ውስጥ የሚካ ተተውን የንግድ ሥራ ሀብትን በማስተ ላለፍ የሚገኘውን ገቢ ለንግድ ሥራውሀብ ት የተደረገው ወጪ ከንግድ ሥራው ሀብ ት የተጣራ የመዝገብ ዋጋ የሚበልጠው የገንዘብ መጠን ሲሆን፤

(ለ) ከወጪው በላይ በሚገኘው ጥቅም ላይ በአንቀጽ ፶፭ መሠረት ግብር ይከፈልበታል፡፡

፳፫. ተቀናሽ የሚደረጉ ወጪዎች

፩) የዚሀ አዋጅ ድንጋጌዎች እንደተጠበቁ ሆነው፣ በግብር ዓመቱ የግብር ከፋዩን ግብር የሚከፈልበት ገቢ ለመወሰን በተቀናሽ የሚያዙት ወጪዎች የሚከተሉትን ይጨምራሉ፡-

(ሀ) በንግድ ሥራው ገቢው ውስጥ የተካተቱትን ገቢዎች ለማግኘት፣ ለንግዱ ሥ ራ ዋስትና ለመስጠትና የንግድ ሥራውን ለማስቀጠል በግብር ከፋዩ በግብር ዓመቱ ውስጥ የተደረጉ አስፈላጊ የሆኑ ወጪዎች፤

(b) a gain on disposal of a business asset (other than trading stock) made by the taxpayer during the tax year;

(c) any other amount included in business income of the taxpayer for the tax year under this Proclamation.

2) Business income shall not include an amount that is exempt income.

3) Subject to subarticle (4) of this Article,the gain on disposal of a business asset included in business income under sub-article (1)(b) of this Article is the amount by which theconsideration for the disposal of theasset exceeds the net book value of the asset at the time of disposal.

4) If a business asset is a taxable asset under Article 55 of this Proclamation:

(a) the gain on disposal of the asset included in business income under sub-article (1)(b) of this Article is the amount (if any) by which the cost of the asset exceeds the net book value of the asset at the time of disposal; and

(b) any gain above cost is taxable under Article 55.

23. Deductible Expenditures

1) Subject to provisions of this Proclamation, in determining the taxable income of a taxpayer for a tax year, the deductions allowed to a taxpayer shall include the following:

(a) Any expenditure to the extent necessarily incurred bythe taxpayer during the year in deriving,securing,and maintaining amounts included in business income;

(b) Akkaataa sadarkaalee gabaasa faayinaansiitiin kan shallagame bara gibiraa keessatti baasii meeshaa daldalaa gurgurameef kaffalaa gibiraatiin bahe;
(c) Akkaataa Labsii kana keewwata 26tiin murtaa'uun galii hojii daladaala argachuuf qabeenya hojii irra oolan gatiin isaanii hir'atuu fi qabeenya hojii daldala kiliyaa (intanjable property) hir'ifama dullumaa waliigalaa bara gibiraa keessatti herregamu;
(d) Kaffalaan gibiraa bara gibirichaatti meeshaa daldaalaa osoo hin dabalatiin kisaaraa qabeenyaawwan hojii daldalaa gurguruudhaan yookiin jijiiruudhaan isa mudatu;
(e) Bara gibirichaatiif akkaataa Labsii kanaatiin kaffalaa gibiraatiif baasiiwwan biroo kamiyyuu akka hir'ifamaatti eeyyamamuuf.

2) Qabeenyi gibirri itti kaffalamu qabeenya gatiin isaa hir'atu yoo ta'e malee, kasaaraa yeroo qabeenyi gibirri itti kaffalamu darbu qaqqabuuf Labsii kana keewwatni 55 raawwatiinsa kan qabaatu yommuu ta'u, keewwata kana keewwata xiqqaa 1 (d)'n garuu raawwatiinsa hin qabaatu.

3) Raawwii keewwata kana keewwata xiqqaa 1(d) tiif, kasaaraa qabeenya daldalaa dabarsuudhaan qaqqabu kan jedhamu yeroo qabeenyichi gurgurametti hangi maallaqa gatii galmee bu'aa qulqulluu qabeenyichaa hanga gatii qabeenyichi itti darbe caaleeni dha.

24. Baasii Dhalaa

1) Keewwata kana keewwata xiqqaa 2 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, kaffalaan gibiraa liqii yookiin idaa biroo fudhate yookiin waliigalteen taasise galii hojii daldalaa isaa argachuuf kan oolche hanga ta'etti dhalli kanaan wal qabatee kaffalame bara gibiraa keessatti galii gibirri itti kaffalamu kaffalaa gibiraatti yeroo murtaa'u akka baasiitti qabamaaf.

(ለ) በፋይናንስ ሪፖርት አቀራረብ ደረጃዎች በተመለከተው መሠረት የተሠላ በግብር ዓመቱ በግብር ከፋዩ ለተሸጠ የንግድ ዕቃ የወጣ ወጪ፤
(ሐ) በዚህ አዋጅ አንቀጽ ፳፮ በሚወሰነው መሠረት የንግድ ሥራ ገቢን ለማግኘት ሥራ ላይ የዋሉ ዋጋቸው የሚቀንስ ሀብቶች እና ግዙፋዊ ሀልዎት ለሌላቸው የንግድ ሥራ ሀብቶች በግብር ዓመቱ የሚታሰበው ጠቅላላ የእርጅና ቅናሽ፣
(መ) ግብር ከፋዩ የንግድ ዕቃን ሳይጨምር በግብር ዓመቱ የንግድ ሥ ራ ሀብትን ሲያስተላልፍ የሚገጥመው ኪሳራ፣
(ሠ) ለግብር ዓመቱ በዚህ አዋጅ መሠረትለግብር ከፋዩ በተቀናሽነት የሚፈቀድ ሌላ ማናቸውም ወጪ፣

፪) ግብር የሚከፈልበት ሀብት ዋጋው የሚቀንስሀብት ካልሆነ በስተቀር፣ ግብር የሚከፈልበት ሀብት በሚተላለፍበት ጊዜ ለሚደርስ ኪሳራ የዚህ አዋጅ አንቀጽ ፶፭ ተፈፃሚ የሚሆን ሲሆን፣ የዚህ አንቀጽ ንዑስ አን ቀጽ(፩)(መ) ግን ተፈፃሚ አይሆንም፡፡

፫) ለዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (፩)(መ) አፈፃፀም፤ የንግድ ሥራ ሀብትን በማስተላለፍ የሚደርስ ኪሳራ የሚባለው ሀብቱ በተላለ ፈበት ጊዜ የሀብቱ የተጣራ የመዝገብ ዋጋ ሀብቱ ከተላለፈበት ዋጋ በሚበልጠው የገንዘብ ልክ ነው፡፡

፳፬. የወለድ ወጪ

፩) የዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ(፪) እንደተጠበቁ ሆነው፤ግብር ከፋዩ የወሰደውን ብድር ወይ ም ሌላ ዕዳ ወይም ያደረገውን ስምምነት የንግድ ሥራ ገቢውን ለማግኘት ተግባር ያዋ ለው እስከሆነ ድረስ ከዚህ ጋር በተያያዘ የተከፈለው ወለድ የግብር ከፋዩ የግብር ዓመቱ ግብር የሚከፈልበት ገቢ በሚወሰ ንበት ጊዜ እንደወጪ ይያዝለታል፡፡

(b) The cost of trading stock disposed of by the taxpayer during the year as determined in accordance with the financial reporting standards;
(c) The total amount by which the depreciable assets and business intangibles of the taxpayer have declined in value during the year from use in deriving business income as determined under Article 26 of this Proclamation;
(d) A loss on disposal of a business asset (other than trading stock) disposed of by the taxpayer during the year;
(e) Any other amount allowed as adeduction to the taxpayer under this Proclamation for the year.

2) Article 55 of this Proclamation and not sub-article (1)(d) of this Article shall apply to a loss on disposal of a taxable asset except when the taxable asset is a depreciable asset.

3) For the purposes of sub-article (1)(d) of this Article, a loss on disposal of a business asset is the amount by which the net book value of the asset at the time of disposal exceeds the consideration for the disposal.

24. Interest Expenditure

1) Subject to subarticle (2) of this Article, indetermining the taxable income of a taxpayer for a tax year, the taxpayer shall be allowed a deduction for any interest incurred by the taxpayer in a tax year to the extent that the taxpayer has used the proceeds or benefit of the debt or other instrument or agreement that gives rise to the interest to derive business income.

2) Baasiiwwan kanatti aananiif hir'ifamni hin heeyyamamu:
   (a) Dhalichi hanga dhala liqii Baankii Biyyoolessaa fi Baankii Daladalaa gidduutti taasifamu irratti shallagamu % 2'n kan caalu yoo ta'e, akka hir'ifamaatti hin qabamu; haa ta'u malee dhalichi:
   (b) Dhaabbata faayinaansii Baankii Biyyoolessaatiin beekamtiin kennameef; yookiin
   (c) Baankii biyya alaa namoota Itiyoophiyaa keessa jiraataniif liqii akka kennu heeyyamameef, kan kaffalame yookiin kan kaffalamu yoo ta'e akka hir'ifamaatti ni qabama.
   (d) Galiin dhalichaa galii hojii daldalaa nama quunnamtii qabuu keessatti kan hin hammatamne yoo ta'ee malee, dhala kaffalaan gibiraa tokko nama jiraataa Itiyoophiyaa quunnamtii qabuuf kaffale yookiin kaffalu.

25. Kennaawwan Kaayyoo Tola Ooltummaatiif Taasifaman

1) Galiin waggaa kaffalaan gibiraa gibirri itti kaffalamu yeroo murtaa'utti kennaan kaffalaan gibiraa taasise hir'ifama kan taasifamu kennichi kanneen armaan gadiitiif kan taasifame yoo ta'e dha:
   (a) Dhaabbata yookiin waldaa tola ooltota Itiyoophiyaa keewwata kana keewwata xiqqaa 3 jalatti ibsameef; yookiin
   (b) Waamicha mootummaan taasiseen kenna misoomaaf, walabummaa biyyattii fi tokkummaa kabachiisuuf yookiin balaa yookiin weerara uumamaa yookiin nam-tolchee ittisuuf yookiin waamicha kana fakkaataniif deebii kennuuf kan taasifame yoo ta'edha.
2) Kaffalaa gibiraatiif akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1 tiin hir'ifamni waliigalaa heeyyamamu, galii waggaa kaffalaa gibiraa gibirrii itti kaffalamu %10 caaluu hin qabu.

፪) ለሚከተሉት ወጪዎች ተቀናሽ አይፈቀድም፡-
   (ሀ) ወለዱ በብሔራዊ ባንክ እና በንግድ ባንኮች መካከል በተደረገ ብድር ከሚ ታሰብ የወለድ መጣኔ ፪% (ሁለት በመቶ) የሚበልጥ ከሆነ በተቀናሽ አይያዝም፤ ነገር ግን ወለዱ፤
   (ለ) በኢትዮጵያ ብሔራዊ ባንክ ዕውቅና ለተሰጠው የፋይናንስ ተቋም ፣ ወይም
   (ሐ) በኢትዮጵያ ለሚገኙ ሰዎች ብድር እንዲሰጥ ለተፈቀደለት የውጭ ሀገር ባንክ፣ የተከፈለ ወይም የሚከፈል ከሆነ በተቀናሽ ይያዛል፡፡
   (መ) የወለዱ ገቢ ግንኙነት ባለው ሰው የሰንጠረዥ "መ" ሥራ ገቢ ውስጥ ካልተካተተ በስተቀር፣ አንድ ግብር ከፋይ በኢትዮጵያ ነዋሪ ለሆነ ግንኙነት ላለው ሰው የከፈለው ወይም የሚከፍለው ወለድ

፳፭. ለበጎ አድራጎት ዓላማ የሚደረጉ ስጦታዎች

፩) የግብር ከፋዩ ግብር የሚከፈልበት የግብር ዓመቱ ገቢ በሚወሰንበት ጊዜ ግብር ከፋዩ ያደረገው ስጦታ ተቀናሽ የሚደረገው ስጦታው ለሚከተሉት የተደረገ ሲሆን ነው፡-
   (ሀ) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ(፫) ለተመለ ከተው የኢትዮጵያ የበጎ አድራጎት ድርጅት ወይም የኢትዮጵያ ማኅበር፤ወይም
   (ለ) መንግሥት ባደረገው ጥሪ መሠረት ለልማት፣የሀገሪቱን ሉዓላዊነትና የግዛት አንድነት ለማስከበር፣ሰው ሰራሽ ወይም የተፈጥሮ አደጋ ወይም ወረርሽኝ ለመከላ ከል ወይም ለተመሳሳይ ጥሪዎች ምላሽ ለመስጠት የተደረገ ከሆነ፤ ነው፡፡
፪) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (፩) መሠረት ለግብር ከፋዩ የሚፈቀደው ጠቅላላ ተቀናሽ ከግብር ከፋዩ ግብር የሚከፈልበት የግብር ዓመቱ ገቢ ፲% (አሥር በመቶ) መብለጥ የለበትም፡፡

2) No deduction shall be allowed for the following:
   (a) Interest paid or payable by a taxpayer in excess of the rate used between the National Bank of Ethiopia and commercial banks increased by 2 percentage points; unless the interest is paid or payable to:
   (b) A financial institution recognisedby the National Bank of Ethiopia; or
   (c) A foreign bank permitted to lend to persons in Ethiopia;
   (d) Interest paid or payable by a taxpayer to a related person who is a resident of Ethiopia except when the interest is included in the schedule 'D' of the related-person.

25. Charitable Donations

1) In determining the taxable income ofa tax payer for a tax year,the tax payer shall be allowed a deduction for the amount of a donation when the donation is made:
   (a) To Ethiopian Charities and Ethiopian Societies defined in sub-article (3) of this Article
   (b) In response to a call for development or an emergency call issued by the Government to defend the sovereignty and integrity of the country, to prevent or provide relief in relation to man made or natural disasters or an epidemic, or for any other similar cause;
2) The total deduction allowed to a taxpayer under sub-article (1) of this Article for a tax year shall not exceed 10% of the taxable income of the tax payer for the year.

3) Raawwii keewwata kanaatiif "dhaabbata tola oolaa Itiyoophiyaa" yookiin "waldaa Itiyoophiyaa" kan jedhu hiika Labsii Dhaabbilee fi Waldaalee Tola Ooltotaa Lak. 621/2001 Federaalaa keessatti kennameef ni qabaata.

26. Hir'ifama Dullumaa

1) Galii kaffalaan gibiraa bara gibiraatti gibira kaffalu murteessuuf kaffalaan gibiraa galii argamsiisuuf bara gibiraatti qabeenya hojii irra oolchee fi gatiin isaanii hir'atuu fi qabeenya daldala kiliyaa (intanjable property) hanga maallaqaa gatiin isaanii hir'ateen hir'ifama dullumaa taasisuun ni eeyyamamaf;
2) Tumaaleen Labsii kanaa akkuma eegametti ta'ee, qabeenyawwan gatiin isaanii hir'atanii fi qabeenyawwan hojii daldaala kiliyaa (intanjable property) hir'ifamni dullumaa tokko tokkoo bara gibiraatti taasifamu dambii Manni Maree baasuun ni murtaa'a.
3) Kaffalaan gibiraa tokko bara gibiraatti galii hojii daldaala hundumaa argachuuf qabeenyawwan gatiin isaanii hir'atu yookiin qabeenyawwan daldala kiliyaa (intanjable property) kan hin fayyadamne yoo ta'e, akkaataa keewwata kanaatiin hir'ifamni dullumaa shallagamu bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 2 tiin ta'ee, herrigni waggaa yeroo qabeenyi hojii daldalichaa hojii irra hin oole haala wal madaaleen erga hir'ifameen booda dha.
4) Kaffalaan gibiraa tokko bara gibiraa tokko keessatti qabeenya gatiin isaa hir'atuu fi qabeenya daldala kiliyaa (intanjable property) galii gartokkeen gibirri itti kanfalamu argachuuf gar- tokkeen immoo tajaajila biroof kan itti fayyadame yoo ta'e, bu'uura Keewwata kanaatiin hir'ifamni dullumaa taasifamu sirreeffamni akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 3tiin taasifamu tilmaama keessa galee akkaata keewwata kana keewwata xiqqaa 2 tiin hanga galii hojii daldaalaa argachuuf hojiirra oolcheen kan shallagamu ta'a.

፫) ለዚህ አንቀጽ አፈፃፀም“ የኢትዮጵያ የበጎ አድራጎት ድርጅት” ወይም “የኢትዮጵያ ማኅበር” በበጎ አድራጎት ድርጅቶችና ማህበራት አዋጅ ቁጥር ፮፻፳፩/፪ሺ፩ የተሰጠው ትርጉም ይኖረዋል፡፡

፳፮. የእርጅና ቅናሽ

፩) የግብር ከፋዩን በግብር ዓመቱ ግብር የሚከፈልበትን ገቢ ለመወሰን ግብር ከፋዩ ገቢውን ለማስገኘት በግብር ዓመቱ ጥቅም ላይ ላዋላቸው እና ዋጋቸው ለሚቀንስ ሀብቶች እና ግዙፋዊ ህልዎት ለሌላቸው የንግድ ሥራ ሀብቶች ዋጋቸው በቀነሰው የገንዘብ መጠን ልክ የእርጅና ቅናሽ ለማድረግ ይፈቀድለታል፡፡
፪) የዚህ አዋጅ ድንጋጌዎች እንደተጠበቁ ሆኖ፣ዋጋቸው ለሚቀንስ ሀብቶች እና ግዙ ፋዊ ህልዎት ለሌላቸው የንግድ ሥራ ሀብቶች በየግብር ዓመቱ የሚደረገው የእ ርጅና ቅናሽ የክልሉ ምክር ቤት በሚያወ ጣው ደንብ ይወሰናል፡፡
፫) አንድ ግብር ከፋይ በግብር ዓመቱ በሙሉ የንግድ ሥራ ገቢውን ለማግኘት ዋጋቸው የሚቀንስ ሀብቶችን ወይም ግዙፋዊ ህልዎት የሌላቸውን ሀብቶች ያልተጠቀመ እንደሆነ በዚህ አንቀጽ መሠረት የሚደረገው የእርጅና ቅናሽ የሚሰላው በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (፪) መሠረት ሆኖ፣የንግድ ሀብቱ ጥቅም ላይ ያልዋለበት ዓመት ሂሣብ ተመጣ ጣኝ በሆነ መልኩ ከተቀነሰ በኂላ ነው፡፡
፬) አንድ ግብር ከፋይ በአንድ የግብር ዓመት ውስጥ ዋጋው የሚቀንስ ሀብት እና ግዙፋዊ ህልዎት የሌለው ሀብት በከፊል የገቢ ግብር የሚከፈልበትን ገቢ ለማግኘት በከፊል ደግሞ ለሌላ አገልግሎት የተጠቀ መበት እንደሆነ በዚህ አንቀጽ መሠረት የሚደረገው የእርጅና ቅናሽ በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (፫) መሠረት የሚደረ ገው ማስተካከያ ከግምት ውስጥ ገብቶ በንዑስ አንቀጽ (፪) መሠረት የንግድ ሥራ ገቢውን ለማግኘት በዋለው መጠን የሚሰላ ይሆናል፡፡

3) For the purpose of this Proclamation, Ethiopian Charities and Ethiopian Societies shall have the meaning provided for under the Charities and Societies Proclamation No. 621/2009.

26. Depreciation of Depreciable Assets and Business Intangibles

1) In determining the taxable income ofa taxpayer for a taxyear, the tax payer shall be allowed a deduction for the amount by which the depreciable assets and business intangibles of the taxpayer declined invalue during the year through use in deriving business income.
2) Subject to this Proclamation, the amount by which the depreciable assets or business intangibles of a taxpayer decline in value during a tax year shall be computed in accordance with the Regulations to be issued by the Council of regional government .
3) If a taxpayer does not use a depreciable asset or business intangible for the whole of a tax year in deriving business income, the amount allowed as a deduction under this Article shall be the amount computed in accordance with sub-article (2) of this Article reduced by the proportion of the year that the asset was not so used.
4) If a taxpayer uses a depreciable asset or business intangible during a tax year partly to derive business income and partly for another use, the amount allowed as a deduction underthis Article shall be the proportion of the amount computed Under sub-article (2) of this Article (after taking account of any adjustment under sub-article (3) of this Article) that relates to the derivation of business income.

5) Kaffalaan gibiraa tokko bara gibiraa tokko keessatti qabeenya gatiin isaa hir'atuu fi qabeenya hojii daldala kiliyaa (intanjable property) galii gar-tokkeen gibirri itti kafalamu argamsiisuuf gar tokkeen immoo tajaajila biroof erga fayyadamee booda qabeenyicha bara gibirichaa keessatti kan gurgure yookiin kan jijjiire yoo ta'e, akkaataa Labsii kana keewwata 23 (1)(b) yookiin 1(d) jalatti tumameen hangi bu'aa yookiin kasaaraa kan shallagamu hanga bu'aa yookiin kasaaraa hojii daldaalichaa mudate yookiin hanga gumaacha galii hojii daldalichaatiif taasiseen karaa madaalawaa ta'een qoqqoodamuun ta'a.

6) Qabeenyawwan gatiin isaanii hir'atu yookiin qabeenyawwan hojii daldala kiliyaa (intanjable property) hir'ifama dullumaa shallagamuu kan eegalu qabeenyichi galii hojii daldalaa argamsiisuuf guyyaa tajaajilaaf qophii itti ta'ee fi tajaajila kennuuf eegale irraa kaasee yoo ta'u, gamoo kaffalaa gibiraatiin ijaarame yoo ta'utti Abbaan Taayitichaa kaffalaa gibiraatiif ijaarsi gamoo xummuramuu kan mirkaneessu waraqaa ragaa guyyaa kenne dura ta'uu hin danda'u.

7) Keewwata kana keessatti :

(a) "Qabeenyawwan hojii daldala kiliyaa (intanjable property)" jechuun guutummaan yookiin gartokkeen galii hojii daldaalaa argamsiisuuf kan oolan qabeenyaawwan armaan gadii ti:

(i) Mirga waraabbii, paatantii, diizayinii yookiin moodelii, pilaanii, foormulaa yookiin adeemsa hojii iccitii, mallattoo daldaalaa yookiin qabeenya walfakkataa biroo bara murtaa'eef qofa tajaajilu;

(ii) Tarreeffama maamiltootaa, sarara tamsaasaa yookiin maqaa addaa,mallattoo yookiin fakkii yookiin akkaataa daldala kiliyaa (intanjable property) biroo bara murtaa'eef qofa tajaajilu;

፭) አንድ ግብር ከፋይ በአንድ የግብር ዓመት ውስጥ ዋጋው የሚቀንስን ሀብት እና ግዙፋዊ ሀልዎት የሌለው የንግድ ሥራ ሀብት በከፊል የገቢ ግብር የሚከፈልበትን ገቢ ለማስገኘት በከፊል ደግሞ ለሌላ አገልግሎት ከተጠቀመበት በኋላ ይህንን ሀብት በዚያው የግብር ዓመት ውስጥ ያስተላለፈው እንደሆነ በዚህ አዋጅ አንቀጽ ፳፫(፩)(ለ) ወይም (፩)(መ) የተደነገገው የትርፍ ወይም የኪሳራ መጠን የሚሠላው የንግድ ሥራው ያጋጠመው የትርፍ ወይም የኪሳራ መጠ ን ለንግድ ሥራው ገቢ በነበረው አስተዋጽኦ መጠን ሚዛናዊ በሆነ መንገድ እየተከፋፈለ ይሆናል፡፡

4) Qabeenyi tokko kan bade yookiin kan barbadaa'e yoo ta'e, gatii qabeenya kanaati kan jedhamu abbaan qabeenyichaa sababa qabeenyichi badeef yookiin barbadaa'eef hanga beenyaa fudhatee yookiin fudhatuu yoo ta'u kanneen armaan gadii ni daalata:

   (a) Akkaataa imaammata inshuraansiitiin sababa beenyaa yookiin waliigaltee birootiin hanga maallaqaa fudhatee yookiin fudhatuu;
   (b) Sababa walta'iinsaatiin hanga maallaqaa fudhaatuu; yookiin
   (c) Murtii Mana Murtii irratti hundaa'uudhaan hanga maallaqa fudhatee yookiin fudhatuu,

(5) Namni tokko bittaa fi gurgurtaa tokkotti qabeenya lama yookiin isaa ol ta'an kan dabarse yoo ta'ee fi gatiin tokkoon tokkoo qabeenyichaa adda ba'ee kan hin beekamne yoo ta'e sababa akkaataa gatii gabaa sirrii yeroo qabeenyonni darbanitti tureen dabarseef hangi maallaqaa fudhate qabeenyota darbaniif akkaataa gahee isaaniitiin ni hiramaaf;

6) Kaffalaan gibiraa tokko ragaa gatii qabeenya darbee agarsiisu dhiyeessuu kan hin dandeenye yoo ta'e, gatii gabaa sirriin yeroo qabeenyichi darbe ture gatii qabeenyichaa akka ta'etti fudhatama.

67. Bu'aa Yookiin Kasaaraa Dabarsuu

1) Raawwii Labsii kanaatiif jecha keewwata kana keewwata xiqqaa 2 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, qabeenyi tokko yoo darbu sababa haalawwan armaan gadiitiin faayidaan argame yookiin kasaaraan qaqqabe kamiyyuu kaffaltii gibiraatiif ilaalcha keessa hin galu:

፫) አንድ ሰው ሀብቱን በማስተላለፍ ያገኘው ገቢ፣ ሀብቱን ከማስተላለፍ ጋር በተያያዘ ከቀረበለት ም ር ጫ ያገኘውን ጥቅም ይጨምራል፡፡ ሆኖም ይህ ጥቅም እንደገቢ ተደርጐ የሚወሰደው ከቀረበለት ምርጫ ጋር በተያያዘ ባገኘው ጥቅምላይ ግብር ያልከፈለ ሲሆን ብቻ ነው፡፡

፬) አንድ ሀብት የጠፋ ወይም የወደመ እንደሆነ፣ የዚህ ሀብትዋጋ ነው የሚባለው ባለሀብቱ ሀብቱ በመጥፋቱ ወይምበመውደሙ ምክንያት የተቀበለው ወይም የሚቀበለው የካሳመጠን ሲሆን የሚከተሉትን ይጨምራል፡-

   (ሀ) በመድን ፖሊሲ መሠረት፣ በካሳ ወይም በሌላ ስምምነት ምክንያት የተቀበለውን ወይም የሚቀበለውን የገንዘብ መጠን፤
   (ለ) በድርድር ምክንያት የ ሚ ቀ በ ለ ው ን የገንዘብ መጠን፤ወይም
   (ሐ) የፍርድ ቤት ውሳኔን ተከትሎ የተቀበለውን ወይምየሚቀበለውን የገንዘብ መጠን፤

፭) አንድ ሰው በአንድ ግብይት ሁለትና ከዚያ በላይ የሆኑሀብቶችን ያስተላለፈ እንደሆነና የእያንዳንዱ ሀብት ዋጋ ተለይቶ ያልታወቀ እንደሆነ፣ ሀብቶቹ በተላለፉበት ጊዜ ባለው ትክክለኛ የገበያ ዋጋ መሠረት በማስተላለፉ ምክንያት የተቀበለው የገንዘብ መጠን ለተላለፉትሀብቶች እንደየ ድርሻቸው ይደለደላል፡፡

፮) አንድ ግብር ከፋይ የተላለፈውን ሀብት ዋጋ የሚያሳይ ማስረጃ ማቅረብ ያልቻለ እንደሆነ ሀብቱ በተላለ ፈበት ጊዜ የነበረው ትክክለኛ የገበያ ዋጋ የሀብቱ ዋጋ ተደርጎ ይወሰዳል፡፡

፷፯. ጥቅምን ወይም ኪሳራን ስለ ማስተላለፍ

፩) ለዚህ አዋጅ አፈፃፀም ሲባል፣ የዚህ አንቀጽንዑስ አንቀጽ (፪) ድንጋጌ እንደተጠበቀ ሆኖ፣ በሚከተሉት ሁኔታዎች ምክንያት አንድሀብት ሲተላለፍ የተገኘ ማናቸውም ዓይነት ጥቅም ወይም የደረሰ ኪሳራ ለግብር አከፋፈል ከግምት ውስጥ አይገባም፡-

3) The consideration for the disposal of an asset by aperson includes the consideration for the grant of anoption in relation to the disposal ofthe asset, but only ifthe person has not been subject to tax in respect of anygain made on the grant of the option.

4) If an asset has been lost or destroyed by a person, the consideration for the asset includes anycompensation,indemnity, or damages received or receivable by the person as a result of the loss or destruction, includingamounts received or receivable:

   (a) Under an insurance policy, indemnity, or other agreement;
   (b) Under a settlement; or
   (c) As a consequence of a judicial decision.

5) If two or more assets are disposed of by a person in asingle transaction and the consideration for each asset is not specified, the total consideration shall be apportioned among the assets disposed of in proportion to their respective fair market values determined at the time of the disposal.

6) If a taxpayer is unable to provide documentarye vidence of the consideration for the disposal of anasset, the consideration shall be the fair market value ofthe asset at the time of disposal.

67. Deferral of Recognition of Gain or Loss

1) For the purposes of this Proclamation and subject to sub-article (2)of thisArticle, no gain or loss shall be taken to arise on the disposal of an asset:

(a) Haati warraa fi abbaan warraa yeroo wal hiikanitti qoodinsa qabeenyaa taasifamu;
(b) Sababa du'a nama tokkootiin qulqulleessaa dhaalaatiif yookiin dhaaltuuf qabeenyi yoo darbu;
(c) Sababa qabenyichi badeef yookiin barbadaa'eef yookiin faayidaa hawaasaaf jecha mootummaadhaan fudhatamuu isaatiin kana booda "qabeenya bakka buufame" jedhamee kan caqasamu galiin argame karaa nama maallaqicha fuudheen qabeenyichi erga badee yookiin barbadaa'ee yeroo waggaa tokkoo keessatti yookiin yeroo dabalataa Abbaan Taayitichaa heeyyamu keessatti qabeenya walfakkaataa kana booda "qabeenya bakka buufamu" jedhamee caqasamu horachuuf kan oole yoo ta'e;
(d) Qabeenyichi kana booda "qabeenya bakka buufame" jedhamee kan caqasamu qabeenya gatiin isaa gadi bu'aa yoo ta'e fi abbaan qabeenyichaa yeroo ji'a jahaa qabeenyichi bakka buufame bade yookiin barbadaa'e keessatti yookiin yeroo kana caalaa dheeratu Abbaan Taayitichaa heeyyamu keessatti guutummaa guutuutti yookiin gar-tokkeen galii hojii daldalaa argachuuf kan oolu gatiin isaa kan gadi bu'u kana booda "qabeenya bakka buufamu" jedhamee kan waamamu qabeenya walfakkaatu kan horate yoo ta'e.

2) Namni qabeenya bakka buufame argate qabeenya kana fuulduraaf yeroo dabarsutti bu'uura Labsii kanaatiin gibirri inni kaffaluu qabu kan hin jirre yoo ta'u, tumaaleen keewwata kana keewwata xiqqaa 1 (a) fi (b) raawwatiinsa hin qabaatani.

3) Tumaaleen keewwata kana keewwata xiqqaa 1 (a) yookiin (b) yeroo raawwatamanitti namni qabeenyicha argate hanga maallaqaa namni qabeenyicha dabarsu yeroo qabeenyichi dabarfamutti qabeenyichatti baaseetiin qabeenyicha akka argatetti lakkaa'ama.

(ሀ) ባልና ሚስት በሚፋቱበት ጊዜ የሚደረግ የሀብት ክፍፍል፤
(ለ) አንድሰው በመሞቱ ምክንያት ለውርስ አጣሪው ወይም ለወራሹ ሀብት ሲተላለፍ፤
(ሐ) ሀብቱ በመጥፋቱ ወይም በመውደሙ ወይም ሀብቱ ለህዝብ ጥቅም ሲባል በመንግሥት በመወሰዱ ምክንያት (ከዚህ በኋላ "የተተካው ሀብት" ተብሎ የሚጠቀስ) የተገኘው ገቢ ገንዘቡን በተቀበለው ሰው አማካኝነት ሀብቱ በጠፋ ወይም በወደመ በአንድ ዓመት ጊዜ ውስጥ ወይም ባለሥልጣኑ በሚፈቅደው ተጨማሪ ጊዜ ውስጥ ተመሳሳይ ሀብት (ከዚህ በኋላ"የመተኪያ ሀብት" ተብሎ የሚጠቀስ) ለማፍራት የዋለ እንደሆነ፤ ወይም
(መ) ሀብቱ (ከዚህ በኋላ "የተተካው ሀብት" ተብሎ የሚጠራ) ዋጋው የሚቀንስ ሀብት የሆነ እንደሆነና ባለሀብቱ የተተካው ሀብት በጠፋ ወይም በወደመ በስድስት ወር ጊዜ ወይም ባለሥልጣኑ በሚፈቅደው ከዚህ የረዘመ ጊዜ ውስጥ ሙሉ በሙሉ ወይም በከፊል የንግድ ሥራ ገቢ ለማግኘት የሚውል ዋጋው የሚቀንስ (ከዚህ በኋላ "የመተኪያ ሀብት" ተብሎ የሚጠራ) ተመሳሳይሀብት ያፈራ እንደሆነ፤

፪) የተተካውን ሀብት ያገኘው ሰው ይህንን ሀብት ለወደፊት በሚያስተላልፍበት ጊዜ በዚህ አዋጅ መሠረት ሊከፍል የሚገባው ግብር የሌለ ሲሆን፣የዚህ አንቀጽንዑስ አንቀጽ (፩)(ሀ) እና (ለ) ድንጋጌዎች ተፈፃሚ አይሆኑም፡፡

፫) የዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (፩) (ሀ) ወይም (ለ) ድንጋጌዎች ተፈፃሚ በሚሆኑበት ጊዜ ሀብቱን ያገኘው ሰው ሀብቱን የሚያስተላ ልፊው ሰው ሀብቱ በሚተላለፍበት ጊዜ ለሀብቱ ባወጣው የገንዘብ መጠን ልክ ሀብቱን እንዳገኘ ይቆጠራል፡፡

(a) Between spouses as part of a divorce settlement;
(b) By reason of the transmission of the asset on the death of a person to an executor or beneficiary;
(c) By reason of the loss or destruction, or compulsory acquisition of the asset (referred to as the "replacedasset") if the consideration for the disposalis reinvested by the recipient in an asset of a like kind(referred to asa "replacement asset") within one year of the disposal or within such further period asthe Authority shall allow; or
(d) If the asset is a depreciable asset(referred to as the"replaced asset") and the person acquires adepreciable asset of a like kind to be wholly used to derive amounts included in business income(referred to as the "replacement asset") within six months after the disposal or within such further period as the Authority allows.

2) Sub-article (1)(a) or (b) of this Article shall not apply if the person acquiring the asset will not be subject to tax under the Proclamation in respect of a subsequent disposal of the asset.

3) If sub-article (1)(a) or (b) of this Article applies, the person acquiring the asset shall be treated as acquiringthe asset for an amount equal to the cost of the asset for the person disposing of the asset at the timeof the disposal.

4) Tumaaleen keewwata kana keewwata xiqqaa 1 (c) yookiin (d) jalatti tumaman yeroo raawwatamanitti gatiin qabeenya bakka buufamuu gatii qabeenya bakka buufamee kan caale yoo ta'e, gatii qabeenya bakka buufamuu ta'ee kan fudhatamu yeroo qabeenychi darbetti gatii qabeenya bakka buufamee irraa hangi maallaqaa caalee argame itti dabalameeti.
5) Tumaaleen keewwata kana keewwata xiqqaa 1 (c) yookiin (d) jalatti tumaman yeroo raawwatamanitti gatiin qabeenya bakka buufameef kaffalame gatii qabeenya bakka buufamuu kan caale yoo ta'e, gatii qabeenya bakka buufamuuti kan jedhamu yeroo qabeenyichi darbetti gatii galmee bu'aa qulqulluu qabeenya bakka buufame irraa hangi maallaqaa caalmaan mul'ate hir'ifameeti. Ta'us, zeeroodhaa gadi ta'uu hin qabu.
6) Gatiin galmee bu'aa qulqulluu qabeenyichaa hir'isuuf kanhin oolle akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 5 tiin hangi maallaqaa bu'aa ta'ee argamee galii kaffalaa gibiraa keessatti haammatamuu qaba.
7) Qabeenyi darbe gatiin isaa kan hir'atu yookiin qabeenya hojii daldala kiliyaa (intanjable property) kan ta'e yoo ta'e:
   (a) Keewwata kana keewwata xiqqaa 3 jalatti "hanga maallaqaa qabeenyaaf baasee" jechuun kan ibsame gatii galmee bu'aa qulqulluu qabeenyichaa ta'ee fudhatama.
   (b) Keewwata kana keewwata xiqqaa 4 fi 5 jalatti "baasii qabeenya bakka buufameef taasifame" jechuun kan ibsame gatii galmee bu'aa qulqulluu qabeenya bakka buufamee ta'ee fudhatama.

፬) የዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (፩)(ሐ) ወይም (መ)ድንጋጌዎች ተፈፃሚ በሚሆኑበት ጊዜ የመተኪያው ሀብት ዋጋ ከተተካው ሀብት ዋጋ የበለጠ እንደሆነ የመተኪያው ሀብት ዋጋ ሆኖ የሚወሰደው ሀብቱ በተላለፈበት ጊዜ ከተተካው ሀብት ዋጋ ላይ በብልጫ የታየው የገንዘብ መጠን ተጨምሮበት ነው፡፡
፭) የዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (፩)(ሐ) ወይም (መ) ድንጋጌዎች ተፈፃሚ በሚሆኑበት ጊዜ ለተተካው ሀብት የተከፈለው ዋጋ ከመተኪያው ሀብት ዋጋ የሚበልጥ ከሆነ፤ የመተኪያው ሀብት ዋጋ ነው የሚባለው ሀብቱ በተላለፈበት ወቅት ያለው የተተካው ሀብት የተጣራ የመዝገብ ዋጋ ላይ በብልጫ የታየው የገንዘብ መጠን ተቀንሶ ነው፡፡ ነገር ግን ከዜሮ በታች መሆን የለበትም፡፡
፮) የሀብቱን የተጣራ የመዝገብ ዋጋ ለመቀነስ ያልዋለው በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ(፭) መሠረት በትርፍ የታየው የገንዘብ መጠን በግብር ከፋዩ ገቢ ውስጥ መካተት አለበት፡፡
፯) የተላለፈው ሀብት ዋጋው የሚቀንስ ወይም ግዙፋዊ ሀልዎት የሌለው የንግድ ሥራ ሀብት የሆነ እንደሆነ፡-
   (ሀ) በዚህ አንቀጽ በንዑስ አንቀጽ (፫) "ለሀብት ባወጣው የገንዘብ መጠን" በሚል የተመለ ከተው አገላለጽ የሀብቱ የተጣራ የመዝገብ ዋጋ ተደርጎ ይወሰዳል፤
   (ለ) በዚህ አንቀጽ በንዑስ አንቀጽ (፬) እና (፭) "ለተተካውሀብት የተደረገ ወጪ" በሚል የተመለከተው የተተካውሀብት የተጣራ የመዝገብ ዋጋ ተደርጎ ይወሰዳል፤

4) If sub-article (1)(c) or (d) of this Article applies and thecost of the replacement asset exceeds the consideration for the replaced asset, the cost of the replacement asset shall be the cost of the replaced asset at the time ofdisposal increased by the amount of the exces.
5) If subarticle (1)(c) or (d) of this Article applies and the consideration received for the replaced asset exceeds the consideration given for the replacement asset,the cost of the replacement asset shall be the net book value of the replaced asset at the time of disposal reduced by the amount of the excess, but not below zero.
6) Any part of the excess under sub-article (5) of this Article that is not used to reduce the net book value ofthe asset shall be included in the income of the person.
7) If the asset disposed of is a depreciable asset or business in tangible, the reference:
   (a) In sub-article (3) of this Article to the "cost of theasset", shall be treated as a reference to the netbook value of the asset; and
   (b) In sub articles (4) and (5) of this Article to the"cost of the replaced asset", shall be treated as a reference to the net book value of the replaced asset

68. Qabeenya Dabarfaman Galmeessuu

Dabarsa qabeenya tokkoo fudhachuuf, galmeessuuf yookiin karaa biroo kamiiniyyuu darbuusaa mirkaneessuuf namni seeraan aangoon kennameef kamiyyuu sababa dabarsa qabeenyichaatiin kaffaltii gibiraa bu'uura Labsii kanaatiin kaffalamuu qabu kaffalamuu isaa osoo hin mirkaneessiin dabarfamuu isaa fudhachuu, galmeessuu yookiin mirkaneessuu hin danda'u

Kutaa Xiqqaa Lama
Tumaalee Waliinii Biroo

69. Baasii Deebi'e

Kanfalaan gibiraa tokko bara gibiraa tokkotti baasii baaseef akka hir'ifamaatti kan qabameef yoo ta'e yookiin idaan hin sassaabamne kan haqameef yoo ta'ee fi fuulduratti garuu kaffalaan gibiraa baasii maallaqa callaa yookiin akaakuudhaan akka hir'ifamaatti qabameef yookiin hanga maallaqaa idaa haqameef bakka buufamu kan fudhate yoo ta'e, hangi maallaqaa kaffalaan gibiraa fudhate akka galii bara gibiraa maallaqicha itti fudhatetti argametti kan lakkaa'amu yoo ta'u, galiin kunis galii hir'ifamni irraa tasifameefii ture waliin ramaddii wal fakkaataa ni qabaata.

70. Hojii Galii Argamsiisu Dhaabuu

1) Kaffalaan gibiraa kamiyyuu:
   (a) Bara gibirichaatti galiin argamuun dura hojii daldaalaa, sochii hojii, yookiin investimantii dhaabe irraagalii kan argate yoo ta'ee; fi
   (b) Galichi kan argame hojiin daldalichaa, sochiin hojii yookiin investimantii dhaabbachuun dura osoo ta'ee, bu'uura Labsii kanaatiin gibirri kan itti kaffalamu yoo ta'utti hojiin daldalaa, sochiin hojii yookiin investimantichi yeroo galichi argametti akka hin dhaabbannetti lakka'amee galicha irratti Labsiin kun raawwatinsa akka qabaatu ni taasifama.

፷፰. የተላለፉ ሀብቶችን ስለመመዝገብ

የአንድን ሀብት መተላለፍ ለመቀበል፣ ለመመዝገብ ወይም በሌላ በማንኛውም መንገድ መተላለፉን ለማፅደቅ በሕግ ሥልጣን የተሰ ጠው ማንኛውም ሰው በሀብቱ መተላለፍ ምክንያት በዚህ አዋጅ መሠረት መከፈል የሚገ ባው ማንኛውም ግብር መከፈሉን ሳያረጋግጥ መተላለፉን ሊቀበል፣ ሊመዘግብ ወይም ሊያፀድቅ አይችልም፡፡

ንዑስ ክፍል ሁለት
ሌሎች የወል ድንጋጌዎች

፷፱. የተመለሰ ወጪ

አንድ ግብር ከፋይ በ አ ን ድ የግብር ዓመት ላወጣው ወጪ ተቀናሽ የተያዘለት እንደሆነ ወይም የማይሰበሰብ ዕዳ የተሰረ ዘለት እንደሆነ እና በቀጣይ ግን ግብር ከፋዩ በገንዘብ ወይም በዓይነት በተቀናሽ የተያዘለትን ወጪ ወይም የተሰረዘለትን ዕዳ የሚያካክስ የገንዘብ መጠን የተቀበለ እንደ ሆነ ግብር ከፋዩ የተቀበለው የገንዘብ መጠን ገንዘቡን በተቀበለበት የግብር ዓመት እንደተገኘ ገቢ የሚቆጠር ሲሆን ይህም ገቢ ተቀናሽ ተደር ጉለት ከነበረው ገቢ ጋር ተመሳሳይ ምድብ ይኖረዋል፡፡

፸. ገቢ የሚያስገኝ ሥራስለማቆም

፩) ማናቸውም ግብር ከፋይ፡-
   (ሀ) በግብር ዓመቱ ገቢው ከመገኘቱ በፊት ካቆመው የንግድ ሥራ፣የሥራ እንቅስቃሴ፣ ወይምኢንቨስትመንት ገቢ ያገኘ እንደሆነ፤እና
   (ለ) ገቢው የተገኘው የንግዱ ሥራ፣የሥራው እንቅስቃሴ ወይም ኢንቨስትመንቱ ከመቆሙ በፊት ቢሆን ኖሮ በዚህ አዋጅ መሠረት ግብር የሚከፈልበት በሚሆ ንበት ጊዜ፤የንግዱ ሥራ፣የሥራው እንቅስ ቃሴ ወይም ኢንቨስትመንቱ ገቢው በተገኘበ ት ጊዜ እንዳልቆመ ተቆጥሮ በገቢው ላይ ይህ አዋጅ ተፈፃሚ እንዲሆን ይደረጋል፡፡

68. Registration of Transferred Assets

Any person authorised by law to accept, register, or in any way approve the transfer of an asset shall not accept,register, or approve the transfer unless satisfied that any tax payable under this Proclamation in respect of the transfer has been paid.

Sub Part Two
Other Common Rules

69. Recovered Expenditure

If a taxpayer has been allowed a deduction for an expenditureincurred, or bad debt written off, in a tax year and,-subsequently,the taxpayer has received, in cash or in kind, any amount as areimbursement or recovery of, or an indemnity for the expenditure or bad debt, the amount received shall be treated asincome derived by the taxpayer in the tax year in which it is received and the income shall have the same character as the income to which the deduction related.

70. Cessation of Income Earning Activity

1) When:
   (a) Any amount is derived by a taxpayerin a tax yearfrom a business, activity, or investment that had ceased before the amount was derived; and
   (b) If the amount had been derived before the business,activity, or investment ceased it would have been income subject to tax under this Proclamation;this Proclamation shall apply to the amount on the basis thatthe business, activity, or investment had not ceased at the time the amount was derived.

2) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1tiin galii ibsame argachuuf baasiin bahe haga Labsii kanaan heeyyamamametti akka hir'famaattini qabama.

71. Hanga Maallaqaa Akaakuudhaan Argamee

Labsii kana keewwata 13 keewwata xiqqaa 3 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, hangi maallaqaa akaakuudhaan argamee yookiin gatiin kaffaltii raawwatamee yeroo hangi maallaqichaa argametti yookiin kaffaltichi raawwatametti gatii gabaa sirrii qabeenyichi qabaachaa ture yoo ta'u, gatiin kun yeroo murta'utti daangaan mirga qabeenyicha dabarsuu irratti kaa'ame tilmaamaa keessa hin galu.

72. Baasiiwwan Qoqqooduu

1) Tumaaleen Labsii kanaa akkuma eegamanitti ta'ee, baasiin kamiyyuu:
   (a) Gosa galii tokkoo ol ta'e argachuuf; yookiin
   (b) Gosa galii tokkoo argachuufi Kaayyoo birootiif kan oole yoo ta'e, hangaa fi amala hojiilee fi baasiiwwan tilmaama keessa galchuun baasiiwwan karaa sababawaa ta'een ni qoqqoodama.
2) Kanneen armaan gaditti tarreeffaman gosawwan galii garagaraa akka ta'anitti fudhatamu:
   (a) Galii qaxaramuu irraa argamu;
   (b) Galii mana kireessuun argamu;
   (c) Galii hojii daldalaa;
   (d) Tokkoon tokkoo gosa galii of danda'e ta'ee kan fudhatamu gabatee "D"jalatti galii gibirri itti kaffalamu.
   (e) Galii gibira galii irraa bilisa ta'e.

73. Sharafa Maallaqaa

1) Akkaataa Labsii kanaatiin hangi maallaqaa herreggamu qarshiin ibsamuu qaba.

፪) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ(፩) የተመለከተውን ገቢ ለማግኘት የወጣ ወጪ በዚህ አዋጅ በሚፈቀደው መጠን በተቀናሽ ይያዛል

፸፩. በዓይነት የተገኘ የገንዘብ መጠን

የዚህ አዋጅ አንቀጽ ፲፫(፫) እንደተጠበቀ ሆኖ፣በዓይነት የተገኘ የገንዘብ መጠን ወይም የተፈፀመ ክፍያ ዋጋ የገንዘቡ መጠን በተገኘበት ወይም ክፍያው በተፈፀመበት ጊዜ ሀብቱ የነበረው ትክክለኛው የገበያ ዋጋ ሲሆን፣ ይህ ዋጋ በሚወሰንበት ጊዜ ሀብቱን በማስተላ ለፍ መብት ላይ የተጣለው ገደብ ግምት ውስጥ አይገባም፡፡

፸፪. ወጪዎችን ስለማከፋፈል

፩) የዚህ አዋጅ ድንጋጌዎች እንደተጠበቁ ሆነው፣ ማናቸውም ወጪ፡-
   (ሀ) ከአንድ በላይ የሆኑ የገቢ ዓይነቶችን ለማግኘት፤ወይም
   (ለ) አንድን የገቢ ዓይነት ለማግኘት እና ለሌሎች ዓላማዎች የዋለ እንደሆነ፤የሥራዎ ቹን ወይም የወጪዎቹን አንጻራዊ ባህርይና መጠን ግ ም ት ው ስ ጥ በማስገባት ወጪ ዎቹ ምክንያታዊ በሆነ መንገድ ይከፋፈላሉ፡፡
፪) የሚከተሉት የተለያዩ የገቢ ዓይነቶች ተደርገው ይወሰዳሉ፡-
   (ሀ) ከመቀጠር የሚገኝ ገቢ፤
   (ለ) ቤትን በማከራየት የሚገኝ ገቢ፤
   (ሐ) የንግድ ሥራ ገቢ፤
   (መ) እያንዳንዱ ራሱን የቻለ የገቢ ዓይነት ሆኖ የሚወሰደው በሠንጠረዥ "መ" ሥር ግብር የሚከፈልበት ገቢ፤
   (ሠ) ከገቢ ግብር ነፃ የሆነ ገቢ፤

፸፫. የገንዘብ ምንዛሪ

፩) በዚህ አዋጅ መሠረት የሚሰላ የገንዘብ መጠን በብር መገለጽ አለበት፡፡

2) An expense incurred to derive an amount to which sub-article (1)of this Article applies shall be deductible to the extent allowed under the Proclamation.

71. Amounts in Kind

Subject to Article 13(3) of this Proclamation, the value of an amount derived or incurred as a benefit-in-kind shall be the fair market value of the benefit at the time that the benefit is derived or incurred and determined ignoring any restriction on transfer.

72. Apportionment of Expenditures

1) Subject to this Proclamation, an expenditure relating to:
   (a) The derivation of more than one class of income; or
   (b) The derivation of a class of income and to some other purpose;shall be apportioned on any reasonable basis taking account of the relative nature and size of the activities or purposes towhich the expenditure relates.
2) The following shall be treated as a separate class of income:
   (a) Employment income;
   (b) Income from the rental of buildings;
   (c) Business income;
   (d) Each amount taxable under Schedule D is aseparate class of income; and
   (e) Exempt income.

73. Currency Translation

1) An amount taken into account under this Proclamation shall be expressed in Birr.

2) Hangi maallaqaa maallaqa qarshiin ala ta'een yoo qabame; raawwii Labsii kanaatiif jecha hagi maallaqichaa yeroo galmee herreggaa irratti galmaa'u bu'uura shallaggii sharafaa Baankiin Biyyoolessa Itiyoophiyaa baaseen herregamee maallaqichi gara qarshiitti jijjiirrama.
3) Faayidaan bittaa fi gurgurtaa sharafa biyya alaatiin taasifameen argame yookiin kasaaraan qaqqabe kaffaltii gibiraatiif jecha bara gibiraa bittaa fi gurgurtaan itti gaggeeffame keessatti faayidaa argame yookiin kasaaraa qaqqabe akka ta'etti ibsamuu qaba.

Kutaa Kudha Sadii
Yaalii Gibira Dhoksuuf Taasifamu Ittisuu

74. Galii Qoqqooduu

1) Kaffalaan gibiraa tokko nama qunnamtii qabu waliin bittaa fi gurgurtaa raawwatu galii qoqqooduuf yoo yaale, sababa galichi qoqqoodameef hir'ina gibiraa galii mudatu ittisuuf jecha Abbaan Taayitichaa galii fi baasii namoota lamaanii hir'ate sirreessuu ni danda'a.
2) Kanfalaan gibiraa tokko galii isaa qoqqooduuf yaalera kan jedhamu:
   (a) Kanfalaan gibiraa karaa kallattis ta'ee al kallattiin galii isaa yookiin mirga galicha argamsiisu nama quunnamtii qabuuf yoo dabarsu;
   (b) Kanfalaan gibiraa maallaqa callaa dabalatee qabeenya kamiyyuu kallattiinis ta'e al kallatti nama quunnamtii qabuuf yoo dabarsuu fi namni qabeenyichi darbeef qabeenya darbeefii irraa galii yookiin faayidaa yoo argatu akkasumas sababa qabeenyichi darbeef yookiin sababoota qabeenyichi darbeef keessaa tokko galii nama dabarsee yookiin nama darbeefii xiqqeessuuf yoo ta'u dha.

፪) የገንዘብ መጠን ከብር ውጪበሆነ ገንዘብየተያዘ ከሆነ፣ ለዚህ አዋጅ አፈፃፀም ሲባል የገንዘቡ መጠን በሂሣብ መዝገብ በሚመዘገብበት ጊዜ በወቅቱ የኢትዮጵያ ብሔራዊ ባንክ ባወጣው የምንዛሬ ተመን መሠረት ተሰልቶ ገንዘቡ ወደ ብር ይለወጣል፡፡
፫) በውጭ ምንዛሪ በሚደረግ ግብይት የተገኘ ጥቅም ወይም የደረሰ ኪሳራ ለግብር አከፋፈል ሲባል ግብይቱ በተከናወነበት የግብር ዓመት ውስጥ እንደተገኘ ጥቅም ወይም እንደ ደረሰ ኪሳራ ሆኖ መገለጽ አለበት፡፡

ክፍል አሥራ ሶስት
ከግብርለመሸሽ የሚደረገውን ጥረትስለመከላከል

፸፬. ገቢን መከፋፈል

፩) አንድ ግብር ከፋይ ግንኙነት ካለው ሰውጋር በሚኖረው ግብይት ገቢን ለመከፋፈል ከሞከረ፣ ገቢው በመከፋፈሉ ምክንያት የሚደርሰውን የገቢ ግብር መቀነስ ለመከላ ከል ሲባል ባለሥልጣኑ የሁለቱን ሰዎች ገቢ እና ተቀናሽ ወጪ ሊያስተካክለው ይችላል፡፡
፪) አንድ ግብር ከፋይ ገቢውን ለመከፋፈል ሞክሯል የሚባለው፡-
   (ሀ) ግብር ከፋዩ በቀጥታም ሆነ በተዘዋዋሪ መን ገድ ገቢውን ወይም ገቢውን የሚያስገኘውን መብት ግንኙነት ላለው ሰው ሲያስተላልፍ፤
   (ለ) ግብር ከፋዩ ጥሬ ገንዘብን ጨምሮ ማናቸውንም ሀብት በቀጥታም ሆነ በተዘዋዋሪ መንገድ ግንኙነት ላለው ሰው ሲያስተላልፍ ና ሀብቱ የተላለፈለት ሰው ከተላለፈው ሀብት ገቢ ወይም ጥቅም ሲያገኝ፤ እንዲሁም ሀብቱ የተላለፈበት ምክንያት ወይም ከተላለፈባቸው ምክንያቶች አንዱ የአስተላላፊውን ወይም የተላለፈለትን ሰው ገቢ ዝቅ ለማድረግ ሲሆን ነው፡፡

2) If an amount is in a currency other than Birr, theamount shall be translated to Birr at the National Bankof Ethiopia prevailing exchange rate applying betweenthe foreign currency and Birr on the date the amount is taken into account for the purposes of this Proclamation.
3) All gains and losses arising from transactions in foreign-exchanges shallbe brought to account for tax purposesas additions to taxable income or deductible losses inthe tax year in which they are realised.

PART 13
ANTI-TAX AVOIDANCE

74. Income Splitting

1) If a taxpayer attempts to split incomewith a related person,the Authority shall adjust the income and tax credits of bothpersons to prevent any reduction in tax payable as a result ofthe splitting of income.
2) A taxpayer shall be treated as having attempted to split income when:
   (a) The taxpayer transfers income orthe right to income,directly or indirectly, to a related person; or
   (b) The taxpayer transfers asset, including money, directlyor indirectly, to a related person with the result that therelated person receives or enjoys the benefit of theincome from that asset;and the reason or one of the reasons for the transfer is to lower the total tax payable upon the income of the transferorand the transferee.

3) Namni tokko galii isaa qoqqooduuf kan yaale ta'uu fi ta'uu dhabuu murteessuuf Abbaan Taayitichaa gatii qabeenya darbeef kenname (yoo jiraate) tilmaama keessa galchuu qaba.

75. Gatii Dabarsuu

1) Bittaa fi gurgurtaan qajeeltoo gatii gabaatiin hin raawwatamne kamiyyuu yoo jiraatu, gatii gabaa sirriitiin kan mul'atu, galii, faayidaa, hir'ifama, kasaaraa yookiin bakka buufama sirrii murteessuuf Abbaan Taayitichaa galiiwwan, faayidaawwan, hir'ifama baasiiwwanii, kasaaraawwan yookiin bakka buufama kanneen namoota bittaa fi gurgurtaa raawwatan gidduutti qoqqooduu yookiin hiruu danda'a.
2) Bittaa fi gurgurtaan keewwata kana keewwata xiqqaa 1 irratti raawwatu qaama waliigalan keessaa tokko Naannicha keessa kan jiruu fi Naannichaaf gibira kaffaluuf dirqama kan qabu yoo ta'eefi qaamni bittaa fi gurgurtaa raawwate inni biroon immoo Naannichaan alatti kan argamu yoo ta'e qoqqooddii, hiruu, qoqqooddii galii, faayidaa, herrega hir'ifamaa, kasaaraa yookiin bakka buufamni gibiraa kamiyyuu taasifamu bu'uura qajeelfama Abbaan Taayitichaa baasuun ta'a.
3) Namni jiraataa Itiyoophiyaa hin taane, dhaabbata dhaabbiidhan Naannicha keessatti hojjatu yookiin namni jiraataa Naannichaa ta'ee dhaabbata dhaabbiidhan Itiyoophiyaan alatti hojjetu qoqqooddiin galii yookiin baasii taasifamu bu'uura qajeelfama Abbaan Taayitichaa baasuun ta'a.
4) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 3tiin qajeelfamni bahu bittaa fi gurgurtaa guutummaa guutuutti Naannicha keessatti raawwatamaniifis raawwatinsa ni qabaata.
5) Kaffalaan gibiraa tokko beeksisa gibiraa bara gibirichaatti dhiyeessu keessatti tarreeffama bittaa fi gurgurtaa namoota quunnamtii qaban waliin raawwate waliin dhiyeessuu qaba.

፫) አንድ ሰው ገቢውን ለመከፋፈል የሞከረ መሆን አለመሆኑን ለመወሰን ባለሥልጣኑ ለተ ላለፈው ሀብት የተሰጠውን ዋጋ(ካለ) ግምትውስጥ ማስገባት አለበት፡፡

፸፭. ስለማሸጋገሪያ ዋጋ

፩) በገበያ ዋጋ መርህ ያልተደረገ ማንኛውም ግብይት ሲኖር፣በትክክለኛ የገበያ ዋጋ የሚታየውን ትክክለኛ ገቢ፣ ጥቅም፣ተቀናሽ፣ ኪሳራ፣ ወይም ማካካሻ ለመወሰን ባለሥልጣኑ እነዚህን ገቢዎች፣ጥቅሞች፣ተቀናሽ ወጪዎች፣ኪሣራዎች ወይም ማካካሻዎች ግብይቱን ባደረጉት ወገኖች መካከል ሊያከፋፍል ወይም ሊደለድል ይችላል፡፡
፪) የዚህ አንቀጽንዑስ አንቀጽ (፩) ተፈፃሚ በሚሆንበት ግብይት ከተዋዋዩቹ አንዱ በክልሉ ውስጥ የሚገኝና በክልሉ ግብር የመክፈል ኃላፊነት ያለበት ሲሆን እናየግብይቱ ሌላኛው ወገን ደግሞ ከክልሉ ውጭ የሚገኝ እንደሆነ ማንኛውም ክፍፍል፣ ድልድል፣የገቢ ክፍፍል፣ጥቅም፣ተቀናሽ ሂሣብ፣ ኪሣራ ወይም የግብር ማካካሻ የሚደረገው ባለሥልጣኑ በሚያወጣው መመሪያ መሠረት ይሆናል፡፡
፫) በኢትዮጵያ ነዋሪ ያልሆነ ሰው በክልሉ ውስጥ ላለው በቋሚነት የሚሠራ ድርጅት ወይም በክልሉ ነዋሪ የሆነ ሰው ከኢትዮጵያ ውጭ ላለው በቋሚነት የሚሠራ ድርጅት የገቢ ወይም የወጪ ድልድል የሚደረገው ባለሥልጣኑ በሚያወጣው መመሪያ መሠረት ይሆናል፡፡
፬) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (፫) መሠረት የሚወጣው መመሪያ ሙሉ በሙሉ በክልሉ ውስጥ ለሚከናወኑ ግብይቶችም ተፈፃሚ ሊሆን ይችላል፡፡
፭) አንድ ግብር ከፋይ ለግብር ዓመቱ በሚያቀርበው የግብር ማስታወቂያ ውስጥ ግንኙነት ካላቸው ሰዎች ጋር ያደረጋቸውን ግብይቶች ዝርዝር አብሮ ማቅረብ አለበት፡፡

3) In determining whether a person has attempted to split income,the Authority shall consider the value,if any,given for the transfer.

75. Transfer Pricing

1) The Authority may, in respect of any transaction that isnot an arm's length transaction, distribute, apportion, or allocate income, gains, deductions, losses,or tax credits between the partiesto the transaction as is necessary to reflect the income, gains, deductions, losses, or creditsthat would have been realised in an arm's length transaction.
2) If a party to a transaction to which sub-article (1) of this Article applies is located in, and subject to tax in, The region and another party to the transaction is located outside the region, any distribution, apportionment, or allocation of income, gains, deductions,losses, or tax credits shall be made in accordance with a Directive issued by the Autority.
3) The allocation of income or deductions to a permanent establishment in oromia of a non-resident or to a permanent establishment of a resident of oromia outside Ethiopia shall be made in accordance with a Directive issued by the Autority.
4) The Directive referred to in sub-article (3) of thisArticle may apply also to transactions that take placewholly in the region.
5) A taxpayer shall include details of transactions with related persons during a tax year with the taxpayer's tax declaration for the year.

6) Bu'uura keewwata kanaan "bittaa fi gurgurtaa bu'uura gatii gabaatiin raawwatamu" jechuun namootni quunnamtii hin qabne bu'uura gatii gabaatiin bittaa fi gurgurtaa raawwatanidha.

76. Karoora Gibira Dhoksuuf Taasifamu

1) Abbaan Taayitichaa haalawwan armaan gadii raawwatamaniiru jedhee yoo amane tumaalee Keewwata kanaa hojiirra oolchuu ni danda'a.
   (a) Karoorri gibira dhoksuuf dandeessisu yoo qopha'u yookiin hojiirra yoo oolu;
   (b) Bu'uura karoorichaatiin namni tokko faayidaa gibiraa yoo argatuu; fi
   (c) Dhimma bu'uuraa karoorichaa tilmaama keessa galchuudhaan namni karooricha irratti waliigale yookiin karooricha hojiirra oolche, kaayyoon tokkichi yookiin inni bu'uuraa kana gochuuf isa dandeessise faayidaa gibiraa keewwata kana keewwata xiqqaa 1(b) argachuuf jedhee murteessuuf kan danda'amu yoo ta'edha.
2) Labsii kana keessatti tumaan faallaa ta'e jiraatus; Keewwatni kun yeroo raawwii qabaatutti Abbaan Taayitichaa waligalteen karooraa kamiyyuu akka hin taasifamne yookiin waliigaltichi akka hojiirra hin oolletti lakkaa'uun gocha gibira dhoksuuf taasifame ittisuuf yookiin hir'isuuf haalawwan rogummaa qabu jedhu tilmaama keessa galchuun gibira nama gibira kaffaluuf dirqama qabuu yookiin gibira nama karooricha waliin quunnamtii qabuu murteessuu ni danda'a.
3) Bu'uura Keewwata kanaatiin murtiin gibiraa kan kenname yoota'e, murticha hojii irra oolchuuf akka danda'amu Abbaan Taayitichaa murtee gibiraa ilaalchisee kaffalaa gibiraatiif beeksisa ni kenna.

፮) በዚህ አንቀጽ "በገበያ ዋጋ መሠረት የሚደረግ ግብይት" ማለት ግንኙነት የሌላቸው ሰዎች በገበያ ዋጋ መሠረት የሚያደርጉት ግብይት ነው፡፡

፸፮. ከግብር ለመሸሽ የሚደረጉ ዕቅዶች

፩) የሚከተሉት ሁኔታዎች ተፈፅመዋል ብሎ ሲያምን ባለሥልጣኑ የዚህን አንቀጽ ድንጋጌዎች ተግባራዊ ሊያደርግ ይችላል፡-
   (ሀ) ከግብር ለመሸሽ የሚያስችል ዕቅድ ሲዘጋጅ ወይም ተግባራዊ ሲሆን፤
   (ለ) በዕቅዱ መሠረት አንድ ሰው የግብር ጥቅም ሲያገኝ፤እና
   (ሐ) የዕቅዱን መሠረታዊ ጉዳይ ግምት ውስጥ በማስገባት በዕቅዱ የተስማማው ወይም ዕቅዱን ተግባራዊ ያደረገውሰው ይህንን ሊያደርግ የቻለበት ብቸኛው ወይም ዋነኛው ዓላማ በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፩(ለ) የተመለከተውን የግብር ጥቅም ለማግኘት ነው ብሎ ለመደምደ ም የሚቻል ሲሆን ነው፡፡
፪) በዚህ አዋጅ ውስጥ ሌላ ተቃራኒ ድንጋጌ ቢኖርም፣ይህ አንቀጽ ተፈፃሚ ሲሆን ባለሥልጣኑ ምንም ዓይነት የዕቅድ ስምም ነት እንዳልተደረገ ወይም ስምምነቱ ተግባራዊ እንዳልተደረገ በመቁጠር ከግብር ለመሸሽ የተደረገውን ተግባር ለመከላ ከል ወይም ለመቀነስ አግባብነት ይኖረዋል የሚለውንሁኔታ ግምት ውስጥ በማስገባትግብር የመክፈል ግዴታ ያለበትን ሰው ወይም ከዕቅዱ ጋር ግንኙነት ያለውን ሰው ግብር ሊወስን ይችላል፡፡
፫) በዚህ አንቀጽ መሠረት የግብር ው ሳ ኔ የተሰጠ ሲሆን፣ውሳኔውን ተግባራዊ ማድረግ ይቻል ዘንድ ባለሥልጣኑ የግብር ው ሳኔውን አስመልክቶ ለግብር ከፋዩ ማስታወቂያዎች ይሰጣል፡፡
ለዚህ አንቀጽ አፈፃፀም "ዕቅድ" የሚከተ ሉትን ይጨምራል፡-

6) In this Article, "arm's length transaction" means atransaction between independent persons whoare dealing at arm's length with each other.

76. Tax Avoidance Schemes

1) This Article shall apply when the Authority is satisfied that:
   (a) A scheme has been entered into or carried out;
   (b) A person has obtained a tax benefit in connectionwith the scheme; and
   (c) Having regard to the substance of the scheme, itwould be concluded that a person, or oneof the persons, who entered into or carried out the schemedid so for the sole or dominant purpose of enablingthe person to obtain the tax benefit referred to sub article 1(b) of this article.
2) Despite any thing in this Proclamation, when this Article applies, the Authority may determine the tax liability of the person who obtained the tax benefit and of any other person related to the scheme as if the scheme had not been entered into or carried outor insuch manner as in the circumstances the Authority considers appropriate for the prevention or reduction of the tax benefit.
3) If a determination is made under this Article, the Authority shall serve a notice or notices of assessment to give effect to the determination.

4) Raawwii Keewwata kanaatiif: “karoorri” kanneen armaan gadii ni dabalata:
   (a) Adeemsa murii keessatti raawwatamuu kan danda’u yookiin kan hin dandeenye ta’us yookiin ifaan yookiin callisaan kan raawwatame ta’us ta’uu baatus waliigaltee, haala mijeessuu, waadaa seenuun, yookiin dhimma tokko raawwachuuf walta’uu;
   (b) Karoora yookiin yaada kamiyyuu dhiyeessuu, adeemsa gocha tokkoo yookiin adeemsa raawwii gocha tokkoo.
5) Faayidaa gibiraa jechuun:
   (a) Gibira namni kamiyyuu kanfaluu qabu hir’isuu;
   (b) Dirqama namni tokko gibira kaffaluuf qabu tursiisuu; yookiin
   (c) Gocha biroo kamiyyuu gibira dhoksuuf raawwatamu dha.

Kutaa Kudha Afur
Tumaalee Bulchiinsaa fi Adeemsa

77. Raawwatiinsa Labsii Bulchiinsa Taaksii

Labsii kana keessatti kan tumame akkuma eegametti ta’ee, Labsii kana raawwachiisuuf akkaataa barbaachisummaa isaatti tumaaleen Labsii Bulchiinsa Taaksii raawwatiinsa ni qabaatu.

78. Qabiinsa Galmee

1) Kaffaltoonni gibiraa sadarkaan “A” gibira galii hojii daldaalaa kaffaluuf dirqama qaban bu’uuraa sadarkaalee dhiyeessa gabaasa faayinaansiitiin galmeewwan herregaa qabachuuf dirqama kan qaban yoo ta’u, keessattuu galmeewwan armaan gadii qabachuu qabu:
   (a) Guyyaa qabeenyawwan dhaabbataan itti bitaman, gatii itti bitaman, qabeenyicha fooyyessuuf baasii bahee fi gatii galmee qulqulluu wayitaawaa qabeenyichaa sanada agarsiisu dabalatee qabeenyaafi idaa hojii daldalichaa galmee agarsiisu;

(ሀ) በፍርድ ሂደት ውስጥ ተፈፃሚ ሊሆን የሚችል ወይም የማይችል ቢሆንም፣ወይም በግልጽ ወይም በአንድምታ የተደረገ ቢሆንም ባይሆንም፣ስምምነትን፣ማመቻቸትን፣ ቃል ኪዳን መግባትን፣ ወይም አንድን ነገር ለመፈፀም መስማማትን፤
(ለ) ማንኛውንም ዕቅድ፣ ወይም ሀሳብ ማቅረብ፣ የአንድን ድርጊት ሂደት ወይም የአንድን ድርጊት አፈፃፀም፡፡

5) “የግብር ጥቅም” ማለት፡-
(ሀ) ማንኛውም ሰው ሊከፍል የሚገባውን ግብር መቀነስ፤
(ለ) የአንድን ሰው ግብር የመክፈል ኃላፊነት ማዘግየት፤ ወይም
(ሐ) ሌላማንኛውም ከግብር ለመሸሽ የሚከናወን ድርጊት ነው፡፡

ክፍል አሥራ አራት
አስተዳደራዊናየሥነ-ሥርዓትድንጋጌዎች

&7. የታክስ አስተዳደር አዋጅ ተፈፃሚነት

የዚህ ክፍል ድንጋጌዎች እንደተጠበቁ ሆነው፣ ይህንን አዋጅ ለማስተዳደር የታክስ አስተዳደር አዋጅ ተፈፃሚ ይሆናል፡፡

&8. መዝገብ ስለመያዝ

1) የንግድ ሥራ ገቢ ግብር የመክፈል ኃላፊነት ያለባቸው የደረጃ “ሀ” ግብር ከፋዮች በፋይናንስ ሪፖርት አቀራረብ ደረጃዎች መሠረት የተዘጋጁ የሂሳብ መዝገቦችን የመያዝ ግዴታ ያለባቸው ሲሆን፤ በተለይም የሚከተሉትን መዛግብት መያዝ አለባቸው፡-
(ሀ) ቋሚ ሀብቶች የተገዙበትን ቀን፣ የተገዙበትንዋጋ፣ ሀብቱን ለማሻሻል የወጣውን ወጪ እና የሀብቱን የወቅቱን የተጣራ የመዝገብ ዋጋ የሚያሳይ ሰነድን ጨምሮ የንግድ ሥራውን ሀብትና ዕዳ የሚያሳይ መዝገብ፤

4) In this Article:“scheme” includes:
(a) An agreement, arrangement, promise,or undertaking, whether express or implied andwhether or not enforceable by legal proceedings; or
(b) any plan, proposal, course of action, or courseof conduct; and
5) “Tax benefit” means:
   (a) Reduction in a liability of a person to pay tax;
   (b) A postponement of a liability of a person to pay tax;or
   (c) Any other avoidance of a liability of a person to pay tax

PART 14
ADMINISTRATIVE AND PROCEDURAL RULES

77. Application of Tax Administration Proclamation

The Tax Administration Proclamation shall apply for thepurposes of the administration of this Proclamation but subject to this Part.

78. Record-keeping

1) Category ‘A’ tax payers liable for business income tax shallkeep booksof account prepared in accordancewith thefinancial accounting reporting standards and, in particular shall keep the following:
   (a) A record of the business assets and liabilities of thetaxpayer, including a register of fixed assets showing the acquisition date, the cost of acquisition, any costs of improvement in relation to the asset, and the current netbook value of the asset;

(b) Hojii daldala kaffalaa gibirichaa waliin walqabatee galii guyyaa guyyaan argamee fi baasii kamiyyuu sanada agarsiisu;

(c) Hojii daldalichi waliin walqabatee bittaa fi gurgurtaa meeshaawwan daldalaa akkasumas tajaajila kaffalaa gibiraatiin kennamanii fi argaman ilaalchisee sanada dhimmoota itti aanan argisiisu:

(i) Meeshaalee daldalaa gabaa irra oolche yookiin fudhatee fi tarreeffama tajaajilaa kenname yookiin argamee;

(ii) Maqaa namoota kaffalaa gibiraa irraa meeshaa daldalaa yookiin tajaajilawwan bitanii yookiin kaffalaa gibiraatiif dhiyeessanii fi lakkoofsa eenyummaa kaffalaa gibiraa akkuma haala isaatti;

(iii) Nagaheewwan dursa lakkoofsi kennameef kan lakkoofsa eenyummaa kaffalaa gibiraa dhiyeessaa qabatan;

(d) Sanada gosa, hangaa fi gatii meeshawwan daldalaa dhuma bara gibiraatti harka kaffalaa gibiraatti argamanii fi mala tilmaama gatii agarsiisuu;

(e) Sanada biroo kamiyyuu itti gaafatamummaa gibiraa kaffalaa gibiraa murteessuuf dandeessisu.

2) Kaffaltootni gibiraa sadarkaa “B” gibira galii hojii daldaalaa kaffaluuf dirqama qaban sanadoota armaan gadii qabachuuf dirqama qabu:

(a) Galmee galii fi baasii guuyya guyyaa argisiisu;

(b) Galmee gurgurtaa fi bittaa hunda agarsiisu;

(c) Galmee mindaa fi durgoowwanii;

(d) Sanada biroo kamiyyuu itti gaafatamummaa gibiraa kaffalaa gibiraa murteessuuf dandeessisu.

3) Kaffaltoonni gibiraa sadarkaa “C” bu’uura dambii Manni Maree baasuun kan murtaa’u galmee galii gurgurtaa waliigalaa agarsiisu yookiin galmee barbaachisaa biroo qabachuuni danda’u.

(ለ) ከግብር ከፋዩ ንግድ ሥራ ጋር በተያያዘ በየቀኑ የተገኘውን ማናቸውንም ገቢ እና ወጪ የሚያሳይ ሰነድ፤

(ሐ) ከንግድ ሥራው ጋር በተያያዘ የንግድ ዕቃዎችን ግዢና ሽያጭ እንዲሁም በግብ ር ከፋዩ የተሰጡ እና የተገኙ አገልግሎ ቶችን በተመለከተ የሚከተሉትን የሚያሳይ ሰነድ፤

(i) ለገበያ የዋሉትን ወይም የተቀበላቸውን የንግድ ዕቃዎች እና የተሰጠውን ወይም የተገኘውን አገልግሎት ዝርዝር፣

(ii) ከግብር ከፋዩ ላይ የንግድ ዕቃዎችን ወይም አገልግሎቶችን የገዙ ወይም ለግብር ከፋዩ ያቀረቡ ሰዎችን ስም እና የታክስ ከፋይ መለያ ቁጥር(እንደሁኔታው)፣

(iii) የአቅራቢውን የግብር ከፋይ መለያ ቁጥር የያዙ አስቀድሞ ቁጥር የተሰጣ ቸው ደረሰኞችን፣

(መ) በግብር ዓመቱ መጨረሻ በግብር ከፋዩ እጅ የሚገኙ የንግድ ዕቃዎች ን ዓይነት፣መጠንና ዋጋ እና የዋጋ መገመቻ ዘዴን የሚያሳይ ሰነድ፤

(ሠ) የግብር ከፋዩን የግብር ኃላፊነት ለመወሰን የሚያስችል ሌላ ማንኛውም ሰነድ።

፪) የንግድ ሥራ ገቢ ግብር የመክፈል ኃላፊነት ያለባቸው የደረጃ “ለ” ግብር ከፋ ዮች የሚከተሉትን ሰነዶች የመያዝ ግዴታ አለባቸው፡-

(ሀ) የየቀኑን ገቢ እና ወጪ የሚያሳይ መዝገብ፤

(ለ) ሁሉንም ግዥዎችና ሽያጮችን የሚያሳይ መዝገብ፣

(ሐ) የደመወዝና የአበሎች መዝገብ፤

(መ) የግብር ከፋዩን የግብር ኃላፊነት ለመወሰን የሚያስችል ሌላ ማንኛውም አግባብነት ያለው ሰነድ፤

፫) የደረጃ “ሐ” ግብር ከፋዮች የክልል መስተዳድር ምክር ቤት በሚያወጣው ደንብ በሚወሰነው መሠረት ጠቅላላ የሽያጭ ገቢያቸውን የሚያሳይ ወይም ሌላ አስፈላጊ መዝገብ ሊይዙ ይችላሉ።

(b) A record of all daily income and expenditures related to the taxpayer’s business;

(c) A record of all purchases and sales of trading stock, and services provided and received by the taxpayer showing the following:

(i) The particular trading stock sold or received andservices supplied or received;

(ii) The name and TIN (if any) of the purchasers from,and suppliers to, the taxpayer of trading stock or services;

(iii) Pre-numberedi n v o i c e s containing the supplier’s TIN;

(d) A record of trading stock on handat the end of thetaxpayer’s tax year, including the type, quantity,and cost of the stock, and the method of valuation used;

(e) Any other document relevant in determining the taxliability of the taxpayer.

2) Category ‘B’ taxpayers liable for business income tax shall keep the following:

(a) A record of daily income and expenditures;

(b) A record of all purchases and sales of trading stock;

(c) A salary and wages register

(d) Any other document relevant in determining the tax liability of the taxpayer.

3) Category ‘C’ taxpayers may keep a record of gross income and shall keep such other records as may bespecified in the Regulations.

4) Bu'uura Labsii kana Gabatee "B" tiin kaffalaan gibiraa sadarkaa "A" yookiin "B" gibira kaffaluuf dirqama qabu sanadoota armaan gadii qabachuuf dirqama qabu:
   (a) Sanada galii kiraarraa argate argisiisu;
   (b) Kaffaltiiwwan manichaan walqabate mootummaaf yookiin bulchiinsa magaalaatiif kaffalame sanada agarsiisu;
   (c) Haala Labsii kana keewwata 16 keewwata xiqqaa 5 (b) raawwatiinsa itti qabaatu yoo ta'emalee, baasii kamiyyuu manichaan walqabatee bahu sanada argisiisu;
   (d) Guyyaa gamoon kireeffamu itti argame, gatii gamichi itti argame, baasii gamicha fooyyessuuf bahee fi gatii galmee qulqulluu wayitaawaa gamichaa sanada agarsiisu;
   (e) Mannicha ilaalchisee waliigaltee kireessaa fi kireeffataa kamiyyuu sanada agarsiisu.
5) Akkaataa Labsii kana keewwata 55 tiin kaffalaan gibiraa gibira kaffaluuf dirqama qabu guyyaa qabeenyi gibirri itti kaffalamu argame, gatii itti argamee fi qabeenyicha fooyyessuuf baasii biro bahe kamiyyuu, galii yeroo qabeenyichi darbutti argate galmee argisiisu qabachuuf dirqama qaba.
6) Kaffalaan gibiraa baasiin tokko akka hir'ifamaatti akka qabamuuf yookiin gatii qabeenya tokkoo keessatti akka hammatamuuf kan dandeessisu ragaa sanadaa dhiyeessuu kan hin dandeenye yoo ta'e, Abbaan Taayitichaa kanneen armaan gadiiheeyyamuu dhiisuu danda'a:
   (a) Baasiin akka hir'ifamaatti akka qabamu;
   (b) Baasiin tokko gatii qabeenya tokkkoo keessatti akka hammatamu.
7) Raawwii Keewwata kanaatiif Abbaan Taayitichaa qajeelfamani baasa.

፬) በዚህ አዋጅ ሠንጠረዥ "ለ" መሠረት ግብር የመክፈል ኃላፊነት ያለበት የደረጃ "ሀ" ወይም" ለ"ግብር ከፋይ የሚከተሉትን ሰነዶች የመያዝ ግዴታ አለበት፡-
   (ሀ) ከኪራይ የተቀበለውን ገቢ የሚያሳይ ሰነድ፤
   (ለ) ከቤቱ ጋር በተያያዘ ለመንግሥት ወይም ለከተማ አስተዳደር የተከፈሉትን ክፍያዎ ች የሚያሳይ ሰነድ፤
   (ሐ) የዚህ አዋጅ አንቀጽ ፲፮(፭)(ለ) ተፈፃሚ በሚሆንበት ሁኔታ ካልሆነ በስተቀር ከቤቱ ጋር ተያይዞ የሚወጣውን ማንኛውንም ወጪ የሚያሳይ ሰነድ፤
   (መ) የሚከራየው ሕንፃ የተገኘበትን ቀን፣ ሕንፃው የተገኘበትን ዋጋ፣ ሕንፃውን ለማሻሻ ል የወጣውን ወጪ እና የህንፃውን የወቅ ቱን የተጣራ የመዝገብ ዋጋ የሚያሳይ ሰነድ፤
   (ሠ) ቤቱን በሚመለከት የተደረገ ማንኛውንም የተከራይ አከራይ ስምምነት የሚያሳይ ሰነድ
፭) በዚህ አዋጅ አንቀጽ ፶፭ መሠረት ግብር የመክፈል ኃላፊነት ያለበት ግብር ከፋይ ግብ ር የሚከፈልበት ሀብት የተገኘበትን ቀን፣ የተገኘበትን ዋጋ እና ሀብቱን ለማሻሻል የወጣ ሌላ ማንኛውንም ወጪ፣ ሀብቱ በሚ ተላለፍበትጊዜ የተቀበለውን ገቢ የሚያሳይ መዝገብ የመያዝ ግዴታ አለበት።
፮) ግብር ከፋዩ አንድ ወጪ በተቀናሽነት እንዲያዝለት ወይም በአንድ ሀብት ዋጋ ውስጥ እንዲካተትለት የሚያስችለውን የሰነድ ማስረጃ ማቅረብ ያልቻለ እንደሆነ ባለሥልጣኑ የሚከተሉትን ላይፈቅድ ይችላል፡-
   (ሀ) ወጪ በተቀናሽነት እንዲያዝ፤
   (ለ) አንድ ወጪ በአንድ ሀብት ዋጋ ውስጥ እንዲካተት፤
፯) ባለሥልጣኑ ለዚህ አንቀጽ አፈፃፀም የሚያግ ዙ መመሪያዎችን ያወጣል።

4) A category 'A' or 'B' taxpayer liable for tax under Schedule B of this Proclamation shall keep the following:
   (a) A record of rental income received;
   (b) A record of fees and charges paid to a State or City Administration in relation to the building;
   (c) Unless Article 16(5)(b) of this Proclamation applies, a record of any expenditures incurred in relation to the building;
   (d) A register of rental buildings showing the acquisition date, the cost of acquisition, any costsof improvement in relation to the building, and the current net book value of the building;
   (e) A record of any sub-lease arrangement in respect of the building.
5) A taxpayer taxable under Article 55of this Proclamationshall keep a record of the acquisition date of the taxableasset, the cost of acquisition,any costs of improvement in relation to the asset, and the consideration received ondisposal of the asset.
6) if the taxpayer is unable to produce documentary evidence relating to the circumstancesgiving rise to the claim for thededuction or the inclusion of the amount in the cost of anasset.The Authority may disallow a claim by a taxpayer for the following:
   (a) A deduction for an expenditure;
   (b) The inclusion of an amount of expenditure in the cost of an asset,
7) The Authority shall issue directives necessary for the implementation of this Article.

79. Gibira Beeksisuu

1) Qaxaramaan tokko ji'a tokko keessatti qaxxartoota tokkoo oliif kan hin hojjane yookiin gibira hir'isee galii gochuuf dirqama kan hin qabne yoo ta'e malee, gibiricha beeksisuuf dirqama hin qabu.
2) Qaxaramaan tokko ji'a tokko keessatti qaxxartoota tokkoo olii kan qabu yookiin galii ofii isaa irraa gibira hir'isee qabachuuf dirqama kan qabu yoo ta'e, qaxaramichi dhuma ji'a sadiin booda guyyoota 30'n jiran keessatti beeksisa gibiraa dhiyeessuu qaba.
3) Qaxaramaan tokko dirqama gibira beeksisuu kan hin qabne yoo ta'e, qaxaraan akkaataa Labsii kana keewwata 89 tiin nagahee gibira hir'ifamee hafe qaxaramaaf kennuu agarsiisu kaayyoo Labsii kanaa fi Labsii Bulchiinsa Taaksiitiif jecha qaxarichi gibira ji'aan kaffaluu qabu irraa murtii gibiraa kenname ta'ee fudhatama.
4) Kaffaltootni gibiraa sadarkaa "A" fi "B" gibira bara gibirichaa kan beeksisan yeroo armaan gadii keessatti ta'a:
   (a) Kaffaltoonni gibiraa sadarkaa "A" barri gibirichaa yeroo xumuramee eegalee ji'oota afur jiran keessatti;
   (b) Kaffaltoonni gibiraa sadarkaa "B" barri gibirichaa yeroo xumuramee eegalee ji'oota lama jiran keessatti.
5) Beeksifni gibiraa akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 4 tiin dhiyaatu kanneen armaan gadii qabaachuu qaba:
   (a) Kaffaltoota gibiraa sadarkaa "A" tiif ibsa bu'aa fi kasaaraa fi ibsa qabeenyaa fi idaa kaffalaa gibiraa kanbara gibirichaa; yookiin
   (b) Kaffaltoota gibiraa sadarkaa "B" tiif ibsa herrega bu'aa fi kasaaraa gibira waggaa kan kaffalaa gibirichaa.

፸፱. ግብርን ስለማሳወቅ

፩) አንድ ተቀጣሪ በአንድ ወር ውስጥ ከአንድ በላይ ለሆኑ ቀጣሪዎች የማይሰራ ወይ ም ግብርን ቀንሶ ገቢ የማድረግ ግዴታ ያለበት ካልሆነ በስተቀር ግብሩን የማስታወቅ ግዴታ የለበትም፡፡
፪) አንድ ተቀጣሪ በአንድ ወር ውስጥ ከአንድ በላይ ቀጣሪዎች ያሉት ወይም ከራስ ገቢ ላይ ግብር ቀንሶ የመያዝ ግዴታ ያለበት እ ንደሆነ፣ ተቀጣሪው ከየሦስት ወሩ መጨረሻበኋላ ባሉት ፴ ቀናት ውስጥ የግብር ማስታወቂያ ማቅረብ ይኖርበታል፡፡
፫) አንድ ተቀጣሪ ግብር የማሳወቅ ግዴታ የሌለበት ሲሆን ቀጣሪው በአንቀጽ ፹፱ መሠረት ለተቀጣሪው የሚሰጠው ግብር ተቀንሶ ቀሪ መ ሆ ኑ ን የሚያሳየው ደረሰኝ ለዚህ አዋጅና ለታክስ አስተዳ ደር አዋጅ ዓላማ ሲባል ቀጣሪው በየወሩ መክፈል በሚኖርበት ግብር ላይ እንደተሰጠ የግብር ውሳኔ ተደርጎ ይወሰዳል፡፡
፬) የደረጃ "ሀ" እና "ለ" ግብር ከፋዮች የግብር ዓመቱን ግብር የሚያሳውቁት በሚከተሉት ጊዜያት ውስጥ ይሆናል፡-
   (ሀ) የደረጃ "ሀ" ግብር ከ ፋ ዮ ች የግብር ዓመቱ ከተጠናቀቀበት ጊዜ አንስቶ ባሉ ት የአራት ወራት ጊዜ ውስጥ፤
   (ለ) የደረጃ "ለ" ግብር ከፋዮች የግብር ዓመቱ ከተጠናቀቀበት ጊዜ አንስቶ ባሉት የሁለት ወራት ጊዜ ውስጥ፤
፭) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (፬) መሠረት የሚቀርብ የግብር ማስታወቂያ የሚከተሉትን መያዝ ይኖርበታል፡-
   (ሀ) ለደረጃ "ሀ" ግብር ከፋዮች፣ የግብር ከፋዩንየግብር ዓመቱን ትርፍና ኪሳራ መግ ለጫ እና የሃብትና ዕዳ መግለጫ፤ ወይም
   (ለ) ለደረጃ "ለ" ግብር ከፋዮች፣የግብር ከፋዩን የግብር ዓመቱን የትርፍና ኪሳራ የሂሳብ መግለጫ፤

79. Tax Declarations

1) An employee shall not be required to file a tax declarationunless the employee has more than one employer for acalendar month or he has self-withholding obligation.
2) If an employee has more than one employer for a calendarmonth or a selfwithholding obligation, the employee shall file a tax declaration within 30 days from the end of everythree months .
3) For an employee who is not required to file a tax declaration,the withholding tax receipt provided by the employer to the employee under Article 89 of this Proclamation for a month shall be treated for the purposes of this Proclamation and the Tax Administration Proclamation as an assessment of the amount of tax pay able by the employee for the month being that amount as set out on the statement.
4) A Category'A' or Category'B' taxpayer shall file a tax declaration for a tax year within:
   (a) For Category A taxpayers, 4 months from the end of thetax year; or
   (b) For Category 'B' taxpayers, 2 months from the end ofthe tax year.
5) A tax declaration filed under sub-article (4) of this Articlefor a tax year shall be accompanied by:
   (a) For a Category 'A' taxpayer, the taxpayer's profit andloss statement and balance sheet for the year; or
   (b) For a Category 'B' taxpayer, the taxpayer's profit and loss statement for the year.

6) Kaffalaan gibiraa sadarkaa "C" yeroo Labsii kana keewwata 80 keewwata xiqqaa 4 jalatti murtaa'e keessatti beeksisa gibirichaa dhiyeessuu qaba.

7) Galii argate irraa sababa gibirichi hir'ifameef bilisa yoo taasifame malee kaffalaan gibiraa galii Gabatee "D"qabu bara gibirichaatti bittaa fi gurgurtaa galicha argamsiise erga taasifamee eegalee ji'oota lamaan jiran keessatti beeksisa gibiraa dhiyeessuuf dirqama qaba.

80. Gibira Kaffaluu

1) Yeroon kaffaltii qaxaramaan tokko gibira galii qaxaramuu irraa aragamu ji'aan kaffaluu qabu yeroo kaffalaan gibiraa beeksisa gibiraa kan ji'a sadi sadii itti dhiyeessudha.

2) Kaffaltootni gibiraa sadarkaa "A" fi "B" yeroo galii waggaa isaanii beeksisuu qabanitti gibira bara gibirichaatti kaffaluu qaban kaffaluu qabu.

3) Kaffalaa gibiraa Labsii kana keewwata 79 keewwata xiqqaa 7 ilaallattu bittaa fi gurgurtaa yeroo gibirri itti kaffalamuu ilaalchisee yeroo beeksifni gibiraa itti dhiyaatu ta'a.

4) Kaffalaan gibiraa sadarkaa "C" bu'uura dambii Labsii kana raawwachiisuuf bahuutiin tokkoon tokkoo bara baajataatiif yeroo Adoolessa 1 hanga Adooleessa 30 jiru gidduutti gibira kaffaluu qaba.

81. Meeshaleen Biyya Keessa Yeroo Galan Gibira Dursee Kaffalamu

1) Kaffalaa gibiraa gabatee "C" Meeshaalee daldaalaaf oolan gara biyya keessatti yoo galchu baasii meeshawwan gatii gumurukaa, araboonii inshuraansii geejjibuuf baasu gibira hojii daldaalaaf dursee AbbaaTaayitaatiif ni kaffala.

፮) የደረጃ "ሐ" ግብር ከፋይ በዚህ አዋጅ አንቀጽ ፹(፬) በተወሰነው ጊዜ ውስጥ የግብር ማስታወቂያውን ማቅረብ አለበት፡፡

፯) ካገኘው ገቢ ላይ ግብሩ ተቀናሽ የተደረገ በመሆኑ ምክንያት ነፃ ካልተደረገ በስተቀር የ ሠንጠረዥ "መ" ገቢ ያለው ግብር ከፋይ በ ግብር ዓመቱ ገቢውን ያስገኘው ግብይት ከተደረገ ጀምሮ ባሉት ሁለት ወ ራ ት ውስጥ የግብር ማስታወቂያ የማቅረብ ግዴታ አለበት፡፡

፹. ግብርን ስለመክፈል

፩) አንድ ተቀጣሪ ለወሩ መ ክ ፈ ል የሚኖርበት ከመቀጠር የሚገኝ ገቢ ግብር የመክፈያ ጊዜ ግብር ከፋዩ የየሦስት ወሩን የግብር ማስታወቂያ የሚያቀርብበት ጊዜ ነው፡፡

፪) የደረጃ "ሀ" ወይም "ለ" ግብር ከፋዩች ዓመታዊ ገቢያቸውን ማስታወቅ ባለባቸው ጊዜ በግብር ዓመቱ ሊከፍሉት የሚገባውን ግብር ከፋዮቹ መክፈል አለባቸው፡፡

፫) የዚህ አዋጅ አንቀጽ ፸፱(፯) የሚመለከተውግብር ከፋይ ግብር መክፈያ ጊዜ ግብይቱን አስመልክቶ የግብር ማስታወቂያ መቅረብ የሚኖርበት ጊዜ ይሆናል፡፡

፬) የደረጃ "ሐ" ግብር ከፋይ በዚህ አዋጅ ሥር በሚወጣ ደንብ መሠረት ለእያንዳንዱ በጀ ት ዓመት ከሐምሌ ፩ ቀን እስከ ሐምሌ ፴ ቀን ባለው ጊዜ ውስጥ ግብሩን መክፈል ይኖርበታል፡፡

፹፩. ዕቃዎች ወደ ሀገር በሚገቡበት ጊዜ በቅድሚ ያ ስለሚከፈል ግብር

፩) የሠንጠረዥ "ሐ" ግብር ከፋይ ለንግድ የሚውሉ ዕቃዎችን ወደ ሀገር ሲያስገባ የዕቃዎቹን የጉምሩክ ዋጋ፣ የመድን አረ ቦንና የማጓጓዣ ወጪ የንግድ ሥራ ገቢ ግብር በቅድሚያ ለባለሥልጣኑ ይከፍላል፡፡

6) A Category 'C' taxpayer shall file a tax declaration withinthe period specified in Article 84(4) of this Proclamation.

7) A taxpayer who has Schedule 'D' income for a tax year thatis not discharged by the withholding of tax from the incomeshall file a tax declaration within two months after the dateof the transaction giving rise to the income.

80. Payment of Tax

1) The employment income tax payable by an employee for acalendar month shall be due on the date that the taxpayer'stax declaration for every threemonths in which the monthoccurs is due.

2) The tax payable for a tax year by a Category 'A' or Category'B' tax payer shall be due on the date that the taxpayer's tax declaration for the year is due.

3) The tax payable by a taxpayer to whom Article 79(7) appliesin respect of atransaction shall be due on the date that thetax declaration in relation to the transaction is due.

4) A Category 'C' taxpayer shall pay tax on the 7th day of Julyto the 6th day of August each fiscal year in accordance withthe Regulations issued here under.

81. Advance Payment of Tax in Relation to Imports

1) A taxpayer under Schedule 'C' importing goods for commercial use shall make an advance payment of businessincome tax to the Authority equal to value of the goods.

2) Bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa1tiin gibira kaffaluun irra jiraatu kan kaffalamu meeshaaleen too'annaa gumurukaa jalaa dursa osoo hin bahiin ta'ee, gibirri kunis bara gibiraa kaffalaan gibiraa meeshaalee biyya keessa galchuun itti raawwate idaan gibira hojii daldalaa kaffalaa gibiraa irraa barichatti barbaadamu waliin bakka buufama.
3) Bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 2tiin bakka buusuun kan danda'amu, bara gibiraa tokkotti hanga gibiraa yeroon yeroon kaffalame kaffalaan gibiraa bara gibiraatti idaa gibira galii hojii daldalaa kaffaluun irra jiru yoo caale, hangi maallaqaa garaa garummaan mul'ate akkaataa Labsii Bulchiinsa Taaksii keewwata 51 tiin hojii irra ni oola.
4) Raawwii keewwata kanaatiif "Meeshaleen daldaalaaf oolan" gaaleen jedhu hiika qajeelfama Abbaan Taayitichaa kennu ta'a.

82. Gibira Yeroo Yeroon Kaffaluu

1) Keewwata kana keewwata xiqqaan 2 akka eegametti ta'ee, kaffalaan gibiraa Gabatee "C" ji'a 6ffaa bara gibirichaa keessatti itti aanee ji'a dhufu hanga guyyaa dhumaatti gibira galii hojii daldalaa gar-tokkeen kaffaluu ni danda'a.
2) Keewwata kana keewwatni xiqqaan 3 fi 4 akka eegamanitti ta'ee, kaffalaan gibiraa tokko yeroo kaffaltii tokkotti gibiraa gar-tokkee kaffaluu danda'u gibira galii hojii daldalaa bara gibiraa darbe kaffalame walakkaa isaa ta'a.
3) Kaffalaan gibiraa bara gibiraa darbe gibira galii hojii daldalaa kaffaluuf dirqama kan hin qabne yoo ta'e, hangi gibira gar-tokkee kaffalamuu bara gibiraa dhiyoo keessatti gibira galii hojii daldalaa qabaataa ture walakkaa isaa ta'a.

፪) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (፩) መሠረት መከፈል የሚኖርበት ግብር የሚከፈለው ዕቃዎቹ ከጉምሩክ ቁጥጥር ከመውጣታቸው በፊት ሆኖ፤ ይህም ግብር ግብር ከፋዩ ዕቃዎቹን ወደ ሀገር ውስጥ የማስገባቱ ተግባር በተከናወነበት የግብር ዓመት ከግብር ከፋዩላይ ከሚፈለገው ዓመታዊ የንግድ ሥራ ግብር ዕዳ ጋር ይካካሳል፡፡
፫) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (፪) መሠረት ሊካካስ የሚችለው በአንድ የግብር ዓመት በየጊዜው የተከፈለው የግብር መጠን ግብር ከፋዩ በግብር ዓመቱ መክፈል ከሚኖርበት የንግድ ሥራ ገቢ ግብር ዕዳ የበለጠ እንደሆነ፤ በልዩነት የታየው የገንዘብ መጠን በታክስ አስተዳደር አዋጅ አንቀጽ ፶፩ መሠረት ሥራ ላይ ይውላል፡፡
፬) ለዚህ አንቀጽ አፈፃፀም "ለንግድ የሚውሉ ዕቃዎች" የሚለው ሀረግ ባለሥልጣኑ በሚያወጣው መመሪያ ትርጉም የሚሰጠው ይሆናል፡፡

፹፪. ግብርን በየጊዜው መክፈል

፩) የዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (፪) እንደተጠበቀ ሆኖ፣የሠንጠረዥ "ሐ" ግብር ከፋይ በግብር ዓመቱ ውስጥ ፮ኛውን ወር ተከትሎ እስከሚመጣው ወር የመጨረሻ ቀን ድረስ የንግድ ሥራ ገቢ ግብሩን በከፊል ለመክፈል ይችላል፡፡
፪) የዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (፫) እና (፬) እንደተጠበቁ ሆኖ፣አንድ ግብር ከፋይ በአንድ የክፍያ ጊዜ መክፈል የሚችለው ከፊል ግብር ባለፈው የግብር ዓመት የተከፈለውን የንግድ ሥራ ገቢ ግብር ግማሽ ይሆናል፡፡
፫) ግብር ከፋዩ ባለፈው የግብር ዓመት የንግድ ሥራ ገቢ ግብር የመክፈል ኃላፊነት ያልነበረበት ከሆነ በከፊል የሚከፈለው የግብር መጠን በጣም ቅርብ በነበረው የግብር ዓመት የነበረው የንግድ ሥራ ገቢ ግብር ግማሽ ይሆናል፡፡

2) The tax payable under sub-article (1) of this Article shall be paid before the goods are released from Customs control and shall be credited against the taxpayer's business income taxliability for the tax year in which the import occurred.
3) If the total amount of advance payments of tax creditedunder sub-article (2) of this Article for a tax year exceeds thebusiness income tax liability of the taxpayer for the year, the excess is applied in accordance with Article 51 of the Tax Administration Proclamation.
4) The Autority may issue a Directivedefining "commercial use" for the purposes of this Article.

82. Installment of Tax

1) Subject to sub-article (2) of this Article, a Schedule 'C'taxpayer may pay an installment of business incometax fora tax year on the last day of the month following the end ofthe sixth month of the year.
2) Subject to sub-article (3) and (4) of this Article, the amountof the installment of tax for a tax year payable by a taxpayer may be one-half of the amount of the business income tax payable by the taxpayer for the previous tax year.
3) If a taxpayer did not have a business income tax liability for the previous year, the amount of the installment may be one-half of the amount of the business income tax payable in the most recent tax year in which the taxpayer had a businessincome tax liability.

4) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 2 tiin kaffalaa gibiraa tokkoon gibirri gar- tokkeen kaffalamuu qabu irraa kaffalaan gibiraa akkaataa Labsii kana keewwata 84 tiin gibirri kaffalame hir'ifama kan taasifamu yoo ta'u, hir'ifamni taasifamee kan hafu zeeroodhaa gaditti ta'uu hin danda'u.
5) Akkaataa keewwata kanaatiin kaffalaan gibirichaa bara gibirichaatti gibirri gar- tokkeen kaffale gibira galii hojii daldalaa bara gibirichaatti kaffaluu qabuun waliin baka bu'a.
6) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 5 tiin bakka buufamuu kan danda'u kaffalaan gibiraa hanga gibiraa bara gibiraa tokkotti gar-tokkeen kaffale gibira galii waggaatti kaffaluu qabu kan caale yoo ta'e, hangi maallaqaa garaagarummaadhaan mul'ate akkaataa Labsii Bulchiinsa Taaksii keewwata 51 tiin hojii irra ni oola.
7) Akkaataa keewwata kanaatiin "Gibira galii hojii daldalaa" jechuun kan ibsame "gibira galii kiraa" jechuun kan ibsames dabalatee keewwatni kun kaffalaa gibiraa gabatee "B" tiifis raawwatiinsa qabaachuu ni danda'a.
8) Keewwata kanaan "qoqqooduun yeroo kaffaltiin itti raawwatamu" jechuun bara gibiraa kaffalaa gibiraa ilaalchisee bara gibirichaa keessatti guyyaa dhumaa ji'a jahan jalqabaa ti.

Kutaa Kudha Shan
Herreegota Kaffalaman Irraa Gibira Hir'isanii Hambisuu

83. Galii Qaxaramuun Argamu Irraa Gibira Hir'isanii Hambisuu

1) Keewwata kana keewwata xiqqaa 2 jalatti kan ibsame akkuma eegametti ta'ee, qaxaraan kamiyyuu akkaataa Labsii kana keewwata 11 tiin galii qaxaramuun argamu gibirri itti kaffalamu qaxaramaaf yeroo kaffalutti akkaataa Labasii kana keewwata 12 jalatti tumameen bu'uura hanga taarifa gibiraa raawwatamuun tokkoon tokkoo yeroo kaffaltiitti gibira galii kaffalamuu qabu kaffaltii waliigalaa irraa hir'isee hambisuuf dirqama qaba.

፬) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (፪) መሠረት በአንድ ግብር ከፋይ በከፊል ሊከፈል ከሚገባው ግብር ላይ፣ ግብር ከፋዩ በዚህ አዋጅ አንቀጽ ፹፬ መሠረት የከፈለው የቅድሚያ ክፍያ መሠረት የተከፈለው ግብር ተቀናሽ የሚደረግ ሲሆን፣ ተቀናሽ ተደርጐ የሚቀረው ከዜሮ በታች ሊሆን አይችልም፡፡
፭) ግብር ከፋዩ በግብር ዓመቱ በዚህ አንቀጽመሠረት በከፊል የከፈለው ግብር በግብር ዓመቱ መክፈል ካለበት የንግድ ሥራ ገቢ ግብር ጋር ይካካሳል፡፡
፮) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (፭) መሠረት ሊካካስ የሚችለው ግብር ከፋዩ በአንድ የግብር ዓመት በከፊል የከፈለው የግብር መ ጠ ን በዓመቱ መክፈል ከሚኖርበት የገቢ ግብር የበለጠ እንደሆነ፤ በልዩነት የታየው የገንዘብ መጠን በታክስ አስተዳደር አዋጅ አንቀጽ ፶፩ መሠረት ሥራ ላይ ይውላል፡፡
፯) በዚህ አንቀጽ "የንግድ ሥራ ገቢ ግብር" የሚለው አገላለጽ "የኪራይ ገቢ ግብር"የሚለውን አገላለጽ አካቶ ይህ አንቀጽ ለሠንጠረዥ "ለ"ግብር ከፋይም ተፈፃሚነት ሊኖረው ይችላል፡፡
፰) በዚህ አንቀጽ "ከፋፍሎ የመክፈያ ጊዜ" ማለትየግብር ከፋዩ የግብር ዓመት በሚመለከት በግብር ዓመቱ ውስጥ የመጀመሪው ስድስ ት ወር የሚያበቃበት መጨረሻ ቀን ነው፡፡

ክፍል አሥራ አምስት
ከተከፋይ ሂሳብላይ ግብርን ቀንሶ ስለማስቀረት

፹፫. ከመቀጠር ከሚገኝ ገቢ ላይ ግብርን ቀንሶ ማስቀረት

፩) የዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ(፪) እንደ ተጠበቀ ሆኖ፣ ማንኛውም ቀጣሪ በዚህ አዋጅ አንቀጽ ፲፩ መሠረት ከመቀጠር የሚገኝ ግብር የሚከፈልበት ን ገቢ ለተቀጣሪው በሚከፍልበት ጊዜ በዚህ አ ዋጅ አንቀጽ ፲፪ በተደነገገው መሠረት ተፈፃሚ በሚሆነው የግብር መጣኔ መሠረት በእያንዳንዱ የክፍያ ጊዜ መከፈል የሚኖርበ ትን የገቢ ግብር ከጠቅላላው ክፍያ ላይ ቀንሶ የማስቀረት ግዴታ አለበት፡፡

4) The amount of an installment pay able by a taxpayer for an installment period as determined under sub-article (2) of this Article shall be reduced, but not below zero, by any advance tax paid under Article 84 of this Proclamation or any with holding tax paid under Article 92 of this Proclamation inrespect of the business income derived by the tax payer during the installment period.
5) An installment of tax paid by a tax payer under this Article for a tax year shall be credited against the business income tax liability of the taxpayer for the year.
6) If the amount of the installment of tax credited under sub-article (5) of this Article for a tax year exceeds thebusiness income tax liability of the taxpayer for the year,the excess shall be applied in accordance with Article 51 of the Tax Administration Proclamation.
7) This Article may apply to a Schedule 'B' taxpayer on thebasis that a reference in this Article to "business income tax"shall be treated as a reference to "rental income tax".
8) In this Article, "installment period", in relation to the taxyear of a taxpayer, means the period of six months ending onthe sixth month of the year

PART 15
WITHHOLDING TAX

83. Withholding of Tax from Employment Income

1) Subject to sub-article (2) of this Article, an employer paying employment income to an employee who is subject to employment income tax under Article 11 of this Proclamation shall with hold tax from the gross amount of each payment of employment income made to the employee at the rate or rates applicable to the employee as specifiedin Article 12 of this Proclamation.

2) Qaxaraan qaxaramaan qaxarrii tokkoo ol irraa galii argachuu isaa kan beekuu fi qaxaraan biraa yookiin qaxartoonni biroo waliigala galii qaxaramaa irratti hundaa'anii gibira galii hir'isanii akka hin galchine kan beeku yoo ta'e, qaxaraan galii qaxaramaa walitti qabuudhaan gibira galii hir'isee hambisuuf dirqama qaba.

3) Qaxaraan galii qaxaramuun argamu qaxaramaaf kaffalu irraa dirqamni gibira hir'isee hambisuu isaa kaffaltiiwwan hojjetichaaf raawwatu irraa dirqamoota biroo qaxaradhaan hir'ifamuu qaban dursa niqabaata.

84. Namoota Jiraataa Itiyoophiyaa Hin Taaneef Kaffaltiiwwan Raawwataman Irraa Gibira Hir'isanii Hambisuu

1) Namni jiraataa Naannichaa ta'ee fi namni jiraataa Itiyoophiyaa hin taane dhaabbatni dhaabbiidhaan Naannicha keessatti hojjetu qabu nama jiraataa Itiyoophiyaa hin taaneef kaffalatii bu'aa gahee, kontiraaktara xiqqaa, dhalaa, royaalitii, hojii gaggeessaa, teeknikaa, araboonii inshuraansii, bu'aa gara alaatti ergamuu yookiin kaffaltii galiiwwan biroo kan raawwate yoo ta'e, akkuma rogummaa isaatti bu'uura Labsii kana keewwata 38 (4), 48 (2), 51, 52, 53, 58 yookiin 59 tiin taarifa gibiraa tumameen nama jiraataa Naannichaa hin taaneef kaffaltii waliigalaa raawwatamu irraa gibira galii hir'isee hambisuu qaba.

2) Namni jiraataa Naannichaa ta'ee fi namni jiraataa Itiyoophiyaa hin taane dhaabbata dhaabbiidhaan Naannicha keessatti hojjetu qabu nama bashannansiisaa jiraataa Naannicha hin taaneef akkaataa Labsii kana keewwata 50 tiin kaffaltii gibirri itti kaffalamu kan raawwate yoo ta'e, akkaataa taarifa gibiraa Labsii kana keewwata 50 keewwata xiqqaa 1 jalatti tumameen kaffaltii waliigalaa bashannansiisaaf kaffalu irraa gibira galii hir'isee hambisuu qaba.

፪) ቀጣሪው ተቀጣሪው ከአንድ በላይ የሆነ ከመቀጠር የሚገኝ ገቢ እንዳለው ያወቀና ሌላው ቀጣሪ ወይም ሌሎቹ ቀጣሪዎች በጠቅላላው የተቀጣሪው ገቢ ላይ ተመስርተው የገቢ ግብሩን ቀንሰው እንደማያስቀሩ ያወቀ እንደሆነ ቀጣሪው የተቀጣሪውን ገቢ በማጠቃለል የገቢ ግብር ቀንሶ የማስቀረት ግዴታ አለበት፡፡

፫) ቀጣሪው ለተቀጣሪው ከሚከፍለው ከመቀጠር የሚገኝ ገቢ ላይ ግብር ቀንሶ የማስቀረት ግዴታው ለሠራተኛው ከሚፈፅማቸው ክፍያዎች ላይ በቀጣሪው ተቀናሽ መደረግ ካለባቸው ሌሎች ግዴታዎች ቅድሚያ ይኖረዋል፡፡

፹፬. በኢትዮጵያ ነዋሪ ላልሆኑ ሰዎች ከሚፈፀሙ ክፍያዎች ላይግብርን ቀንሶ ማስቀረት

፩) የክልሉ ነዋሪ የሆነ ሰው እና በኢትዮጵያ ነዋሪ ያልሆነሰው በክልሉ ያለው በቋሚነት የሚሠራ ድርጅት በኢትዮጵያ ነዋሪ ላልሆነ ሰው የትርፍ ድርሻ፣የንዑስ ሥራ ተቋራጭ ክፍያ፣የወለድ፣ የሮያሊቲ፣ የሥራ አመራርክፍያ፣ የቴክኒካል ክፍያ፣ የመድን አረቦን፣ ወደ ውጭ የሚላክ ትርፍ ወይም የሌሎች ገቢዎች ክፍያ የፈፀመ እንደሆነ እንደአግባብነቱ በዚህ አዋጅ አንቀጽ ፴፰(፬)፣ ፵፰(፪)፣ ፶፩፣ ፶፪፣ ፶፫፣ ፶፰ ወይም ፶፱ በተደነገገው የግብርመጣኔ መሠረት በክልሉ ነዋሪ ላልሆነው ሰው ከሚፈፅመውጠቅላላ ክፍያ ላይ የገቢ ግብር ቀንሶ መያዝ አለበት፡፡

፪) የክልሉ ነዋሪ የሆነ ሰው እና በኢትዮጵያ በቋሚነት የሚሠራ ድርጅት ያለው ነዋሪ ያልሆነ ሰው በክልሉ ነዋሪ ላልሆነ አዝናኝ በዚህ አዋጅ አንቀጽ ፶ መሠረት ግብርየሚከፈልበት ክፍያየፈፀመእንደሆነ በዚህ አዋጅ አንቀጽ ፶(፩) በተደነገገው የግብር መጣኔ መሠረት ለአዝናኙ ከሚፈፅመው ጠቅላላ ክፍያ ላይ የገቢ ግብር ቀንሶ መያዝ አለበት፡፡

2) If an employer is aware that an employee has more than one employment and that the other employer, or none of the other employers, are withholding tax based on the aggregated employment income, the employer shall withhold tax based on the aggregated employment income.

3) The obligation of an employer to withhold tax from a payment of employment income to an employee shall have priority over any obligations of the employer to with hold any other amount from a payment of employment income to an employee.

84. Withholding of Tax from Payments to Non-residents

1) A resident of the region or a permanent establishment in the region of a non-resident making a payment of a dividend, repatriated profit, payment to sub-contractor, interest, royalty, management fee, technical fee, insurance premiumor other income that is subject to tax, as the case may be shall with hold tax from the gross amount paid at the tax rate applicable to the income as specified in Article 38(4), 48(2),51,52,53,58 or 59 of this Proclamation.

2) A resident of the region and a permanent establishment in Ethiopia of a non resident making a payment to a non-Resident entertainer that is income of the non-resident entertainer subject to tax under Article 50 shall withhold taxfrom the gross amount paid at the tax rate specified in Article 50(1) of this Proclamation.

3) Namni jiraataa Naannichaa ta'e bu'aa hin qoqqoodamne kan qabu yoo ta'e, bu'aa kana irraa akkaataa Labsii kana keewwata 57 jalatti tumameen gibira hir'isee hambisuu qaba.

85. Kaffaltii Gahee Bu'aa, Bu'aa Hin Qoqqoodamne, Dhalaa fi Rooyaalitii Irraa Gibira Hir'isanii Hambisuu

1) Namni jiraataa Naannichaa ta'ee fi namni jiraataa Itiyoophiyaa hin taane dhaabbata dhaabbiidhaan hojjetu akkaataa Labsii kana keewwata 51 tiin kaffaltii rooyaalitii gibirri itti kaffalamu yeroo raawwatuttibu'uura taarifa keewwata kanaan tumameen gibiricha kaffaltii waliigalaa irraa hir'isee hambisuu qaba.

2) Dhaabbanni jiraataa Naannichaa ta'ee akka haala isaatti akkaataa Labsii kana keewwata 52 yookiin 58 tiin kaffaltii bu'aa gahee gibirri itti kaffalamu yookiin bu'aa hin qoqqoodamne nama jiraataa Naannichaa ta'eef yoo raawwatu yookiin hambisu bu'uura taarifa keewwata kanaan ibsameen gibira hir'isee hambisuuf dirqama qaba.

3) Namni jiraataa Naannichaa ta'ee yookiin namni jiraataa Itiyoophiyaa hin taane dhaabbata dhaabbiidhaan hojjetu akkaataa Labsii kana keewwata 53 yookiin 58 tiin dhala gibirri itti kaffalamu yookiin bu'aa gara alaatti ergamu kan kaffale yoo ta'e, bu'uura taarifa keewwata kanaan ibsameen gibiricha hir'isee hambisuuf dirqama qaba.

86. Kaffaltiiwwaan Naannichaa Keessatti Raawwataman Irraa Gibira Hir'isanii Hambisuu

1) Intarpiraayizii maayikiroo fi xixiqqaa irraa kan hafe; dhaabbanni, manni hojii mootummaa, dhaabbanni bu'aaf hin dhaabbanne yookiin dhaabbanni miti mootummaa akkasumas kaffaltoonni gibiraa qajeelfama Abbaan Taayitichaa baasuun gibira hir'isanii akka hambisan dirqamni itti kenname bittaa fi gurgurtaa armaan gadiitiif kaffaltii waliigalaa rawwatan irraa % 2 gibira hir'isanii hambisuuf dirqama qabu:

፫) በክልሉ ነዋሪ የሆነ ሰው ያልተከፋፈለ ትርፍ ያለው እንደሆነ ከዚህ ትርፍ ላይ በዚህ አዋጅ አንቀጽ ፶፯ በተደነገገው መሠረት ግብሩን ቀንሶ መያዝ አለበት፡፡

፹፭. ከትርፍ ድርሻ፣ ካልተከፋፈለ ትርፍ፣ከወለድ እና ከሮያሊቲ ክፍያዎች ላይ ግብር ቀንሶ ማስቀረት

፩) በክልሉ ነዋሪ የሆነ ሰው እና በኢትዮጵያ ነዋሪ ያልሆነሰው በቋሚነት የሚሠራድርጅትበዚህ አዋጅ አንቀጽ ፶፩ መሠረት ግብር የሚከፈልበት የሮያሊቲ ክፍያ በሚፈፅምበትጊዜ በዚያው አንቀጽ በተወሰነው መጣኔ መሠረት ግብሩንከጠቅላላው ክፍያ ላይ ቀንሶ ማስቀረት አለበት፡፡

፪) በክልሉ ነዋሪ የሆነ ድርጅት እንደአግባብነቱ በዚህ አዋጅአንቀጽ ፶፪ ወይም አንቀጽ ፶፰ መሠረት ግብር የሚከፈልበትየትርፍ ድርሻክፍያ ወይም ያልተከፋፈለ ትርፍ በክልሉነዋሪ ለሆነ ሰው ሲፈፅም ወይም ሲይዝ በዚያው አንቀጽበተወሰነው መጣኔ መሠረት ግብር ቀንሶ የማስቀረት ግዴታአለበት፡፡

፫) በክልሉ ነዋሪ የሆነ ሰው ወይም በኢትዮጵያ ነዋሪ ያልሆነ ሰው በ ቋ ሚ ነ ት የሚሠራ ድር ጅት በዚህ አዋጅ አንቀጽ ፶፫ ወይም ፶፰ መሠረት ግብር የሚከፈልበት ወለድ ወይም ወደ ውጭ የሚላክ ትርፍ የከፈለ ወይም ያልተከፋፈ ለትርፍ እንደሆነ በዚያው አንቀጽ በተወሰነው የግብር መጣኔ መሠረት ግብሩን ቀንሶ የማስቀረት ግዴታ አለበት፡፡

፹፮. በክልሉ ውስጥ ከሚፈፀሙ ክፍያዎች ላይ ግብር ቀንሶ ስለማስቀረት

፩) ከጥቃቅን ኢንተርፕራይዝ በስተቀር ድርጅት፣የመንግሥት መስሪያ ቤት፣ለትርፍ ያልተቋቋ መ ድርጅት ወይምመንግስታዊ ያልሆነ ድርጅ ት እንዲሁም ባለሥልጣኑ በሚያወጣው መመሪያ ግብር ቀንሰው እንዲያስቀሩ ኃላፊነት የተሰጣቸው ግብር ከፋዮች ለሚከተሉት ግብይቶች ከሚፈፅሙት ጠቅላላ ክፍያ ላይ ፪% ግብር ቀንሰው የማስቀረት ግዴታ አለባቸው፡-

3) A Company which is a resident of the region shall withholdtax specified under Article 57 of this Proclamation on its undistributed profit.

85. Withholding of Tax from Dividend,Undistributed profit,Repatriated profit, Interest, and Royalties

1) A resident of the region or a permanent establishment in Ethiopia of a non-resident paying a royalty that is subject to tax under Article 51 of this Proclamation shall withhold tax from the gross amount of the royalty at the rate specified in that Article.

2) A resident body paying a dividend that is subject to taxunder Article 52 or that has undistributed profit subject to tax under Article 58 of this-Proclamation, as the case may be, shall withhold tax from the gross amount of the dividend or un distributed profit at the rate specified in that Article.

3) A resident of the region or a permanent establishment in Ethiopia of a non-resident paying interest or repatriated profits that is subject to tax under Article 53 or 58 of this Proclamation or undistributed profit shall withhold tax from the gross amount of the interest or the repatriated profit at the rate specified in those Articles.

86. Withholding of Tax from Domestic Payments

1) Except micro enterprises, bodies having legal personality,government agencies , non profit organizations, or non-governmental organizations and other tax payers required to with hold tax by a directive of the authority, shall withhold tax at the rate of 2% of the gross amount of a payment made for the following:

(a) Itiyoophiyaa keessatti bittaa yeroo tokkoo yookiin waliigaltee dhiyeessii meeshaa tokkoof qarshii 10,000.00 (kuma kudhan) ol ta'eef kaffaltii dhiyeessii meeshaa raawwatamuuf;

(b) Itiyoophiyaa keessatti bittaa yeroo tokkootiin yookiin waliigaltee tajaajilaa tokkootiin qarshii 3,000.00 (kuma sadii) oli kaffaltii raawwatamu;

2) Meeshaaleen yookiin tajaajiloonni hanga maallaqaa keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti ibsameen gadi ta'een adda bahanii yoo dhiyaatanii fi meeshaaleen yookiin tajaajiloonni kun hojimaata idileetiin dhiyeessii altokkoon kan dhiyaatanii fi maallaqni dhiyeessiif kaffalamus hanga maallaqa keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti ibsame akka caalu kan tilmaamamu yoo ta'e, keewwata kana keewwatni xiqqaan 1 raawwatiinsa ni qabaata.

3) Keewwata kana keewwatni xiqqaan 2 raawwatiinsa yeroo qabaatutti, Abbaan Taayitichaa hanga gibiraa hin kaffalamneef murteessuunii fi beeksisa barreeffamaa keennuudhaan gibira hin kaffalamiin hir'ifamee hambifamuun irra ture dhiyeessaa yookiin bitataa kaffalchiisuu ni danda'a.

4) Dhiyeessaan keewwata kana keewwatni xiqqaan 1 irratti raawwatamu nama gibira hir'isee hambisuuf lakkoofsa eenyummeessaa kaffalaa gibiraa kan hin kennine yoo ta'e, namni gibira hir'see hambisuuf dirqama qabu kaffaltii waliigalaa raawwatu irraa % 30 hir'isee hambisuuf dirqama qaba.

5) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 4 tiin gibirri hambifamee kaffalamu:

(a) Galii dhiyeessaan dhiyeessii irraa argatu ilaalchisee gibira isa dhumaa ta'a.

(b) Qajeelfamaan yookiin murtii bulchiinsaatiin hafuu hin danda'u.

(ሀ) በኢትዮጵያ ውስጥ በአንድ ግዥ ወይም በአንድ የዕቃ አቅርቦት ውል ከብር ፲ሺ ብር በላይ ለሆነ የዕቃ አቅርቦት ለሚፈፀም ክፍያ፤

(ለ) በኢትዮጵያ ውስጥ በአንድ የአገልግሎት ውል ከብር ፫ሺ ብር (ሶስት ሺህ ብር) በላይ በሚፈፀም ክፍያ፤

፪) ዕቃዎች ወይም አገልግሎቶች በዚህ አንቀጽንዑስ አንቀጽ(፩) ከተመለከተው ገንዘብ በሚያንስ መጠን ተነጣጥለው ሲቀርቡና እነ ዚህ ዕቃዎች ወይም አገልግሎቶች በመደበኛው አሰራር በአንድ አቅርቦት እንደሚቀርቡና ለአቅርቦቱ የሚከፈለው ገንዘብም በ ዚ ህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (፩) ከተወሰነው የገንዘብ መጠን እንደሚበልጥ የሚገመት ከሆነ፣የዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (፩) ተፈፃሚ ይሆናል፡፡

፫) የዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (፪) ተፈፃሚ በሚሆንበት ጊዜ፣ባለሥልጣኑ ያልተከፈለውን የግብር መጠን በመወሰን እና የጽሁፍ ማስታወቂያ በመስጠት ያልተከፈለውን ተቀንሶ መያዝ የነበረበትን ግብር ከአቅራቢው ወይም ከገዥው ላይ ለማስከፈል ይችላል፡

፬) የዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (፩) ተፈፃሚ የሚሆንበት አቅራቢ ግብር ቀንሶ ለሚያስቀረው ሰው የታክስ ከፋይ መለያ ቁጥሩን ያልሰጠ እንደሆነ ግብሩን ቀንሶ የማስቀረት ግዴታ ያለበት ሰው ከሚፈፅመው ጠቅላላ ክፍያ ላይ ፴% ቀንሶ የማስቀረት ግዴታ አለበት፡፡

፭) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (፬) መሠረት ተይዞ የሚከፈለውግብር፡-

(ሀ) አቅራቢው ከአቅርቦቱ የሚያገኘውን ገቢ በተመለከተ የመጨረሻ ግብር ይሆናል፤

(ለ) በመመሪያ ወይም በአስተዳደራዊ ውሳኔ ቀሪ ሊደረግ አይችልም፤

(a) The supply of goods in Ethiopia involving more than10,000 Birr in one transaction or supply contract;

(b) The supply of services involving more than 3,000 Birr inone supply contract

2) Subarticle (1) of this Article shall apply to separate supplies of goods or services for an amount that is lessthan the amount specified in sub article (1) of this Article when it would reasonably be expected that the goods or services would ordinarily be supplied in a single supply for anamount exceeding the amount specified in sub-article (1) of this Article.

3) When subarticle (2) applies, the Authority may determine the amount of any unpaid withholding tax and,by notice inwriting, recover the unpaid withholding tax from either the supplier or purchaser.

4) If the supplier in a transaction towhich sub-article (1) applies has failed to provide their TIN to the withholding agent, the withholding agent shall withhold tax at the rate of30% of the gross amount of the payment made

5) The withholding tax payable under sub-article (4):

(a) shall be a final tax on the income derived by thesupplier from the supply; and

(b) shall not be waivered by either a Directive or administrative decision.

6) Hanga maallaqaa akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1 tiin murtaa'e Abbaan Taayitichaa qajeelfama baasuun jijjiiruuni danda'a.

87. Galii Gibira Irraa Bilisa Ta'e Irraa Gibirri Hir'ifamee Kan Hin Hambifamne Ta'uu

Bu'uura Labsii kanaatiin namni gibira hir'isee hambisuuf dirqama qabu, galii gibira irraa bilisa ta'e irraa gibira hir'isee hambisuu hin danda'u.

88. Galiin Gibirri Irraa Hir'ifamu Haala Itti Kaffalameera Jedhamu

Galii gibirri irraa hir'ifamu nama gibira hir'isee hambisuuf dirqama qabuun kaffalameera kan jedhamu kanneen armaan gadii keessaa tokko yoo raawwatamu dha:

1) Galiin gibirri irraa hir'ifamu nama kaffaltiin raawwatamuuf qabatamatti yoo kaffalame;
2) Galiin gibirri irraa hir'ifamu ajaja nama kaffalamuufiitiin yookiin akkaataa seeraatiin maqaa nama kaffalamuufiitiin yoo kaffalame;
3) Galiin gibirri irraa hir'ifamu faayidaa nama kaffalamuufiitiif jecha hojii irra yoo oole, kuufame, yookiin qabeenyaa kaappitaalaa argachuuf yoo oole;
4) Galiin gibirri irraa hir'ifamu faayidaa nama kaffalamuufiitiif jecha maqaa nama kaffalamuufiitiin yoo qabameef.

89. Nagahee Gibirri Hir'ifamee Hambifamuu Isaa Mirkaneessu Kennuu

Kaffaltii tokko irraa gibirri hir'ifamee yeroo hambifamutti namni gibiricha hir'isee hambisu kaffalticha nama fuudhuuf bu'uura qajeelfama Abbaan Taayitichaa baasuun nagahee gibirri hir'ifamee hambifamuu isaa ibsu kennuuf dirqama qaba.

፮) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (፩) የተወሰነውን የገንዘብ መጠን ባለሥልጣኑ በመመሪያ ሊለውጠው ይችላል፡፡

፹፯. ከግብር ነፃ በሆኑ ገቢዎች ላይ ግብር ተቀንሶ የማይያዝ ስለመሆኑ

በዚህ ምዕራፍ መሠረት ግብር ቀንሶ የመያዝ ግዴታ ያለበት ሰው ከግብር ነፃ በሆነ ገቢ ላይ ግብር ቀንሶ መያዝ አይችልም፡፡

፹፰. ግብር ተቀናሽ የሚደረግበት ገቢ ተከፈለ ስለሚባልበት ጊዜ

ለዚህ የአዋጁ ክፍል አፈፃፀም ሲባል፣ግብር ተቀናሽ የሚደረግበት ገቢ ግብር ቀንሶ የ መያዝ ግዴታ ባለበት ሰው ተከፈለ የሚባለው ከሚከተሉት አንዱ ሲፈፀም ነው፦

፩) ግብር ተቀናሽ የሚደረግበት ገቢ ክፍያ ለሚፈፀምለት ሰው በእርግጥ ሲከፈል፤
፪) ግብር ተቀናሽ የሚደረግበት ገቢ በተከፋዩ ትዕዛዝ ወይም በሕግ መሠረት በተከፋዩ ስም ሲከፈል፤
፫) ግብር ተቀናሽ የሚደረግበት ገቢ ለተከፋዩ ጥቅም ሲባል ሥራ ላይ ከዋለ፣ ከተጠራቀመ፣ ወይም ለካፒታል ሀብትማግኛ ሲውል፣
፬) ግብር ተቀናሽ የሚደረግበት ገቢ ለተከፋዩ ጥቅም ሲባል በተከፋዩ ስም ሲያዝለት፡፡

፹፱. ግብር ተቀንሶ መያዙን የሚያረጋግጥ ደረሰኝ ስለመስጠት

ከአንድ ክፍያ ላይ ግብር ተቀንሶ በሚያዝበት ጊዜ፣ ግብሩን ቀንሶ የሚይዘው ሰው ክፍያውን ለሚቀበለው ሰው ባለሥልጣኑ በሚያወጣው መመሪያ መሠረት ግብር ተቀንሶ መያዙን የሚያረጋግጥ ደረሰኝ የመስጠት ግዴታ አለበት፡፡

6) The Autority may, by Directive, change the amounts specified in sub-article (1) of this Article.

87. No Withholding from Exempt Income

A withholding agent shall not withholdtax under this proclamation from an amount that is exempt income of the recipient.

88. Time of Payment of Withholding Income

For the purposes of this Part,withholding income shall be treatedas having been paid by a withholding agent to a person if any ofthe following applies:

1) the withholding income is actually paid to the person;
2) the withholding income is applied on behalf of the personeither at the instruction of the person or under any law;
3) the withholding income is reinvested,accumulated,or capitalized for the benefit of the person;
4) the withholding income is credited to an account for the benefit of the person.

89. Withholding Tax Receipt

At the time of withholding tax fromwithholding income, a withholding agent shall provide the recipient of the withholding income with a withholding tax receipt in the approved form inaccordance with the directive of the authority.

90. Gibira Hir'ifamee Hambifame Kaffaluu

1) Namni gibira hir'isee hambisuuf dirqama qabu kamiyyuu maallaqa kaffalu irraa gibira hir'isee hambisu ji'a kaffaltii itti raawwatee booda guyyoota 30'n jiran keessatti Abbaa Taayitichaatiif kaffaluu qaba.
2) Namni gibira hir'isee hambisuun kaffaluuf dirqama qabu gibira akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1 tiin hir'ifamee hambifame bu'uura guca mirkanaa'eetiin Abbaa Taayitichaa beeksisuu fi gibiricha kaffaluuf dirqama qaba.
3) Namni gibira hir'isee hambisuuf dirqama qabu kamiyyuu:
   (a) Bu'uura Labsii kanaatiin gibira hir'isee kan hin hambifne yoo ta'e; yookiin
   (b) Gibira hir'isee hambise akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti tumameen Abbaa Taayitichaatiif kan hin kaffalle yoo ta'e, gibira Abbaa Taayitichaatiif kaffalamuu qabu ilaalchisee itti gaafatamummaa ni qabaata.
4) Namni gibira hir'isee hambisuuf dirqama qabu sababa gibiricha hir'isee hin hambifneef hanga gibiraa keewwata kana keewwata xiqqaa 3 jalatti ibsameef itti gaafatamaa yeroo ta'utti gibira ofii isaatiif kaffale nama kaffaltiin raawwatameef irraa deebisiisuuf mirga qaba.

91. Gibira Hir'ifamee Hambifameef Bakka Buufama Gibiraa Kennamu

1) Bu'uura Labsii kanaatiin gibirri galii irraa hir'ifame akkaataa Labsii kana keewwata 11 keewwata xiqqaa 5 yookiin keewwata 60 keewwata xiqqaa 2 tiin gibira isa xummuraa yeroo hin taanetti kaffalaan gibirichaa gibira hir'ifamee hambifameef bara gibirichaatti bakka buufama gibiraa argachuuf mirga qaba.
2) Gibirri akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1 tiin kaffalame hanga gibira waggaa kaffalaa gibiraa irraa barbaadamuun gadi yoo ta'e, kaffalaan gibirichaa galii isaa yeroo beeksisutti gibira garaagarummaan irraa barbaadamu kaffaluuf dirqama qaba.

፺. ተቀንሶ የተያዘውን ግብር ስለመክፈል

፩) ማንኛውም ግብር ቀንሶ የማስቀረት ግዴታ ያለበት ሰው ከሚከፍለው ገንዘብ ላይ ቀንሶ የሚያስቀረውን ግብር ክፍያ ከፈፀመበት ወር በኋላ ባሉት ፴ ቀናት ውስጥ፣ለባለሥልጣኑ መክፈል ይኖርበታል፡፡
፪) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (፩) መሠረት ተቀንሶ የሚያዝ ግብር የሚከፍል ግብር ቀንሶ የመያዝ ግዴታ ያለበት ሰውተቀናሽ ተደርጎ የተያዘውን ግብር በፀደቀው ቅጽ መሠረት ለባለሥልጣኑ የማስታወቅና ግብሩን አ ብ ሮ የመክፈል ኃላፊነት አለበት፡፡
፫) ማንኛውም ግብር ቀንሶ የመያዝ ግዴታ ያለበት ሰው፡-
   (ሀ) በዚህ የአዋጁ ክፍል በተደነገገው መሠረት ግብር ቀንሶያልያዘ ከሆነ፤ ወይም
   (ለ) ቀንሶ የያዘውን ግብር በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (፩) በተደነገገው መሠረት ለባለሥ ልጣኑ ያልከፈለ እንደሆነ፤ለባለሥልጣኑ መከፈል የሚኖርበትን ግብር በተመለከተ ኃላፊ ይሆናል፡፡
፬) ግብር ቀንሶ የመያዝ ግዴታ ያለበት ሰውግብሩን ቀንሶ ባለመያዙ ምክንያት በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (፫) ለተመለከተው የግብር መጠን ኃላፊ በሚሆንበት ጊዜ እርሱ የከፈለውን ግብር ክፍያ ከተፈፀመለት ሰው ላይ የማስመለስ መብት አለው፡፡

፺፩. ተቀንሶ ለተያዘ ግብር የሚሰጥ የግብር ማካካሻ

፩) በዚህ አዋጅ መሠረት ከገቢ ላይ የተቀነሰውግብር በዚህ አዋጅ አንቀጽ ፲፩(፭) ወይም ፷(፪) መሠረት የመጨረሻ ግብር በማይሆንበት ጊዜ ግብር ከፋዩ ተቀንሶ ለተያዘው ግብር በግብር ዓመቱ የግብር ማካካሻ የማግኘት መብት አለው፡፡
፪) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (፩) መሠረት የተከፈለው ግብር ከግብር ከፋዩ ላይ በዓመቱ ከሚፈለገው የግብር መጠን ያነሰእንደሆነ ግብር ከፋዩ ገቢውን በሚያስታውቅበት ጊዜ በልዩነት የሚፈለገውን ግብር የመክፈል ግዴታ አለበት፡፡

90. Payment of Withholding Tax

1) Tax that a withholding agent is required to withhold fromwithholding income shall be paid to the Authority within 30days after the end of the month in which the withholdingincome was paid.
2) A withholding agent required to pay withholding tax undersubarticle (1)of this Article shall file a withholding taxdeclaration in the approved form with the payment.
3) If a withholding agent:
   (a) fails to withhold tax as required under this Part; or
   (b) having withheld tax fails to pay the tax to the Authority as required under sub-article (1) of this Article;the withholding agentshall be personally liable to paythe amount of tax to the Authority.
4) A withholding agent personally liablefor an amount of taxunder sub-article (3) of this Article as a result of failing towithhold the tax is entitled to recover the tax paid from the recipient of the payment.

91. Credit for Withholding Tax

1) If the withholding income of a taxpayer for a tax year is notsubject to final taxation under Article 11(5) or 60(2) of thisProclamation, the taxpayer shall be allowed a tax credit forthe withholding tax.
2) If the amount of the tax credit allowed under subarticle (1)of this Article is less than the total tax liability of thetaxpayer for the year,the taxpayer shall pay the differenceby the due date for filing the tax payer's tax declaration for the year.

3) Gibirri akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1 tiin kaffalame hanga gibira waggaa kaffalaa gibiraa irraa barbaadamuu caalee kan argame yoo ta'e, gibirri caalmaadhaan kaffalame akkaataa Labsii Bulchiinsa Taaksii keewwata 51 jalatti tumameen kan raawwatamu ta'a.

Kutaa Kudha Jaha
Tumaalee Adda Addaa

92. Aangoo Dambii fi Qajeelfama Baasuu

1) Labsii kana raawwachiisuuf Manni Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaa Dambii baasuu ni danda'a.
2) Labsii kanaa fi Dambii Labsicha hojiirra oolchuuf bahu raawwachiisuuf Abbaan Taayitichaa Qajeelfama baasuu ni danda'a.

93. Seerota Rawwatiinsa Hin Qabaanne

1) Labsii Gibira Galii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lak. 74/1995, Labsii Lak. 74/1995 Fooyyessuuf Labsii Bahe Lak. 134/2000, Labsii Lak. 74/1995 Akka Fooyya'eetti Irra Deebiin Fooyyessuuf Labsii Bahe Lak. 171/2004 akkasumas Labsii Gibira Galii Hojii Albuudaa Lak. 92/1997 Labsii kanaan haqamanii jiru.
2) Seerotnii fi barmaatileen hojii Labsii kanaan faallessan kamiyyuu dhimmoota Labsii kana keessatti hammataman irratti raawwatiinsa hin qabaatan.

94. Tumaalee Ce'umsaa

1) Labsiin kun osoo hojiirra hin ooliin dura bara gibiraa jiruuf raawwiin seerota Labsii kanaan haqamanii kan itti fufu ta'a.
2) Labsii kanaan jechi bara gibiraa darbe jedhu akkaataa barbaachisummaa isaatti bara gibiraa seerota haqaman keessa jirus ni dabalata.

፫) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (፩) መሠረት የተከፈለው ግብር ከግብር ከፋዩ ላይ በግብር ዓመቱ ከሚፈለገው የግብር መጠን በልጦ የተገኘ እንደሆነ በብልጫ የተከፈለው ግብር በታክስ አስተዳደር አዋጅ አንቀጽ ፶፩ በተደነገገው መሠረት ተፈፃሚ ይሆናል፡፡

ክፍል አሥራ ስድስት
ልዩ ልዩ ድንጋጌዎች

፺፪. ደንብና መመሪያዎችን የማውጣት ሥልጣን

፩) ለዚህ አዋጅ ትክክለኛ አፈፃፀም የክልል መስተዳድር ምክር ቤት ደንብ ያወጣል፡፡
፪) ባለሥልጣኑ ለዚህ አዋጅ እና ለሚወጣው ደንብ ሥራ ላይ ለማዋል መመሪያዎችን ሊያወጣ ይችላል፡፡

፺፫. የተሻሩ እና ተፈፃሚነት የማይኖራቸው ሕጎች

፩) የኦሮሚያ ክልላዊ ምንግስት የገቢ ግብር አዋጅ ቁጥር ፸፬/፲፱፻፹፰ ፣አዋጅ ቁጥር ፸፬/፲፱፻፹፰ ለማሻሻል የወጣ አዋጅ ቁጥር ፻፴፬/፪ሺ፣ አዋጅ ቁጥር ፸፬/፲፱፻፹፰ በድጋሚ ለማሻሻል የወጣ አዋጅ ቁጥር ፻፸፩/፪ሺ፬ እና የማዕድን ሥራ ገቢ.ግብር አዋጅ ቁጥር ፺፪/፲፱፻፺፯ በዚህ አዋጅ ተሽረዋል፡፡
፪) ይህን አዋጅ የሚቃረን ሌላ ማንኛውም ሕግበዚህ አዋጅ በተመለከቱት ጉዳዮች ላይ ተፈፃሚ አይሆንም፡፡

፺፬. የመሸጋገሪያ ድንጋጌዎች

፩) ይህ አዋጅ ተፈፃሚ መሆን ከሚጀምርበት የግብር ዓመት በፊት ላለው የግብር ዓመት በዚህ አዋጅ የተሻሩ ሕጎች ተፈፃሚነት ይቀጥላል፡፡
፪) በዚህ አ ዋ ጅ ያለፈው የግብር ዓመት የሚለው አገላለፅ እንደ አግባብነቱ በተሻረው ሕግ ያለውን የግብር ዓመትም ይጨምራል፡፡

3) If the amount of the tax credit allowed under sub-article (1 of this Article exceeds the total tax liability of the taxpayerfor the year, the excess shall be applied in accordance withArticle 51 of the Tax Administration Proclamation

Part Sixteen
Miscellaneous Provisions

92. Power to Issue Regulations and Directives

1) The Council of regional government may issue Regulations necessary for the proper implementation of this Proclamation.
2) The Autority may issue Directives necessary for the proper implementation of this Proclamation and Regulations.

93. Repealed and Inapplicable Laws

1) The Income Tax Proclamation No. 74/1995, Proclamation to amend this income tax proclamation No.134/2000, a proclamation to reamend the amended income tax prpclamtion No. 74/1995 of Oromiya National regional state perocalmation No.171/2012 and the mining income tax proclamation No.92/97 is her by repaled.
2) No other law may, in so far as it is inconsistent with this Proclamation, be applicable with respect to matters provided for by this Proclamation.

94. Transitional Provisions

1) Subject to the Tax Administration Proclamation, the lawshere by repealed shall continue to apply for the tax year preceding the tax year in which this proclamation enters into force.
2) A reference in this Proclamation to a previous tax yearincludes, when the context requires, a reference to a taxyear under the repealed laws.

3) Akkaataa Labsii kana keewwata 69 tiin ibsi hir'ifama kanaan dura taasifamee, baasii, kasaaraa yookiin idaa hin sassaabamne jedhu bu'uura seera haqameetiin baasii hir'ifame, kasaaraa yookiin idaa hin sassaabamne ni dabalata.

4) Akkaataa Labsii kanaatiin ibsi bu'aa fi kasaaraa yookiin galii akkaataa Qophii fi Dhiyeessa Gabaasa Faayinaasiitiin kan qophaa'u ta'ee, akkaataa gabatee yeroo Boordiin Qabiinsa Herregaa fi Odiitii oromiyaa hundaa'u baasuun ta'a. Gabateen yeroo hanga hojiirra ooluu eegalutti seerri haqame raawwatiinsa ni qabaata.

5) Abbaan Taayitichaa yeroo Labsiin kun hojii irra oole irraa eegalee waggaa tokko keessatti yeroo sadarkaan kaffalaa gibiraa akkaataa Labsii kanaatiin tumame itti rawwatamu ni murteessa. Kun hanga murtaaa'utti sadarkaa kaffalaa gibiraa ilaalchisee seerri haqame raawwatiinsa ni qabaata.

6) Dambiiwwanii fi qajeelfamoonni bu'uura seerota haqamaniitiin bahan hanga Labsii kanaan wal hin faallessinettii fi dambiiwwanii fi qajeelfamoota birootiin hanga bakka bu'anitti rawwiin isaanii kanitti fufu ta'a.

95 Yeroo Labsichi Hojiirra Itti Oolu

Labsiin kun Adoolessa 1 bara 2008 irraa eegalee galii argame irratti raawwatiinsa ni qabaata.

Finfinnee,
Guraandhala 24 Bara 2009
Lammaa Magarsaa
Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa

፫) በዚህ አዋጅ አንቀጽ ፷፱ መሠረት ቀደም ሲል የተደረገ ተቀናሽ፣ወጪ፣ኪሳራ ወይም የማይሰበሰብ እዳ የሚለው አገላለጽ በተሻረው ሕግ መሠረት የተቀነሰን ወጪ፣ ኪሳራ ወይም የማይሰበሰብ ዕዳን ይጨምራል፡፡

፬) በዚህ አዋጅ መሠረት የትርፍ እና ኪሣራ ወይም የገቢ.መግለጫ በፋይናንስ ሪፖርት አዘገጃጀትና አቀራረብ አዋጅ መሠ ረት የሚዘጋጀው የኦሮሚያ የሂሳብ አያያ ዝና ኦዲት ቦርድ በሚያወጣው የጊዜ ሰሌዳ መሠረት ይሆናል፡፡የጊዜ ሰሌዳው ተፈፃሚ እ ስ ከ ሚ ሆ ን ድረስ የተሻረው ሕግ ተፈፃሚነት ይቀጥላል፡፡

፭) ባለሥልጣኑ ይህ አዋጅ በሥራ ላይ ከዋለበት ጊዜ ጀምሮ በአንድ ዓመት ጊዜ ውስ ጥ በዚህ አዋጅ የተደነገገው የግብር ከፋዮች ደረጃ ተፈፃሚ የሚሆንበትን ጊዜ ይወስናል፡፡ ይህ እስከሚወሰን ድረስ የግብር ከፋዮችን ደረጃ በሚመለከት የተሻረው ሕግ ተፈፃሚ ይሆናል፡፡

፮) በተሻሩት ሕጎች መሠረት የወጡ ደንቦች እና መመሪያዎች ከዚህ አዋጅ ጋር እስ ካልተቃረኑ እና በሌሎች ደንቦችና መመሪያዎች እስከሚተኩ ድረስ ተፈፃሚነታቸው ይቀጥላል፡፡

፺፭. አዋጁ የሚፀናበት ቀን

ይህ አዋጅ ከሐምሌ ፩ ቀን ፪ሺ፰ ዓ.ም ጀምሮ በተገኘ ገቢ ላይ ተፈፃሚ ይሆናል፡፡

ፊንፊኔ
የካቲት ፳፬ ቀን ፪ሺ፱
ለማ መገርሳ
የኦሮሚያ ክልላዊ መንግስት ፕሬዝዳንት

3) A reference in Article 69 of thisProclamation to a previously deducted expenditure, loss, or bad debt includesa reference to expenditure, loss, or bad debt deducted under the repealed law.

4) Profit and loss or income statement to be prepared under this proclamation shall be in accordance with the schedule to be set by the Oromiya Audit and Accounting Board. The laws here by repealed shall continue to apply until theschedule becomes operative.

5) The Authority shall determine within one year from theeffective date of this Proclamation, the date from when the Category of taxpayers provided here in shall begin to apply. The repealed law relating to the Category of taxpayersshall continueto apply until that time.

6) Regulations and Directives issued under the Repealed laws shall continue to apply to the extent that they are not inconsistent with this Proclamation and until such time as they are replaced by new Regulations and Directives.

95. Effective Date

This Proclamation shall apply on incomederived as of 8th day of July , 2016.

Finfinne
March 3, 2017
Lema Megersa
President of Oromia Regional State